INSTITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA

SADARKAA EEGUMSI MIRGA SHAMATTOOTAA IRRA JIRU: HAALA QABATAMAA NAANNOO OROMIYAA

Wixinee Duraa

Faasil Saamu'eel

Gulaaltonni:- **Milkii Makuriyaa**

Taaddasaa Nugusee

ILOQHQSO: ADAAMAA

17/08/2008

Contents

BOQONNAA TOKKO 1
Gumee Qorannoo 2
1.1. Seensa 2
1.2. Hima Rakkoo 5
1.3. Gaaffii Qorannoo 6
1.4. Kaayyoo qorannoo: 7
1.5. Mala Qorannoo: 8
1.6. Faayidaa Qorannoo fi Fayyadamtoota Qorannoo 11
BOQONNAA LAMA 12
SAKATTA'A HOG-BARRUU 12
2.1. Maalummaa fi Yaadrimee Eegumsa Shamattootaa 12
2.1.1. Maalummaa: 12
2.1.2. Eegumsa Shamattootaa: 14
2.2. Barbaachisummaa Eegumsa Shamattootaa: 16
2.3. Mirgoota Bu'uuraa Shamattootaa 17
2.4. Furmaata Seeraa Shamattooni Biyya Keenyaa Qaban 25
2.5. Tamsaasaa fi Gatii Meeshaalee Daldalaa 28
2.5.1. Meeshalee daldalaa akka waliigalaatti 28
2.5. 2. Meeshaalee Daldalaa Bu'uuraa 30
2.6. Mirga Shamattootaa Eegsisuu Keessatti Gahee Qaamolee Gara Garaa 32
2.6.1. Gahee Abbaa Taayitaa Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Shamattootaa 34
2.6.2. Aangoo fi Gahee Manneen Murtii Idilee 35
2.6.3. Aangoo fi Gahee Waajjira Haqaa fi Adeemsa Himannaan Itti Dhiyaatu 36
2.6.4. Aangoo fi Gahee Waajjiraalee Poolisii 36
BOQONNAA SADII 39
XIINXALA FI ARGANNOO 39
3.1. Xiinxaala: 40
3.1.1. Hubannoo Ogeeyyii Qaamolee Haqaa 40
3.1.2. Hubannoo Qaamolee dhimmi Ilaalu Biroo: 41

3.1.3. Rakkoowwan Mirga shamataa Eegsisuu wajjiin wal qabatanii jiran**Error! Bookmark not defined.**
3.1.4. Caasaa Mirga Shamattootaa Eegsiisuuf Diriire Ilaalchisee 42
3.1.5. Dhimmoonni Mirga Shammaattootaa Wajjiin Walqabatan Gara Qaama Haqaatti kan Dhiyaatan Ta'uu Isaanii: 45
3.1.6. Seera fi Hojii Irra Oolmaa Isaa: 46
3.1.7. Barbaachisummaa Dhaddacha Bulchiinsaa akka Naannoo Oromiyaatti 48
3.1.8. Hanqinaalee Qaamolee Haqaa Biratti Mul'atan 50
3.1.9. Hariiroo Fi Qiindoomina 52
3.1.10. Raabsaa Meeshaalee Bu'uuraa fi Dhimmoota Waqabatan 54
3.1.11. Waldaalee Shammaattootaa fi Gahee Isaanii 56
3.1.12. Sadarkaa Rakkoowwan Akka Naannoo Oromiyaatti Mul'atan 58
3.2. Argannoo Qorannichaa 58
BOQONNAA AFUR 67
YAADA GUDUUNFAA FI FURMAATAA 67
4.1. YAADA GUDUUNFAA 67
4.2. YAADA FURMAATAA 69
Miiltoowwan i

Hiika Jechoota Gabajee

MDMG Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa

SHH - Seera Hariiroo Hawaasaa

SDFHH- Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa

MMWO- Mana Murtii Waliigala Oromiyaa

BHO- Biiroo Haqaa Oromiyaa

KPO- Komishiinii Poolisii Oromiyaa

RTD- (Real Time Dispatch)

Kwt. Keewwata

DDfi ES Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Shamattootaa

MMA Mana Murtii Aanaa

WHA Waajjira Haqaa Aanaa

WPA Waajjira Poolisii Aanaa

WPG Waajjira Poolisii Godinaa

MMG - Mana Murtii Godinaa

WHG Waajjira Haqaa Godinaa

BOQONNAA TOKKO

Gumee Qorannoo

1.1. Seensa

Jiruuf jireenya hawaasaa keessatti meeshaalee gara garaa bituu fi tajaajila adda addaa argachuun itti fayyadamuun hojii guyyaa guyyaati. Jiraachuuf namni hundi meeshaalee fedhii bu'uura isaa guutaniif irraa kaasee hanga tajaajiloota walxaxaa ta'anitti ni fayyadama. Hawaasnis meeshaalee bituu fi tajaajila argatuuf kaffaltii barbaachisaa ta'e ni raawwata. Baasii baasu kanaaf immoo tajaajilaa fi meeshaa sadarkaa isaa eeggate argachuu qaba.

Guddina teeknolojii, babal'ina induustirii fi sochii diinagdee fi gabaa yeroo ammaa jiru kana wajjiin walqabate omiishni baay'ina qabuufii akaakuu gara garaa kan oomishamuufi fayyadamtootaaf kan dhiyaatu ta'uun isaa kan hubatamu dha. Adeemsa kana keessatti shamattoonni akka fedhii isaanitti akka keessummahanii fi meeshaalee fi tajaajila qulqullina qabuu akkasumas fayyaa fi dantaa isaanii irratti miidhaa hin qaqqabsiisne filatanii bitachuu danda'uu qabu.

Mirga shammattootaa eegsisuuf akkaataa yeroo ammaa jiruun xiyyeeffannaan kennamuu erga jalqabee umurii dheeraa kan laakkofsisee dha jechuun rakkisaa ta'us, biyyootni adda addaa seerota isaanii adda addaa keessatti kallattiinis ta'e alkallattiin tumaalee seeraa mirga shammattootaa guutumaan guututti ta'uu baatus, hanga ta'e eegsisuu danda'aniin fayyadamaa turaniiru. Bifa haaraan mirgaa fi faayidaa shamattootaa eegsiisuufi sirna to'annoo diriisuun adeemsa waggoota jahaataman darban keessatti babal'achaa dhufe ta'uu isaa ilaaluun ni danda'ama. Haasaa beekamaa pirezidantiin Amerikaa Joon F. Kenedii taasisaniin dhimmi shammattootaa dhimma xiyyeeffanaa osoo hin argatin turee fi dinagdee biyyaa fi adeemsa isaa irratti qaamolee shoora guddaa taphatan ta'anii osoo jiranii fedhii fi mirgi isaanii sababa hin eegamniif miidhamaa kan turan ta'uu isaanii caqasaniiru. Haasaan kunis dhimmi eegumsa shamattootaa ifatti akka bahuu fi xiyyeeffannaa guddaa akka argatu gumaacha guddaa kan taasise dha.[1]

[1] www.consumersIntenational.org

Oomishitootaa fi daldaltoota bu'aa argachuu qofa irratti xiyyeeffachuun meeshalee fi tajaajiloota miidhaa gara garaa geessisan dhiyeessuun hawaasa rakkoo adda addaatiif akka hin saaxille tarkaanfiiwwan adda addaa fudhachuun barbaachisaa waan ta'eef biyyoota adda addaa keessatti mootumoonni seerota fi sirnoota adda addaa diriirsuudhaan mirgi shammattootaa akka eegamuu fi akka waliigalatti gabaa tasgabbaa'ee fi fedhii ummata bal'aa giddu galeessa godhatee socho'u akka jiraatu ykn akka uumamu taasisuuf yeroo tattaafatan ni mul'ata.

Adeemsa daldaalaa itti fufiinsaan gaggeeffamu kana keessatti rakkoowwan mul'aniif bifa gara garaatiin furmaata kennaa deemuun dantaa fi fayyuummaa hawaasaa eeguu irra darbee sirni gabaa tasgabbaa'ee fi diinagdee biyyaaf bu'aa guddaa buusuu akka cimuu fi dagaaguu akkasumas itti fufiinsa qabu akka jiraatu kan gargaaru dha. Omishnii meeshaalee fi dhiyeessi tajaajilaa kan dabaluu fi guddinni waliigalaa dhufuu kan danda'u hawaasni ykn qaamni omishaalee fi tajaajila kanneen bitee itti fayyadamu yoo jiraate qofa. Hawaasa kanaaf immoo eegumsa barbaachisu hunda taasisuun dhimma boruuf jedhamuu miti. Akka muuxannoon Biyyoota adda addaa keessattu biyyoota guddina teknolojiitiin sadarkaa ol'aanaa irra gahanitti, dhimmi eegumsa shamattootaa dhimma ijoo siyaasaa, imaammataa fi mirga namoomaa ta'ee haalli itti fudhatame jira.[2] Kunis xiyyeeffannaa guddaa dhimmichi argachuu qabu irra kan ka'e ta'uu isaa hubachuun kan danda'amu dha.

Mirga shamattootaa eegsisuu keessatti sirna gabaa fi haala dhiyeessa meeshaalee fi tajaajila kanneenii fi akkaataa itti oomishaman, faayidaa irra oolanii fi bifa kamiin itti fayyadamuu akka danda'amu irratti hawaasa hubannoo gahaa qabu qabaachuun barbaachisaa dha. Sirni daldalaa fi dhiyeessi meeshalee yeroo irraa gara yerotti wal xaxaa fi babal'achaa kan deemuu akkasumas dabaluu humna bituu hawaasaa wajjiin guddachaa kan dhufe ta'uu isaa irraa kan ka'e dha.

Miseensonni hawaasaa ykn shamattootni adeemsa omishaalee tokkoo tokkoo isaanii hordofanii beekuufi itti fayyadamuu waan hin dandeenyeef mootummaa irraa hojii guddaatu eegama. Gama kanaan mootummaan istaandaardiiwwan gara garaa baasuudhaan seerota mirga shamattootaa eegsisan tumuudhaan, imaammataa fi sirna fayyadama shammattoottaa mirkaneessu diriirsuudhaan miidhaan adda addaa akka isaan irra hin geenye gochuu fi akkasumas miidhaan

[2] The Consumerism and consumer protection policy in the European Community, *Theoretical and applied Economics, volume XVII,(2010),No 4(545). www.consumersinternational.org*

gahee yoo argame immoo qaamni balleesse seeratti dhiyaatee akka adabamuu fi kan miidhames beenyaa (redress) gahaa ta'e akka argatu gochuuf itti gaafatamummaa kan qabu dha.

Biyyoota guddatan keessatti sababa hawaasni shamataa baay'inaan meeshaalee fi tajaajiloota gara garaa bituuf *(existence of strong consumerism*) shamattoonni kan gurmaa'anii socho'anii fi haala gabaa fi gatii akkasumas qulqullina meeshaalee irratti hubannoo gaarii kan qabanii dha. Biyyoota akka keenyaa fi guddachaa jiran keessatti babal'achuu dhabuu dhimmoota kanaa fi humni bituu lammiilee sadarkaa barbaadamuun kan hin guddanne waan tureef (ta'eef) xiyyeeffannaan eegumsa mirgaa fi fedhii shamattootaaf kenname guddaa hin turre.

Yeroo ammaa kana diinagdeen biyya keenyaa guddina agarsiisuu fi oomishni dabalaa dhufuu isaa irraa kan ka'e gaaffiin mirgaa fi fedhii shamattootaa eegsisuu dhimma xiyyeeffannaan ilaalamuu qabu dha. Sirni gabaa ykn diinagdeen sirna gabaa biyya tokkoo haala barbaadamuun kan hin hojjanne *(function)* yoo ta'e shamattootaa fi daldaltoota gidduu garaagarummaan humnaa akka uumamu taasisa.[3] Kun immoo rakkoowwan gara garaa akka uumaman gochuudhaan mirgii fi faayidaan shamattootaa akka miidhamu karaa kan banu dha.

Shamattootaaf eegumsa barbaachisuu gochuuf adeemsa mirgaa fi fedhii shamattootaa kabachiisuu keessatti qaamolee jiran adda baasuu fi maal akka isaan irraa eeggamu hubachuun hanqinaalee jiraachuu danda'an furuufi sirni fooyya'aa ta'e akka jiraatu gochuuf gargaara. Akkasumas rakkoowwan mul'atanis furmaata akka argatanii fi namoonni miidhaan irra gahe immoo mirgi isaanii akka kabajamu gochuuf gargaarsa guddaa ni qabaata. Seeronni jiraniifii hojii irra oolmaan isaanii maal akka fakkaatan ilaaluunis barbaachisaa dha. Qorannoon kunis dhimma kana irratti xiyyeeffachuudhaan akka naannoo Oromiyaatti haala qabatamaa jiruufi adeemsaalee mirga shamattootaa eegsisuuf diriiran, hanqinaalee mul'atanii fi rakkoowwan jiran adda baasuu fi dhimmoota armaan olitti caqasaman galmaan gahuu kaayyeffatee kan gaggeeffamu dha.

[3] *Harris & Carmen, 1983, Mc Gregor, Consumer Interest Reaserch, Primer for Policiy -making* Purposes, winter 2012, *keessatti kan caqasame*

1.2. Hima Rakkoo

Hawaasa shamataadhaaf eegumsa barbaachisu gochuuf sirna bu'a qabeessa ta'e diriirsuun barbaachisaa ta'uun isaa ifa dha. Kallattii kanaan mirgaa fi fedhii shamattoota naannoo keenyaa eegsisuuf qabatamaan maaltu hojjatamaa jira isa jedhu ilaaluun barbaachisaa ta'a. Caasaan dirirree jiru maal akka fakkaatu, adeemsi ykn sirni hordoffii fi komii hawaasa irraa ka'u itti keessummaahu maal akka fakkaatuu fi hawaasa meeshaalee fi tajaajila sadarkaa isaa hin eeggannee fi miidhaa fayyaa fi diinagdee irraa baraaruuf tarkaanfiin fudhatamaa turee fi fudhatamaa jirus maal akka fakkaatu sakkatta'uun faayidaa guddaa kan qabu dha.

Haala qabatamaa naannoo keenyaatti yoo dhufnu hawaasni mirga isaa beekee itti fayyadamuu irratti hubannoon qabu gahaa akka hin taanee fi uwwisnii seeraa jiruu fi hojii irra oolmaa isaatiif caasseffamni diriiree jiru sadarkaa barbaadamu irra akka hin jirre haalli itti ibsame ni jira.[4] Gaheen qaamolee dhimmi ilaaluu sirritti adda bahee beekamuu dhabuun isaa, mirgoota seerota adda addaa keessatti argaman hojii irra akkaataan itti oolan kan ifa ta'ee hin beekamne ta'uu isaa irraa kan ka'e, akkasumas labsii Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Shamattootaa lakk. 813/2006 hojii irra oolchuuf sirni diriree jiru sadarkaa barbaadamu irra gahuu dhabuun mirga shamattootaa eegsisuu wajjiin wal qabatee rakkoowwan adda addaa akka mul'atan taasiseera.[5] Waldaaleen shamattootaas dirqama isaanii bahuu irratti hanqinni guddaan kan isaan irratti mul'atu ta'uun isaa rakkoo bal'inaan mul'atu akka ta'eefi shamattoonni meeshaa fi tajaajila yeroo barbaadanitti akka hin arganne gochaa kan jiru ta'uu isaanii ilaaluun danda'ameera.[6] Kunis shamattootni akka mirga isaanitti hin fayyadamanee fi miidhaa adda addaatiif akka saaxilaman kan godhu ta'uu isaa ifa dha.

Gaheen qaamolee haqaa maal akka ta'ee fi maal akka hojjachaa jiran xiinxaluun mirgaa fi fedhii shamattootaa kabachiisuu keessatti rakkoowwaanii fi hanqinaalee qaamoolee kana biratti mul'atan addaan baasuuf kan gargaaru dha. Keessattuu yeroo ammaa kana yakkoota Labsii Lakk.813/2006 irra darbuun mirgaa fi fayidaa shamattootaa naannoo keenyaa irratti raawwataman eenyutu qorachuu qaba, Abbaa Alangaa isa kamtu himachuu qaba kan jedhuu fi

[4] Obboo Darajjee Kafanii Abbaa Adeemsaa Adeemsa Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa shamattootaa Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa, afgaaffii gaafa 20/01/08 gaggeeffame.
[5] akkuma olii,
[6] akkuma olii, Odeeffannoo BDMGOtti adeemsa DD fi ES irraa argame, Asraat Tolchaa a/alangaa, Biiroo Haqaa Oromiyaa, afgaaffii 19/01/08 gaggeeffame.

mana murtii kamitti ilaallamuu qaba kan jedhu irratti qaamolee haqaa biratti dhimma rakkoo guddaa ta'ee jiru waan ta'eef qorannoodhaan addaan baasuun kallaattii furmaataa kaa'uun barbaachisaadha. Akkasumas, qaawwaa seerri mirgaa fi fayidaa shamattootaa eegsisuuf mootummaa Federaalaatiin bahe (Labsii lakk.813/2006) qabu xinxaluun yaada furmaataa dhiheessuun dhimma murteessaa ta'e dha. Dhimmoota kanneen irratti qorannoon gahaan kan hin gaggeeffamneefi akka naannoo Oromiyaatti mirgaa fi faayidaa shamattootaa kabachiisuu ilaalchisee haalli qabatamaan jiru maal akka fakkaatuu waan adda hin baanee fi akkasumas hawaasnis mirgaa fi dirqama isaa beekee itti fayyadamuu irratti sadarkaa maal irra akka gahe beekuun daran barbaachisaa waan ta'eef qorannoo kana geggeessuun faayida qabessaa dha. Dabalataan qaamolee haqaa gidduu wal-dubbisuu fi wal-hubachuu dhabuun, akkasumas dhimma shamattootaa ofitti fudhatanii keessummeessuun walqabtees qaawwi guddaan kan jiru yoo ta'u[7], akka waliigalatti rakkoowwan mul'tan kanneen sirnaan qorachuu fi madda rakkoowwan kanneenii adda baasuun mirga shamattootaa eegsisuuf hojii hojjatamu galmaan gahuuf faayidaa guddaa qabaata.

1.3. Gaaffii Qorannoo

Sirna gabaa bilisaa keessatti mootummaan wantoota hawaasni barbaadu hunda dhiyeeessuu ykn hojiiwwan hunda keessa lixuun furmaata kennuu hin danda'u. Haata'uu malee dhimmoota hawaasa shamataa, mirgaa fi fedhii isaa eeegsisuuf mootummaan seera barbaachisaa ta'ee baasuu fi sirna caasaa seerota kanniin hojii irra oolchu diriirsuun dirqama isaati. Yaadrimee eegumsa shamattootaa fi barbaachisummaa isaa irraa ka'uudhaan sadarkaa naannoo Oromiyaatti mirgaa fi fedhii shamattootaa eegsisuuf maaltu hojjatamaa jira kan jedhuu fi mirgii fi faayidaan shamattootaa sarbamanii yoo argamanis bifa kamiin deebii argatu isa jedhu deebisuun dhimma ijoo qorannoo kanaati. Haaluma kanaan yaada armaan olitti caqasame kanaaf akka deebii laachuuf gargaaru gaaffiiwwan qorannoo armaan gadii deebisuuf kan hojjatamu ta'a.

1. Mirga shamattootaa eegsisuuf caasaan diriiree hangam gahaa dha? Mirga shamattootaa eegsisuuf dandeechisaa? Qabatamaan hangam eegsisaa jira? hanqinni gama kanaan jiru maali?

[7] akkuma olii, Asraat Tolchaa a/alangaa, Biiroo Haqaa Oromiyaa, afgaaffii 19/01/08 gaggeeffame.

2. Mirgoota shamattootaa Labsii DD fi ES hojitti hiikuun walqabatee rakkoon jiru maali? Sadarkaan mirgootni shamattootaa itti kabajamaa jiran maal fakkaata?

3. Eegumsa mirga shamattootaa keessatti gaheen qaamolee haqaa maali ? Hangam gahee isaanii bahachaa jiru?

4. Kutannoo fi qophii qaamolee gara garaa mirga shamattootaa eegsisuu keessatti hirmaatanii fi qiindomini isaanii sadarkaa maal irra jira?

1.4. Kaayyoo qorannoo:

Qorannoon kun dhimmoota eegumsa mirga shamattoota naannoo Oromiyaa keessatti argaman irratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffamu dha. Kana gochuu keessattis kaayyoon armaan gaditti kaa'aman galmaan gahuuf kan hojjatamuu dha.

Kaayyoo gooroo:

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa sadarkaa eegumsi mirga shamattootaa naannoo Oromiyaatti irra jiru maal akka fakkaatu qorannoodhaaan adda baasuu fi furmaata agarsiisuu dha. Inni kunis haala qabatamaa jiru agarsiisuu fi rakkoowwan mul'atan maal fa'a akka ta'an hubachuu kan dandeechisu dha.

Kaayyoo gooree:

- Gosootni mirgoota shamattootaa irra caalaa cabanii fi sadarkaa rakkoon mirgoota shamattootaa kannen irra gahan irra jiru adda baasuu
- Mirga eegumsa shamattootaa wajjiin wal qabatee hanqinaalee/rakkoowwan jiran adda baasuun agarsiisuu fi yaada furmaataa dhiyeessuu.
- Bu'uurri fi uwwisni seeraa jiru gahaa ta'uu fi dhabuu isaa sakatta'uu,
- Caasaan mirga shamattootaa eegsisuuf diriire gahaa fi gahaa ta'uu dhabuu agarsiisuu,
- Yakkootaa fi balleessaawwan adda addaa shamattoota irratti raawwataman haala kamiin keessummaa'aa jiru kan jedhuufi eenyutis ilaaluu qaba kan jedhu adda baasuudhaan kallattii furmaataa kan kaa'uu ta'a.

1.5. Mala Qorannoo:

Qorannoon kun maloota qorannoo ijoo laman akkamtaa fi hammamtaatti fayydamuudhaan kan gaggeeffame dha. Maloota kanneen lamaanitti fayyadamuun gaaffilee qorannoo kanaa deebisuuf adeemsa daataa sassaabuu fi xiinxaluu bu'a qabeessa gochuufi uumama qoranichaa irraa kan ka'e kan filatame dha. Mala akkamtaa (*qualitative method)* fayyadamuun seerotaa fi hojii irra oolmaa isaanii wajjiin wal qabate haala jiru gadi fageenyaan xiinxaluu ni dandeechisa. Akkasumas caasaan diriire hangam mirga shamattootaa eegsisuu dandeechisa isa jedhu ilaaluufis barbaachisaa ta'a. Dabalataanis eegumsa mirga shamattootaa wajjiin wal qabatee dhimmoota jiran adda baasuu fi hanqinaaleen jiran maal fa'a akka ta'an agarsiisuuf malli qorannoo akkamtaa hojii irra oolee jira. Malli hammamtaa immoo daataa qorannoo bifa lakkoofsaan argamuu fi ibsamu kan qaamolee gara garaa irraa sassaabamu bifa gaaffii qorannoo kanaatiif deebii kennuu dandeechisuun xiinxaluuf kan fayyadu ta'a.

Odeeffannoo bifa afgaaffii fi bargaaffiin sassaabamuun dabalataan seerota rogummaa qaban keessattuu Labsii Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa shamattootaa lakk.813/2006 sakkatta'amaniiru. Seeronni biroo mirga shamattootaa wajjiin walitti hidhamiinsa qaban keessattuu SHH fi Seerri Yakkaa biyyaa keenyaa qorannoo kanaaf galtee ta'aniiru. Barreeffamootaa fi kitaabota gara garaa dhimma eegumsa mirga shamattootaa irratti xiyyeeffatan kan sakkatta'amanii fi bu'a qabeessummaa qorannoo kanaatiif akka fayyadan taasifamaniiru.

Gosa Daataa fi Qaamolee Irraa Sassaabame

Qaamolee daataan irraa sassaabame ilaalchisee manneen murtii, waajjiraaleen haqaa, waldaaleen shamattootaa fi Biirooleen adda addaa sadarkaa naannoo fi Federaalaatti argaman irraa daataan sassaabameera. MMWO, BHO, KPO, Biroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaatti Adeemsa DD fi Eegumsa Shamattootaa, Ejensii Babal'ina Waldaalee Hojii Gamtaa Oromiyaa sadarkaa naannootti Manneen Murtii Godinaa fi aanaalee filatamanii akkasumas waajjiiraalee Haqaa fi Poolisii sadarkaa godinaa fi aanatti argamanii fi Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa jalatti adeemsaaleen eegumsa shamattootaa sadarkaa aanaafi godinatti argaman maddoota daataa ijoo ta'aniiru. Dabalataanis galmeewwan adda addaa qaamolee haqaa biratti dhiyaatanii ilaalamaa turanii fi gabaasni qaamolee gara garaan dhiyaatuu fi rogummaa qabu galtee qorannoo kanaa ta'uu danda'an sassaabamaniiru. Sadarkaa Federaalaatti Ministeera Daldalaa, Ejensii

Sadarkaawwan Itoophiyaa, Abbaa Taayitaa Eegumsa Shamattootaa fi To'annoo Daldalaa Federaalaa irraa ragaaleen ilaalamaniru.

Hanga Daataa Sassaabamee fi Iddoo Irraa Sassaabame:

Daataa qorannoo kanaaf barbaachisu sassaabuuf Godinaalee naannoo Oromiyaa keessaa ja'a (6) kan filataman yoo ta'u inni kunis taa'umsa naannoo isaanii fi fageenya giddu gala irraa qaban akkasumas sochii daldalaa fi diinagdee isaanii bu'ureeffachuun kan filatamanii dha. Dabalataan sochii daldalaa sadarkaa gara garaa qabaachuu isaanii bu'ureeffachuun kan filataman yoo ta'u, Godinaaleen kunnenis Shawaa Bahaa, Arsii, Jimmaa, Shawaa Lixaa, fi Shawaa kaabaa, Godina Addaa Naannawa Finfinnee yoo ta'an daataan sadarkaa Federaalaa fi Biiroolee Oromiyaa immoo magaalaa Finfinnee irraa sassaabameera.

Godinaalee Shawaa Bahaa, Arsii fi Shawaa Lixaa keessaa aanaaleen lama lama fi godinaalee Godina Jimmaa, Shawaa kaabaa Godina addaa Oromiyaa naannawa Finfinnee irraa aanaawwan magaalota gurguddoo ta'an tokko tokko filatamaniru. Aanaalee kanneen keessattis Maanneen Murtii, Waajiraalee haqaa fi poolisii, Sadarkaa aanaatti waajjiraalee poliisii fi haqaa magaalaa irraa akkasumas waldaalee shamattootaa fi Waajjira Daldalaa fi Misooma Gabaa jalatti adeemsa eegumsa shamattootaa fi waajjira babal'ina waldaalee Hojii Gamtaa irraa irraa daataan sassaabameera.

Gabatee Hanga daataa karoorfamee fi Sassaabame agarsiisu

Gosa daataa	**kan karoorfame**	**kan funaaname**	**%**
Afgaaffii	129 (117)	105	90
Bargaaffii:-	167	150.....	89.8
Galmee: -	40	40+.....	100+
Dookumentoota adda addaa-: Qaamolee funaanuuf karoorfame hundaa fi dabalataanis kan funaaname dha. (+100%)			
HUB. Lakkoofsii daataa afgaaffii qaamolee adda addaa irraa sassaabuuf karoorfame hunda irraa kan funaaname dha. Haata'uu malee Koree Gabaa Tasgabbeessuu jedhamee kan karoorfame (nama 12) Iddoo hundatti koreen kun idilaayee kan hojjachaa hin jirree waan ta'eef qaamolee miseensa korichaa ta'an irraa (Abbaa alangaa fi qajeelcha poolisii irraa) daataan sassaabameera. Dabalataan BDMGO jalatti caasaan jiru sirnaan kan diriiree jiru waan hin taaneef ogeeyyi lama lama jedhamee bifa karoorfameen osoo hin taanee nama tokko irraa odeeeffannoon haalli itti sassaabame jira. Kunis lakkoofsi namootaa gadi bu'us daataan barbaadamu argamuu isaa ibsuu barbaada. Dabalataan sadarkaa Federaalaatti abbaan Taayitaa Sadarkaawwan Itoophiyaa dhimma nuti gaafanne irratti odeeffannoo gahaa kennuuf akka rakkatan ibsuun aangoon to'achuu gara Ministeera daladalaatti darbuu isaa hubachiisaniiru. Waajjira DMG aanaalee ogeeyyii hin qabne biratti bifa marii gareetiin daataa funaanuuf yaalamee jira.			

Mala Xiinxala Qorannoo:

Qorannoo kana xiinxaluuf maloota qorannoo akkamtaa fi hammamtaatti fayyadamuudhaan odeeffannoo fi daataa argame irratti hundaa'uunii fi muuxannoo biyyoota biroo fi haala qabatamaa naannoo keenyaa fi seerota jiran, hojii irra oolmaa isaanii fi gahee qaamoleen adda addaa dhimmi ilaalu qabanii fi qabatamaan raawwachaa jiran walbira qabuudhaan xiinxaluun gaaffiiwwan qorannichaatiff deebii kennuuf yaalameera.

1.6. Faayidaa Qorannoo fi Fayyadamtoota Qorannoo

Qorannoon kanaan rakkoowwanii fi hanqinaaleen mirga shammattootaa eegsisuu wajjiin wal qabatanii jiran adda bahanii beekamaniiru . Kunis yaada furmaataa akeekamuuf ka'uumsa waan ta'eef rakkoowan jiran furuuf yookaan salphisuuf gargaarsa guddaa ni taasisa.

Dhimmi eegumsa shamattootaa dhimma hawaasa bal'aa ta'uu isaa irraa kan ka'ee argannoo fi yaada furmaataa qorannoo kana irraa hawaasni shamataan fayyadamaa isa duraa ta'a. Qaamoleen mootummaa biroo keessattuu mirgaa fi faayidaa shamattootaa eegsiisuuf hojjatan fayyadamtoota ni ta'u isaanis qaamoleen haqaa akka waliigalatti caqasuun kan danda'amu yoo ta'u, Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa jalatti dameen eegumsa shamattootaa irratti hojjattu fayyadamaa ni ta'u.

Insitiitiyuutiin Leenjii Ogeessota qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa leenjiifi barreeffammoota adda addaatiif galtee akka ta'u goochuun itti fayyaddamu ni danda'a. Dabalataan ogeeyyii biroo dhimma eegumsa mirga shamattootaa irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka madda odeeffannotti kan tajaajiluu fi akkasumas namoota dhimma kana irratti hubannoo argachuu fedhanis dubbisuun irraa fayyadamuu ni danda'u

Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuu wajjiin walqabatee rakkoowwan gara garaa qorataa kana kan muudatan yoo ta'u, isaanis akka waliigalatti qulqullina qorannichaa irratti dhibbaa mataa isaanii akka qabaatan ni amanama. Rakkoon dhimma gaaffii mirgaa ummataa wajjiin walqabatee akka naannoo Oromiyaatti sochii tureen qaamolee haqaa irraa odeeffannoo fi daataa gahaa argachuun rakkisaa tureera. Qorannicha yeroon xumuruufi tasgabbiin hojjachuu irrattis dhiibbaa guddaa fidee jira. Akkasumas dhimmi mirga shamttootaa bal'inaan kan irratti hin hojjatamne ta'uu isaa irraa kan ka'e aanaalee tokko tokko irraa daataan barbaadamu hin argamne. Dabalataan rakkoo

baajataa wajjiin walqabatee muuxannoo naannoowwan biroo karoorfamee ture qorannoo kana keessatti hammachiisuun hin danda'amne.

BOQONNAA LAMA

SAKATTA'A HOG-BARRUU

2.1. Maalummaa fi Yaadrimee Eegumsa Shamattootaa

2.1.1. Maalummaa:

Waa'ee mirgaa fi eegumsa shammattootaa yeroo haasofnu qaamni 'shamataa' jedhamee qofaatti adda bahee beekamu akka jiru nutti agarsiisa.[8] Kanaafu shamataan eenyu akka ta'e adda baasuun dhimma ijoo fi baay'ee barbaachisaa ta'e dha. Hiikkoon akka waligalaatti fudhatamee fi maalummaa shamataa ibsu hin jiru. Haata'uu malee barreeffamoota, seerotaa fi qajeelfamoota adda addaa keessatti akkaataa dhimma itti ka'an fayyaduuf gargaaruun hiikkoon kennameefi ni mul'ata.

Akka ka'uumsatti jecha shamataa jedhu yoo ilaallu nama meeshaa yookaan tajaajila bitu ergaa jedhu dabarsa. Hiikkaa jechaa kuusaa jechootaa keessatti kennameef irraa yoo kaanu kitaabni bekamaan Blaaks Loow jecha shamataa *'consumer'* jedhu 'nama meeshaa ykn tajaajila faayidaa dhunfaa, maatii ykn mana keessatti itti fayyadamuuf kan bituu fi kaayyoo deebisee gurguruu kan hin qabne; nama uumamaa oomishaalee gocha daldalaaf osoo hin taane dhunfaaf kan fayyadamu' jechuun hiika.[9]

Ibsa kanaan meeshaaleen faayidaa dhunfaaf olanii fi namni bite ykn tajaajila argate sun ofii isaatiif ykn miseensota maatii isaatii akka fayyadu malee bu'aa irraa argachuuf ykn deebisee gurguruuf yoo hin taane qofa akka shamataatti kan ilaalamu akka ta'e agarsiisa.

Seerota biyyoota adda addaa keessatti bifa itti hiikame yoo ilaallu, fakkeenyaaf biyya Indiyaa keessatti jecha shamataa jedhu bittaa meeshaaleeti fi tajaajilaaf iddoo lamatti hiramee kan ibsame dha. Akka tumaa kanaatti shamataa jechuun meeshaaleef, 1ffaa meeshaa ta'e tokko kafalee kan

[8] Peter Cartwrite, Consumer Protection and Criminal Law, Law Theory, and Policy in The UK, 2001, Cambridge University Press, Pdf

[9] A person who buys goods or services for personal, family, or household use, with no intention of resale; a natural person who uses products for personal rather than business purpose. Black's Law Dictionary: Bryan A. Garner, Black's Law Dictionary, (9th ed), 2009.

bitatuu fi 2ffaa nama meeshaa kanatti fayyadamu fi eeyyama nama bite sanaa qabu kamiyyuu kan agarsisuu yoo ta'u shamataa jedhamuuf dabalataan meeshaa bitame sana deebisanii gurguruuf ykn dhimma daldalaa kamiifuu akka itti fayyadamuun hin danda'amne ibsa.

Tajaajila wajjiin walqabtees hikkaan shamataa haala itti ibsame yoo ilaallu bittaa tajaajilaaf*, (1)* nama tajaajila argachuuf kaffaltii raawwate fi *(2)* nama tajaajila sanatti eeyyama nama kafale sanaan fayyadamu kamiyyuu akka ta'e agarsiisa.[10]

Seerri biyya UK bifuma wal fakkaatuun bittaa tajaajilaa fi meeshaa kan kophaatti kaa'e yoo ta'u dabalataan tajaajila turtii '*accomodation*' kan jedhus hammatee jira. Akka ibsa seera kanaatti shamataa jechuun

a) meeshaa '*goods'* wajjiin wal qabatee namni kamiyyuu meeshaan faayidaa isaa dhunfaaf oolu akka dhiyaatuuf barbaadu

b) tajaajila ykn *'facility'* walqabatee namni kamiyyuu tajaajillii fi 'facility' akka dhiyaatuuf barbaaduu fi dhimma (faayidaa) daldalaatiif kan hin taane

c) turtii '*accomodation'* wajjiin walqabatee namni kamiyyuu iddoo turtii tokko qabachuu *(occupy)* barbaaduu fi dhimma(faayidaa) daldalaaf kan hin taane bifa jedhuun tarressee jira. [11]

Akkaataa yaadrimeen shamataa biyya keenya keessatti itti hubatamu immoo ilaaluuf seeroota dhimma kana irratti xiyyeeffatan sakkatta'uun barbaachisaa ta'a. Bu'uura labsii Dorgommii Daldalaafi Eegumsa Shamattootaa Federaalaa lakk. 813/2006 kwt. 2/4/ jalatti jecha shamataa jedhu nama uumamaa ofii isaati kafalee ykn namni biraa kafaleefi omishaaf fi deebisee gurguruuf osoo hin taane fayidaa dhunfaa isaatiif ykn maatii isaatiif meeshaa ykn tajaajila kan bitu jechuu dha bifa jedhuun ibsa. Haaluma wal fakkaatuun Qajeelfamni Raabsa Meeshaalee Bu'uraa lakk.001/2004 kwt. 3/7/ jalatti jecha shamataa jedhu nama uumamaa meeshaalee nyaataa bu'uraa qajeelfamichaatiin rabsaman fayidaa ofii isaatiif ykn fayidaa maatii isaatiif kan bitudha jechuun hiikee jira.

Hiikkoo maalummaa jecha shamataa jedhu akkaataa seera biyya keenyaattiin yoo ilaallu shamataa jedhamee namni tokko seeraan eegumsa argachuuf ulaagaawwan ka'aaman hunda

[10] Consumer Protection Act 1986, India
[11] Consumer Protection Act 1987, s.20(6) UK

guutu qaba jechuu dha. Kunis nama uumamaa ta'uu akka ulaagaa jalqabaatti kan kaa'u yoo ta'u qaamoleen beekamtii namummaa seeraa qaban as jalatti kan hin hammatamne ta'a. Dabalataan namni uumamaa meeshaa sana bite ofii isaatii ykn miseensonni maatii itti fayyadamuu qaba. Kana jechuun immoo meeshaan bitame sun faayidaa biraa fkn galtee omisha biroo ykn gocha daldalaaf ooluu hin qabu jechuu dha. Uwwisa seera kanatti fayyadamuuf namni shamataa jedhamee seeraan uwwisa argate gatii oomishaa fi tajaajilaa ofii isaatii kafaluun isaa dirqaama miti.

Bu'uura seerota akka fakkeenyatti armaan olitti ilaalle kan Indiyaa fi UK 'nama uumamaa' jedhu kan hin fayyadamnee fi' nama kamiyyuu' jechuun kan ibsan yoo ta'u, seera biyya Indiyaa jalatti immoo namni fayyadamu *nama kamiyyuu meeshaa ykn tajaajila sanatti fayyadamuu fi eeyyama nama kaffaltii raawwate sanaa qabu* bifa jedhuun kaa'ameera. Kunis ulaagaa miseensa maatii jedhutti akka hin fayyadamne taasiseera. Seera Biyya UK jalatti immoo faayidaa dhunfaa *(private use or Consumption*) bifa jedhuun kaa'ameera.

Biyyootni tokko tokkos shamataa jecha jedhu hiikuurra meeshaa yookin tajaajila shamataaf qophaa'an (consumer goods and services) gaalee jedhu hiikuu yeroo filatan ni mul'ata. Fakkeenyaaf seerri biyya Neeppal shamataa jecha jedhu ‘‘an individual or institution consuming or using any consumer good or service’’ jechuun kan ibse yoo ta'u, meeshaa yookin tajaajila shamataaf qophaa'an *(consumer good or service)* gaalee jedhu ‘‘materials made through the mixture of several goods’’ jechuun hiikeera. Akka hiikkaa kanaatti shamataan nama uumamaa yookin dhaabbata kamiyyuu kan dabalatu yoo ta'u, meeshaalee dheedhii, halluuwwan, keemikaalotaa fi kkf oomisha keessatti warshaaleen gabaa irraa bitanii fayyadaman kan dabalatu dha.[12] Labsiin Hojimaata daldalaa Itoophiyaa Lab.lakk. 329/2003 yeroo ammaa haqamee jirus nama kamiyyuu (nama nam-tolchee fi nama uumamaa) dhuunfaadhaan itti fayyadamuudhaaf bitu jechuun hiikeera.

2.1.2. Eegumsa Shamattootaa:

Dhimmi eegumsa shamattootaa yeroo ammaa bal'inaan haa ka'uu malee seenaa keessatti waggoota kumaatamaan dura kan itti hojjatamaa turee dha. Seeronni mirga shamattootaa

[12] Alexande J. Kububa, *(as quoted in*), Moojulii Leenjii Institiyutii Leenjii ogeessota Qaamolee Haqaa Fi Qorannoo Seeraa Oromiyaatiin Qohaa'e Keessatti kan caqasame qopheessan Milkii Makuriyaa

eegsisuuf jaarraa hedduuf hojii irra oolaa turaniiru.[13] Kitaabaa Qulqulluu fi barreeffamoota Hamuraabii keessatti waa'ee nyaata qulqullina hin qabne ilaalchisee qajeelfamni kan jiru ta'uu isaa fi jaarraa 15 fi 16ffaa keessatti biyya Oostiriyaa keessatti aannan qulqullina hin qabne namoonni gurguran aannan sana akka dhugan kan dirqaman yoo ta'u biyya Faransaay keessatti immoo namni hanqaaquu bitee fi kan tortore yoo ta'e nama gurgureef irratti darbuu akka danda'u ni eeyyamama ture.[14]

Yaadrimeen eegumsa shamattootaa eegumsa mirga, faayidaa fi fedhii shamattootaaf taasifamu ilaala. Kana jechuunis tarkaanfiiwwan gara garaa mirga fayyadamtootaa eegsisuuf fudhatamaniifii yeroo mirgoonni kunneen sarbamanis midhaa gaheef beenyaan madalawaan *'redress'* akka gochuun danda'amu hojiiwwan hojjataman kan agarsiisuu dha. Eegumsi kun immoo barbaachisaa kan ta'e shamattoonnni ykn fayyadamtoonni of eeggannoo hunda taasisuuf dandeetti waan hin qabneefi. Kunis hubannoo gahaa dhabuu fi akkasumas mirga isaanii beekanis akkamitti akka itti fayyadaman beekuu dhabuu irraa kan maddu ta'a.

Akka waliigalatti eegumsa shamattootaa yeroo jennu shammattootaa fi fayyadamtoota gocha hamaa daldaltootaa fi oomishtootaa irraa eeguu jechuudha. Gochonni shamattoota miidhuu danda'an kunneenis meeshaalee jijjirruu (meeshaa tokko irratti oomisha sadarkaa isaa hin eegganne itti makuudhaan jijjiiruu), meeshaa ta'e fakkeessanii gatii xiqqaan gurguruu, meeshaalee sadarkaa barbaadamuun gadi ta'an gurguruu, meeshaalee fakkaatanii oomishaman gurguruu, safartuu sirrii hin taanetti fayyadamu, kuusuu fi dhoksaadhaan gurguruu, gatii baay'ee olaanaa ta'een gurguruu, meeshaa hanqina ykn hirrina qabu dhiyeessuu, beeksisa dongoggoraa tamsaasuu, tajaajila gadi'aanaa fi irratti walii galameen gadii dhiyeessuu dabalata.[15]

Mirgaa fi fedhii shamattootaa eegsisuuf akka qaama itti gaafatamummaa isa guddaa qabutti mootummaan imaamata bal'aa diriirsuudhaan maloota gara garaatti kan akka imaammata waldorgommii gabaa, seerota odeeffannoo omishaalee fi tajaajila jiraachuu dirqama taasisan baasuu, beeksisaafi sirna gabaa irratti daangaa seeraa kaa'uu, shamattoota barsiisuu, odeeffannoo

[13] Miiljalee lakk.8
[14] The Consumerism and Consumer Protection Policies in the European Community, Theoretical and Applied Economics, Volume XVII (2010), No. 4(545), pp. 19-34.
[15] http:// numerons.files. wordpress.com/2012/04/2consumer-protection.pdf

gahaa kennuu, fi dhaabbilee mirga shamattootaa eegsisuuf hojjatan tumsuun kan caqasamuu danda'anii dha. [16]

Dabalataan mirga shamattootaa eegsisuuf gochoota dabalataa kan akka sochii mirga shamattoota (*consumer activism),* shamattootaa hubannoo qabanii fi mirga shamataa irratti baruumsa gahaa qabanii fi mirga isaaniitiif dhaabbatan horachuun mirkanaa'uu ni danda'a.[17]

2.2. Barbaachisummaa Eegumsa Shamattootaa:

Kaayyoon ijoon deemsa mirga shamattootaa eegsisuu inni duraa sirna bulchiinsaa fi seeraa mijataa diriirsuufi shamattootaaf dhaqqabamaa taasisuun shamatoonni mootummaa fi dhaabbilee mitmootummaa wajjiin hariiroo gaarii akka qabaatan fi mirgii fi nageenyi isaanii akka eegamuu fi beekamu gochuu, Miseensotaa kutaa hawaasaa gara garaa kakaasuu fi hirmaachisuun waldaalee shamattootaa dubartoonnii fi dargaggeeyyiin akka hirmaatan gochuu, Shamattootni mirgaa fi itti gaafatamummaa isaanii akka hubatan gochuu, meeshaalee fi tajaajiloota sadarkaa isaani hin eegganetti fayyadamuun mirga isaaniitti osoo hin fayyadamin akka hin hafne gochuu fi miidhaa isaan irra gaheef akka barbaachisummaa isaatti beenyaa *'redressal'* gaafachuu akka danda'an taasisuufi akkasumas shamattoota wa'ee mirgaa fi itti gaafatamummaa hawaasaa qaban irratti baruumsa kennuu kan hammatu dha. [18]

Eegumsa shamattootaaf taasifamu baay'ee barbaachisaa akka ta'u dhimmoota taasisan keessaa inni jalqabaa garaagarummaa humna diinagdee omishotoota ykn daldaltootaa fi shamattoota gidduu jiru dha. Biyya keenya dabalatee biyyoota guddachaa jiran keessatti shamattootaa fi daldaltoota jidduu garaagarummaan bal'aa ta'e akka jiru ni beekama. Yeroo hedduu, shamattootni daldaltootarra hanqina hubannoo wayitaawaa qabu. Humni (dandeettii) diinagdee fi amansiisuu (*economic and bargaining power)* isaan qaban laafaa dha. Inni kunis miidhaan akka isaan irra gahu kan taasisu waan ta'eef daldaltootaafi omishtootaaf dabarsee isaan kenna.

Garaa garummaan bal'aan jiru kun madaalawaa akka ta'u hanga hin godhamnetti daldaltootni olaantummaa gama kanaan qaban bifa shamataa miidhuu danda'uun itti gargaaramuu danda'u.

[16]Mc Gregor, Consumer Interest Reaserch, Primer for Policiy -making Purposes, winter 2012 (pdf).

[17]Akkuma olii Miiljalee lakk 16

[18] Consumers International/aboutus

Kunis gatii hin malle kanfalchiisuun, oomisha qulqullina hin qabne gabaaf dhiyeessuun ta'uu danda'a. Kaayyoon mootummaaleen sirna eegumsa shamattootaa akka diriirsan barbaachiseefis garaagarummaa akka armaan oliitti ibsame qaamolee lameen kanneen jidduutti uumamu hambisuu fi madaalawaa akka ta'u gochuufi dha.[19]

Barbaachisummaan inni biraa meeshaa fi tajaajilli fayyaa fi nageenya shamattootaa irratti rakkoo fidu to'achuu yoo ta'u kanas gochuun kan danda'amu gochaa daldaltoota meeshaa kanneen dhiyeessanii itti gaafatamummaa akka hordofsiisu taasisuuni dha.[20]

Sirni eegumsa shamattootaa jiraachuu isaa wantoota barbaachisaa taasisan keessaa inni kan biraa guddina diinagdee saffisiisuu dha. Eegumsi shamattootaa oomishni fooyya'aa ta'e, gatii dorgomaadhaan gabaaf akka dhiyaatu godha. Kun immoo oomishni oomishamu qorannoo fi kalaqummaadhaan akka deeggaramu dirqisiisa. Kanaaf eegumsi shamattootaa hojimaatni gabaa haqa-qabeessa ta'e akka uumamu taasisuun guddina diinagdee ni ariifachiisa.

Akkasumas seeronni biroon keessattu seeronni akka seera waliigaltee, seera itti gaafatamummaa waliigalteen alaa, seera yakkaa fi seera daldalaa haala barbaadamuufi gahaa jedhamuun mirga shamattootaa eegsisuu waan hin dandeenyeefi. Kunis mirgaa fi faayidaa shamattootaa eegsisuuf xiyyeeffannaan kennamu akka dabaluu fi seerri dhimma kana hoogganu jiraachuun isaa akka dirqama ta'u taasiseera.

2.3. Mirgoota Bu'uuraa Shamattootaa

Mirgaa fi dirqama shamattootaa wajjiin wal qabatee sadarkaa idil addunyaatti qajeelfamni Mootummoota Gamtoomanii kan bara 1985 bahee fi 1999 irra deebiin fooyya'e fi dhaabbata *Consumers International* tattaaffii cimaa taasiseen kan fudhatama argate isa tokko dha. Bu'uura qajeelfama kanaan shamattootni mirgoota gara garaa kan qaban tauu isaanii kan agarsiise yoo ta'u, mootummoonnis mirgoota kanneen kabachiisuufi fayyummaa lammiilee isaani eegsisuuf tarkaanfii akka fudhatan kan kakaasuu fi kan gorsu dha. Qajeelfamichi keessattu shamattootaa

[19] Dessalegn Adera, The Legal and Institutional Framework for Consumer Protection in Ethiopia, Research paper submitted in Partial Fulfillment of the Requirements for the Master of Laws Degree at the School of Law, Addis Ababa University, 2011: 43

[20] Dessalegn Adera, miiljalee lakk. 15

biyyoota guddachaa jiran keessatti argamaniif eegumsa barbaachisu gochuuf xiyyeeffannaan guddaan akka kenname kaayyoo isaa keessatti ni ibsa.[21]

Dhimmoota ijoo qajeelfama kana keessatti teechifaman keessaa shamattoota miidhaa fayyaa fi nageenyummaa isaan irra gahuu irraa eeguu, fedhii diinagdee shamattootaa beekamtii akka argatu gochuu fi eegsisuu, shamattootni akkattaa fedhii isaanitti fi filannoo dhunfaa isaanitti akka murtee dabarsuu danda'an odeeffannoo gahaa argachuu, baruumsa shamattootaa argachuu akkasumas filannoon isaanii naannoo uumamaa, hawaasummaa, fi diinagdee irratti dhiibbaa qabaatu irratti baruumsa argachuu, miidhaa isaan irra gahuuf sirni beenyaa gahaa itti argatan akka jiraatu gochuu, waldaalee shamattootaa fi gareewwan ykn dhaabbilee mirga isaaniitiif falman ykn dhaabbatan hundeeffachuu akka danda'an, adeemsi hariroon shamattootaafii dhiyeessitoota gidduu jiru akka tasgabbaa'ee itti fufu gochuu kan jedhani dha.[22]

Yaadrimeewwan qajeelfama kana keessatti ka'aaman kunneenii fi kaayyoon qajeelfamicha kana keessatti tarreefaman yoo ilaallu dhimma mirgoota namaa wajjiin walitti hidhamiinsa kan qabanii fi ka'uumsi isaaniis mirga namoomaa irraa akka ta'an ilaaluun ni dand'ama. Akka fakkeenyaatti mirga miidhaa irra gaheef beenyaa gahaa argachuu jedhuufi bilisummaa waldaa shamattootaa hundeessuu ykn mirga gurmaa'uu yoo ilaallu walduraa duubaan mirga haqa argachuu fi mirga bilisummaa siyaasaa qabaachuu lammiilee callaqqisuu danda'u.

Biyyoonni baay'een qajeelfamicha fudhatanii hojii irra oolchaa akka jiran gabaasni Mootumma walta'anii ni agarsiisa. Biyyooni baay'een heera mootummaa isaanii keessatti akka hammatamu gochuu isaanii akka fakkeenyaatti caqasuun ni danda'ama. Fakkenyaaf Gamtaa Awuroppaa (EU), Ijiipt, Meeksikoo, Peeruu, Poolaandii fi Swiizerland caqasuun ni dand'ama. [23]Heerri biyya Keeniyaa bara 2010 A.L.A. bahes mirga shamattootaa mirga bu'uuraa lammiilee '*fundamental right* ' gochuun tumeera.[24] Qaamni abbaa seerummaa biyya Meeksikoo eegumsi mirga shamattoota mirga namoomaa akka ta'e tumsuun murtee dabarseera.[25] Kunis bu'aa qajeelfamichi argamsiisee kan agarsiisuu fi dhimmi eegumsa shamattootaa sadarkaa idil addunyaatti

[21] UN Guidelines for Consumer Protection(as expanded in 1999), United Nations, NY 2003
[22] akkuma olii miiljalee lakk. 21
[23] Implementation Report United Nations Guidelines for Consumer Protection (1985-2013), Geneva July 2013
[24] www. consumersinternational.com
[25] akkuma olii lakk. 23

xiyyeeffannaan kennameefi mirgi isaanii akka kabajamuuf gochuu keessatti gahee isa ol'aanaa kan xabate ta'uu isaa kan mirkaneessu dha.

Dabalataanis sadarkaa idil addunyaatti waltajjiiwan gara garaa irratti dhimmi eegumsa mirga shamattootaa xiyyeeffannaadhaan kan irratti hojjatamaa turee dha. Galma Guddinaa Barkumee, *(Millenium Development Goals*) keessattis dhimmi eegumsa shamattootaa uwwisa argateera.

Pirezidaantiin Amerikaa durii Joohn F. Keneediin haasaa beekamaa Koongrasii biyyattiif godhan irratti mirgoota shamattoonni ni qabu jedhan fi jaha ga'an ibsanii turan. Isaanis mirgaa eeggamuu (safety), mirga odeeffannoo argachuu, mirga filannoo gahaa argachuu, mirga dhagahamuu, mirga beenyaa' redress' qabaachuu, mirga bakka bu'uu kan jedhan of keessatti kan hammatanii dha..[26] Mirgoota shamattootaa beekamtii argatan kannennii fi uwwisa seeraa argatan walbirafiduun ilaaluun faayidaa guddaa ni qabaata.

A) Mirga Fayyaa fi Nageenya Shamattootaa

Mirgi eeggamuu (safety) mirga oomishaalee fi adeemsaalee oomishaa fi tajaajiloota fayyuumaa fi lubbuu irratti miidhaa geessisan irraa eeggamuu jedhu oomishaaleen fayyadamtootaaf dhiyaatan adeemsi oomisha isaanii fi qabiyyeen isaanii, akkasumas haalli fayyadamtootaaf itti dhiyaatan qulqullina barbaadamu kan qabuufi fayyaa fi lubbuu fayyadamtootaa irratti kan miidhaa hin geessifne ta'uu qaba yaada jedhu callaqisa.[27] Kana gochuu keessatti qaamoleen adda addaa gahee qabu. Bu'uura gaayidlaayenii Mootummoota Gamtoomanii (UN) fayyuummaa qaamaa fi nageenyummaa shamattootaan wal qabatee mootummaan tarkaanfiiwwan barbaachisoo ta'an kan akka seera tumuu, qajeelfamoota nageenyummaa shamataa qopheessuu, staandaardiiwwan biyyoolessaa fi idil addunyaa akka hordofamanii fi kabajaman gochuu akkasumas rikoordiin isaanii akka qabamu (akka galmaahan) fi qaamoleen dhimmi ilaalu akka raawwatan kakaasuun kan irraa eegamu ta'a.[28]

Imaammatni mootummaas oomishaaleen tajaajila barbaadamuuf kan oolanii fi sadarkaa qulqullina isaanii kan eeggatan ta'uu isaanii mirkaneessuu qabu. Oomishaaleen dhiyaatan bifa kamiin faayidaa irra akka ooluu qaban qajeelfamni ifa ta'e shamattootaaf kennamuu qaba.

[26] http://numerons.files.wordpress.com
[27] akkuma olii,miiljalee lakk. 26, www.consumersinternational
[28] miiljalee lakk. 21

Odeeffannoon kun mallattoo idil addunyaatti beekamaniifi hubatamanitti hanga danda'ametti akka fayyadamuu danda'an gochuu qabu. Dabalataan imaammatni mootummaa oomishtoonnii fi raabsitootni rakkoon isaan dursanii hin ilaalle uumamee oomishi gara gabaatti bahe balaa fiduu danda'u hubannoo keessa galchuudhaan qaamolee dhimmi ilaaluuf akka beeksisuu danda'an gochuu isaa mirkaneessuu qaba.

Mirga fayyuummaa fi nageenya shamattootaa eegsisuu wajjiin wal qabatee bu'uura Gaayidlaayenoota Motummoota Gamtoomanii mootummaan tarkaanfiiwwan adda addaa armaan olitti caqasamanii fi kan biroos fudhachuu akka qabu kan teechisu yoo ta'u dabalataan mootummaan meeshaaleenii fi tajaajiloonni dhiyaatan sadarkaa isaanii kan eeggatan ta'uu isaanii mirkaneessuu fi hordoffii cimaa taasisuu akka qabu ni akeeka.

Mirgi inni biraa fayyuummaa fi nageenyummaa shamattootaa wajjiin walitii hidhamiinsa qabuufi wajjiin ilaalamuu danda'u Mirga Naannoo Fayyaaf Mijataa ta'e jedhu yoo ta'u mirga naannoo fayyaa fi jireenyaa dhaloota ammaa fi isa dhufuuf mijataa ta'e keessatti jiraachuu fi hojjachuu kan agarsiisuufi kana jalatti shamattootni akka waliigalatti waa'ee kunuunsa naannoo akkasumas omisha meeshaa fi dhiyeessa tajaajila isaan barbaadan wajjiin walqabatee dhiibbaan naannoo uumamaa irratti gahu (filannoon isaanii miidhaa fi faayidaa naannoof qabaatu) hubachuu fi miidhaa qaqqabuu danda'u hambisuuf ykn xiqqeessuuf maal gochuu akka qaban beekuun murteessaa akka ta'e kan agarsiisu dha[29]. Kunis naannoo uumamaa kunuunsuun dhaloonni ammaa itti fufiinsaan akka itti fayyadamuu fi dhaloota itti aanutti dabarsuuf murteessaa waan ta'uuf.

Yaadrimeen nageenya shamattootaa ilaalu kuni gaayidlaayenii MG kana keessatti seerotaa fi qajeelfamoota biyyoota adda addaa kan eegumsa shamattootaa ilaalan keessatti kan hammataman yoo ta'u,akka fakkeenyaatti biyya Hindii, UK fi Amerikaa ilaaluun ni danda'ama.[30] Bifuma walfakkaatuun seera biyya keenyaa keessattis tumameera. Labsii lakk. 813/06 keessatti tumaaleen kallattinis ta'ee al kallattiin fayyaa fi nageenya shamattootaa eegsisuu kaayyeffatan ni argamu. Kwt 3/2 jalatti kaayyoon labsichaa shamattootni fayyaa fi nageenyummaan isaanii eegamee kaffaltii raawwataniif tajaajila ykn meeshaa madaalawaa ta'e akka argatan

[29] www.consumersinternational/aboutus

[30] India, Consumer Protection Act 1986, UK Consumer Protection Act 1987, Consumer Protection from Unfair Trading Regulations 2008,

mirkaneessuu ta'uu isaa ibsa. Kwt. 14/1/ jalatti shamataan qulqullina meeshaa/tajaajila bitu ilaalchisee mirga odeeffannoo /ibsa argachuu akka qabu ni kaa'a. Kunis shamataan fayyaa fi nageenyummaa isaa akka eeggatu carraa kan kennu ta'a. Akkasumas kwt 16 /2/ kwt. xiqqaa (d)(j)(k)(l) jalatti ibsa oomisha irratti maxxanfamuu qabu ilaalchisee, qulqullina meeshaa, guyyaa oomishaa fi tajaajilaa isa dhumaa, maal irraa akka oomishame fi sadarkaa qulqullinaa Itoophiyaa kan guuttatee ta'uu isaaf ibsa akka kennu dirqama kaa'a. [31]

Gochoota fayyaa fi nageenyummaa shamattootaa irratti miidhaa geessiisan akka hin raawwatamnes seerri ifatti teechisee jira. Gochoota dhoorkaman kanneen keessaa kwt. 22/10/ jalatti meeshaa daldalaa fayyaa fi nageenya namaaf balaa ta'e, maddi isaa hin beekamne, sadarkaa barbaadamuu gadi kan ta'e, kan summaaye, kan guyyaan tajaajilaa isa dhumaa darbe fi wantoota alagaa wajjiin makame gurguruun yookaan gurgurtaaf dhiyeessuun isa tokko. Tumaa labsichaa kwt 23/1/kutaa tamsaasaa meeshaa fi tajaajila daldalaa jalatti waa'ee to'annoo gaggeeffamuu qabu ilaalchisee akka ibsametti oomishaalee fi tajaajiloonni istaandaardii fayyaa fi nageenyummaa hin guutne akka hin tamsaane kan dhoorkamu ta'uu isaafi Ministeerri Daldalaa fi biiroowwan qaamolee dhimmi ilaalu biroo wajjiin ta'uun akka raawwachuu qaban ibsa. [32]

Akka waliigalaatti mirgi fayyaa fi nageenya shamattootaa mirga meeshaalee fi tajaajila fayyaa fi nageenyummaa irratti miidhaa geessiisan irraa eeggamuu kan ibsu ta'uu isaa ilaaluunii fi seera biyya keenyaatinis uwwisa bal'aa akka argate ilaaluun ni danda'ama.

B) Mirga Odeeffannoo Gahaa Argachuu:

Filannoo odeeffannoo irratti hundaa'e dabarsuu akka danda'ani, fi beeksisa dogoggorsiisoo fi haqa qabeessa hin taane irraa akka eeggamaniif odeeffannoo dhugaa argachuu. meeshaa ykn tajaajila bitatan ilaalchisee odeeffannoo gahaa argachuu akkasumas filannoowwan qabanii fi qulqullina meeshaalee ykn tajaajiloota dhiyaatanii ilaalchisee odeeffannoon sirrii fi filannoo akka taasisan isaan fayyadu akka argachuu qaban kan agarsiisu dha. Gaayidlaayeniin Mootummoota Gamtoomanii dhimma kana irratti oomishaalee gara garaa faayidaa shamattootaaf oolan ilaalchisee yaa'insi odeeffannoon sirrii fi barbaadamu hundi akka jiraatu mootummaan tattaaffachuu akka qabu ibsa. Oomishaalee shamattootaaf tajaajilan ilaalchisee odeeffannoon jiru

[31] labsii lakk. 813/06
[32] akkuma olii

hundi akka bilisaan tamsa'u mootummaan qaamolee dhimmi ilaalu hundi akka hirmaatan kakaasu qaba. [33] Dabalataan Shamattootni dhiibbaa oomishaaleen (isaan bitatan ykn bitachuu barbaadan) naannoo irratti qaqqabsiisan ilaalchisee odeeffannoo isa sirrii akka argatan kunis maalummaa oomishichaa (profile), gabaasa warshaa naannoo ilaallatu ibsuun, akkasumas giddu gala odeeffannoo shamattootaaf qopheessuu fi kkf akka raawwataman kakaasuu mootummaa irraa kan eeggamu ta'uu isaa ibsa.[34] Kunis shamattoonni mirgi odeeffannoo argachuu isaanii akka mirkanaa'uu tarkaanfiiwwan fudhatamuu qabanis kan agarsiisu dha.

Mirgi shamattootaa inni biroo mirga odeeffannoo gahaa argachuu wajjiin walqabatee ka'uu danda'u Mirga Baruumsa shamattootaati. Mirgi baruumsa shamattootaa kunis beekumsaa fi dandeettii filannoo meeshaalee fi tajaajilaa odeeffannoo irratti hundaa'e akka qabaatan, mirgaa fi dirqama shamataa akka beekanii fi hojii irra oolchan barsiisuu ilaallata. Adeemsa eegumsa mirga shamattootaa keessatti baruumsii fi hubannoon shamattootaaf kennamu murteessaa fi dhimma ijoo ta'ee dha. Shamataan waa'ee qulqullina meeshaa ykn tajaalila dhiyaatuuf beeku, shamataa mirgaa fi dirqama isaa beeku, shamataa adeemsa oomishaa fi dhiyeessa tajaajilaa sirritti hubatu qabaachuun sochii mirga shamattootaa eegsisuuf taasifamu keessatti gahee ol'aanaa qaba.

Gaayidlaayenii MG keessattis dhimmi baruumsa shamattootaa xiyyeeffannaa argatee kan hammatame yoo ta'u gahee mootummoonni qaban ifa gochuun kaa'era. Mootummaan hawaasa shamataa barsiisuuf tarkaanfii gara garaa fudhachuu akka qabu ibsa. Keessattuu filannoowwan shamattootaa fi haalli(amalli) gabaa keessatti itti hirmaatan (*behaviour)* dhiibbaa naannoo irratti fidan, jijjiirama filannoo (haala fayyadama) shamattootaaf miidhaa fi faayidaa isaa irratti aadaa fi safuu hawaasaa hubannoo keessa bifa galcheen barnoota fi odeeffannoo akka argatan gochuu qaba. Akka Gaayidlaayenii kanaatti baruumsi shamattootaa kun waan barbaadan adda baafachuu akka danda'an, filannoo meeshaa fi tajaajilaa odeeffannoo irratti hundaa'ee akka raawwatan, akkasumas mirgaa fi itii gaafatamummaa isaanii akka hubatan kan kaayyeeffate ta'uu qaba.[35] Adeemsa kana keessatti hawaasa baadiyyaa fi magaalaa, kutaa hawaasaa galii gadi aanaa qabu akkasumas sadarkaa baruumsaa gadi aanaa qabuuf xiyyeeffannaa laachuun barbaachisaa akka

[33] miiljalee lakk.21
[34] miiljalee lakk. 21
[35] akkuma olii

ta'eefii baruumsa shamattootaa kennuu keessatti waldaalee shamattootaa, dhaabbileen daldalaa fi kan ummataa biroos hirmaachuu akka qaban ibsa.[36]

Seera biyya keenyaatinis mirgi shamattootaa odeeffannoo gahaa argachuu fi barnootaa kan tumamee argamu yoo ta'u, kwt. 14/1/ jalatti shamataan akaakuu fi qulqullin meeshaa yookiin tajaajila bituu ilaalchisee mirga odeeffannoo ykn ibsa gahaa fi sirrii ta'e argachuu akka qabu ibsa.

Daldaltoonni gatii meeshaa fi tajaajila isaanii iddoo ifatti mul'atutti ykn meeshaa daldalaa irratti maxxansuun shamattootni akka gatii isaa beekan gochuu ykn agarsiisuu qabu. (kwt 15/1/). Odeeffaannoon inni biraa daldalaan shamattootaaf kennuu qabu immoo ibsa meeshaalee daldalaa irratti maxxanfamuu qabu kan ilaallatu dha. Kunis bifa odeeffannoo gahaa shamattootaaf dabarsuu danda'uun meeshaaleen daldala qulqullina, maaliirra akka hojjataman guyyaa oomishaa fi tajaajilaa dhumaa, biyya itti oomishaman fi kan biroos bifa agarsiisuun ibsa maxxansuun dirqama ta'uu isaa labsicha kwt 16/2/a-m/ jalatti taa'eera. Akkasumas kutaa aangoo fi gahee hojii Abbaa Taayitaa DD fi Eegumsa shamattootaa ibsu kwt 30/5 fi 6/ jalatti hubannoo shamattootaa cimsuuf waltajjii baruumsaa fi leenjii qopheessuu, barsiisuu fi leenjisuu akka qabu kan kaa'e yoo ta'u meeshaalee faayidaaf oolanii fi mootummaan ykn sadarkaa idil addunyaatti akka tajaajila hin kennine dhoorkaman hordofuudhaan shamattootaaf yeroo yeroodhaan akka beeksisu ibsa.

C) Mirga Filachuu

Mirgi filachuu oomishaalee fi tajaajiloota gara garaa keessaa filachuufi gatii madaalawaan, qulqullina barbaadamuun akka dhiyaatuf: meeshaa ykn tajaajila argachuu barbaadan irratti dhiibbaa qaama kamiinu ala ofii isaaniiti akka filachuu danda'aniif haalli akka mijatuuf akkasumas meeshaalee fi tajaajila argachuu barbaadan filannoon akka argatan gochuu fi gatii madaalawaa fi qulqullinna barbaadamu kan dhiyaatan ta'uu isaanii kan ilaalu dha.[37] Gaayidlaayeniin Mootummoota Gamtoomanii mootummaan mirga filachuu shamattootaa mirkaneessuuf oomishtootaaf daldaltoota gidduu dorgommiin haqa qabeessaa fi bu'aa qabeessa ta'e akka jiraatuu kakaasuu akka qabu ibsa.[38] Kunis shamattoonni filannoo baay'ee akka

[36] akkuma olii
[37] http://numerons.files.wordpress.com

[38] Miiljalee lakk. 21 section: B Promotion and Protection of Consumers' interests:19

qabaatanii fi gatii gad aanaa ta'een meeshaalee fi tajaajila barbaadan akka argatan kan isaan gargaaru waan ta'eefi.

Labsii lakk.813/06 kwt. 14/2/ jalatti shamataan meeshaa fi tajaajila barbaade filatee akka bitatu kan tume yoo ta'u kwt xiqqaa /3/ immoo shamataan qulqullina ykn filannoowwan meeshaalee fi tajaajilootaa waan ilaaleef qofa ykn gatii isaa irratti daldalaa wajjiin waan dubbateef qofa bituuf akka hin dirqamne kaa'a. Kunis shamataan meeshaa bitatu qofa osoo hin taane madda ykn nama irraa bitatus filachuuf akka mirga qabu kan agarsiisu dha.

D) Mirga Keessuummaa'uu (Simannaa) fi Mirga dhagahamuu

Shamataan meeshaa yookaan tajaajila bitachuuf deemu kabajaa fi haal gaariin simatamuu qaba. Kunis mirga shamataa kabachiisuu irra darbee hariiroo daldaltootaa fi shamattoota gidduu jiru kan cimsuu waan ta'eef faayidaa waliiniis qabaata. Simannaan shamattootaaf taasifamu kabajaa fi tasgabbiin ta'uu akka qabu seerri ni kaa'a. Labsii lakk.813/06 kwt. 14/4/ jala tumaan jirus kanuma ibsa. Akka kwt kanaatti shamataan daldaalaa kamiiniyyuu kabajaa fi amala gaariin akka keessuummaahu akkasumas gochaawwan arrabsoo, dhaadachuu, sodachisuu fi maqaa balleessu irraa mirga eeggamuu qaba. Seerri dabalataan kwt. 22/12/ jalatti daldalaan kamiyyuu sababa mirga shamataa eegsisuuf hintaaneen meeshaa ykn tajaajila hin gurguru jechuu kan hin dandeenye ta'uu isaa ni kaa'a. Dabalataan, keewwata kana kwt. xiqqaa 16 jalatti shamattoota gidduu loogii hin malle agarsiisuun seera qabeessa akka hin taane ni agarsiisa.

Mirgi dhagahamuu fedhiin shamattootaa adeemsa imaammata mootummaa qopheessuu fi hojiirra oolchuu irrattii fi omishaafi dhiyeessa meeshaaleef tajaajilaa keessatti akka iddoo argatu gochuu irratti kan xiyyeeffatu dha. Mootummaan dhimma eegumsa shamattootaa ilaalu irratti hojii hojjatu hunda keessatti fedhii fi sagaleen shamattootaa calaqqifamuu fi dhagahamu qaba. Oomishtoonniif daldaltoonnis fedhii shamataa sirritti hubachuufi keessumeessu qabu. Gaayedlaayeniin MG shamattootni waldaalee shamattootaa fi dhaabbilee biroo walifakkaatan akka hundeeffatanii fi dhaabbileen kunneenis dhimmoota murtee shamattoota ilaalan ykn dhiibbaa qaban irratti yaada isaanii akka dhiyeeffatan (akka dhagahaman) gochuun murteessaa akka ta'e qajeelfama waliigalaa gayidlaayenichaa jalatti ibsamee argama.[39]

[39] miiljalee lakk. 21 : UN Giudelines, General principles: 2(f)

Mirga beenyaa argachuu (redress): Beenyaa ykn kaffaltii yeroon gaaffiin sirriin dhiyaatu fi meeshaaleen dhiyaatanii fi tajaajilli kenname quubsaa yoo ta'uu baate kaffaltii madaalawaa argachuu. Oomishaalee fi tajaajiloota sadarkaa isaanii hin eegganne dhiyeessuun shamattoonni miidhaan yoo irra gahee fi balleessaa oomishtootaa ykn daldaaltootaa yoo ta'e miidhamtoonni beenyaa madaalawaa ta'e akka kaffalamuufi fi miidhaa isaanii irra gaheef haqa argachuu qabu.

Mirga shamattootni miidhaa isaan irra gaheef beenyaa madaalawaa argachuu ilaalchisee gaayidlaayeeniin MG tarkaanfiiwwan adda addaa mootummaadhaan fudhatamuu akka qaban ibsa.

Mootummaan mirga shamattootaa kabajchiisuuf sirna seeraa, ykn bulchiinsaa diriirsuun shamattoonni miidhaan irra gaheef adeemsa qaqqabamaa, haqa qabeessa, mi'aa hin taane fi haala namoota galii gadi aanaa qaban hubannoo keessa galchuu qaba. Akkasumas mootummaan shamattootni maloota biroo waldiddaa isaanii fi daldaltoota gidduu jiru itti hiikkatan maloota ykn adeemsaalee al idilaawaa ta'an (informal) akka fayyadaman hubannoo laachuu fi haala mijeessuu akka qabu gaayedlaayeniin kun ni kaa'a.[40]

Mirgoota bu'uuraa shamattoota jedhamanii labsii lakk. 813/06 jalatti kaa'aman keessaa tokko mirga shamattootaa beenyaa argachuuti. Kwt. 14/5/ jalatti shamataan meeshaalee ykn tajaajila bitachuu ykn fayyadamuu isaatiin miidhaa irra gaheef meeshalee ykn tajaajila daldalaa dhiyeessuu wajjiin walqabtee oomishuudhaan, fichisiisuudhaan, raabsaa waliigalaa (jimlaa), ykn qinxaaboo ykn namoonni haala kamiinu adeemsa dhiyeessuu keessatti hirmaatan waliinis ta'ee dhunfaadhaan beenyaa akka kafalaniif ykn mirgoota kana wajjiin walqabatan biroo gaafachuu akka danda'an ni teechisa.

2.4. Furmaata Seeraa Shamattooni Biyya Keenyaa Qaban

Gochoota seeraan ala ta'anii fi mirgaa fi dantaa shamattootaa irratti miidhaa geessisaniif furmaataa seeraa shamattootni qaban ilaaluun barbaachisaa ta'a. Mirgoota shamattootaa kabajuu fi hojii daldalaa bifa seera qabeessa ta'een gaggeessuun dirqama daldaltootaa yoo ta'u oomishtootnis meeshaalee fi tajaajiloota oomishan keessatti fayyaa, nageenyummaa akkasumas

[40] miiljalee lakk. 21: UN Guidelines Section D: 32-34

faayidaa fayyadamtootaa (shamattootaa) bifa giddu gala godhateen hojjachuu qabu. Dirqama kana bahuu dhabuu isaaniitiin miidhaa shamattoota irra gahuuf malli shamattootni furmaata itti argatan seeraan kaa'amee jira.

Beenyaa miidhaa, meeshaa hir'ina qabu akka jijjiiramu ykn maallaqni bittaa akka deebi'u, tarkaanfiiwwan bulchiinsaa fi itti gaaffatamummaan yakkaa furmaata shamataan mirga isaa cabe itti kabachiifatuu fi seerota biyya keenyaa gara garaa keessatti kan argamanii dha.

Bu'uura labsii lakk.813/06 kwt. 20/2/a/ tiin shamataan meeshaan bitate hir'ina yoo qabaate bittaan raawwatamee guyyoota jiran 15 keessatti meeshaan sun akka bakka bu'amuuf yookaan maallaqni kafale akka deebi'uuf akkasumas tajaajilli kennameef hanqina yoo qabaate irra deebiin kafaltii malee akka dhiyaatuuf yookaan maallaqni tajaajilaaf kafale akka deebi'uuf bu'uura kwt. 20/2/b/tiin gaafachuu ni danda'a.
Furmaanni biraa shamattootaaf seeraan kaa'ame mirga beenyaa madaalawaa argachuuti. Labsi. lakk 813/06 keessatti keewwattoota gara garaa jalatti tumaalee teechifaman ilaaluun ni danda'ama. Keewwatni labsiichaa 14(5) shamataan miidhaa irra gaheef qaamolee gocha dhiyeessa oomishaa ykn tajaajilaa irratti hirmaatan hunda waliin yookaan qofaatti beenyaa akka kafalaniif gaafachuu akka danda'u ibsa. Bu'uura tumaa kwt. 20(3) tiin shamataan meeshaa ykn tajaajila dhiyaateef sanaan fayyadamuu isaatiin miidhaa irra gaheef ykn bu'uura tumaa labsichaa lakk.20/2 gaaffiin meeshaan akka bakka bu'amuuf, ykn tajaajilli irra deebiin akka dhiyaatuuf ykn maallaqni kaffalle akka deebi'uuf gaafate yoo deebii hin arganne ta'e beenyaan akka kafalamuuf gaafachuu akka danda'uu kaa'a. Dabalataan kutaa labsichaa aangoo qaama abba seerummaa Abbaa Taayitaa DD fi ES ibsu kwt 32/1/c/ jalatti shamattoota gocha daldaltootaan ykn oomishtootaan miidhaan irra gaheef beenyaa akka kafalamu gochuu akka danda'an caqasa.

Haata'uu malee labsicha keessatti akkaataan beenyaan itti kafalamuu fi itti shallagamu kan hin kaa'amne waan ta'eef bu'uurri shallaggii beenyaa Seera Hariiroo Hawaasaa keewwattoota 1799,1800 fi 1801tiin kan raawwatamu ta'a. [41] Hangi beenyaas nama qalbi-qabeessa *(reasonable person)* ta'een waliigalteen sun raawwatamuu dhabuu isaatiin miidhaan hangi kun ni gaha jedhamee kan tilmaamu *'reasonable damages*' ta'a jechuu dha.

[41] The Ethiopian Civil Code, kwt.. , 1799, 1800, 1801

Miidhaa dhimmoota itti gaafatamummaa waliigalteen alaa wajjiin walqabatan irratti immoo shallaggiin beenyaa kan taasifamu bu'uura keewwattoota SHH 2090 fi 2098 jalatti bifa kaa'ameen ta'a. Bu'uura keewwattoota kanaatiin shamataan miidhaan isa irra akka gahee fi oomishaan maal nadhibdeen gama shamataatiin akka jiru yoo mirkaneessuu hin dandeenyee beenyaa hanga miidhaa isarra gahee sanaa argachuu akka danda'u ni ibsu. Gama shamataattin maal nadhibdeen jira taanaan hangi beenyaa xiqqaachuu danda'a. SHH kwt 2085 jalatti itti gaafatamummaa waliigalteen alaa shamataaf kan qabaatu oomishaa qofa akka ta'e seerri ni kaa'a. Oomishaanis itti gaafatamummaa kana jalaa bahuu kan danda'u badii shamataa mirkaneessuu yoo danda'e qofaa dha. Kana jechuun oomishaan ofiisaatii badii akka hin qabaanne yookin badiin sun kan qaama sadaffaa ta'uu isaa yoo mirkaneessellee shamataadhaaf beenyaa kafaluuf dirqama qaba jechuu dha.[42]

Tarkaanfiin bulchiinsaa furmaata biraa mirga shamataa eegsisuu wajjiin walqabatee dha. Akkaataa kwt. 32/2/a fi c jalatti dhoorkaa gochoota sirrii hin taanee fi hayyama daldalaa haquu ykn yeroo muraasaaf dhoorkamee akka turu gochuu kan jedhan kaa'amaniiru. Adeemsi kunis oomishaalee rakkoo qaban jedhaman akka hin oomishamnee fi kan oomishamanis gabaaf akka hin dhiyaanne gochuu kan qaabatu dha.

Furmaatawwan labsii lakk. 813/06 fi Seera HH keessatti teechifamaniin dabalataan mirgi shamattootaa yeroo cabu daldaltoonni itti gaafatamummaa yakkaas ni qabaatu. Labsiin lakk. 813/2006 kwt. 43 jalatti adabbii maallaqaa qarshii 5,000 hanga 50,000, adabbii hidhaa salphaarraa (bu'uura SeeraYakkaa bara 1996 bahe kwt. 106 tiin guyyaa 10) hanga waggaa 5 gahuun adabamuu akka danda'an ni kaa'a.

Dabalataan akkaataa kwt 20 (2) tiin seerotni biroo mirga caalaa eegan raawwatiinsa ni qabaatu.
Mirga shamattoota miidhaan irra gahee eegsisuu wajjiin walqabatee seeronni dhimmoota kanneen wajjiin walitti hidhamiinsa qaban ni jiru. Seera HH keessatti dhimma waliigaltee ilaalchisee seerota jiran ilaaluun ni danda'ama. Kewwata 1704, 1705 fi 1710 jalatti bifa teechifameen gochi gowwoomsuu yoo raawwatamee argame waliigalteen sun akka haqamu

[42] The Ethiopian Civil Code, kwt. 2085,2090,2098

(gatii dhabu) *'invalid*' ta'u taasifama. Kunis daldalaan gocha gowwooomsuutti fayyadamuun ibsa sobaa kennuun shamataan akka murtee sirrii hin taane akka dabarsu yoo taasise akkasumas fedhii ol'aanaa shamataan qabu ilaaluun, bilchina sammuu ykn muuxannoo dhabuu shamataatti fayyadamuudhaan bu'aa hin malle argachuuf kan raawwate yoo ta'e bu'uura seeraatiin akka waliigalteen kun gatii dhabu taasisuun ni danda'ama.[43]

Tumaan seeraa inni biraa as biratti ka'uu qabu SHH kwt. 1776 jalatti argamu dha. Waliigaltee shamataa fi daldalaa gidduu dhiyeessa meeshaa ykn tajaajilaaf gaggeeffame shamataaf faayidaa addaa yoo qabaatefi isas mirkaneeffachuu yoo danda'e mirga (bilisummaa) dhuunfaa daldaalaa bifa hin tuqneen waligalteen sun dirqamaan akka raawwatamuuf gaafachuu ni danda'a.

2.5. Tamsaasaa fi Gatii Meeshaalee Daldalaa

2.5.1. Meeshalee daldalaa akka waliigalaatti

Waa'ee hojii daldalaa yeroo haasofnu waa'ee meeshaalee fi tajaajila daldalaa kaasuun keenya hin oolu. Tasmsaasnii fi raabsaanii fi gurgurtaan meeshaalee fi tajaajilootas kallattiidhaan dhimma daldala wajjiin walitti hidhamiinsa qaba. Meeshaa daldalaa (*'goods')* kan jedhamu isa kami? tajaajilli hoo? isa jedhu deebisuun yaada mata duree kana jalatti ilaalluuf iftoomina kan uumu ta'a. Kuusaan jechootaa Black's Law jecha meeshaa daldalaa jedhu

> *(1)Tangible or movable property other than money; especially articles of trade or items of merchandize (2) Things that have value, wether tangible or not.* [44]

Jechuun kan hiikuu yoo ta'u seerri biyya Amerikaa immoo

> *"Goods means all things, including specilally manufactured goods, that are movable at the time of identification to a contract for sale and future goods.The term incudes the unborn young of animals, growing crops, and other identified things to be served from real property... The term does not include money in which the price is to be paid,the*

[43]The Ethiopian Civil Code, kwt. 1704, 1705, 1710(2)
[44] Bryan A. Garner, Black's Law Dictionary, (9th ed), 2009

subject of foreign exchange, letters of credit letter-of-credit rights, instruments, investment property,accounts,chattel paper, deposi accounts,or general intagibles"[45]

Bu'uura Labsii lakk. 813/06 kwt. 2/1/ meeshaalee daldalaa jechuun sanadoota maallaqaa ykn akaakuu maallaqaa ta'aniin ala meeshaalee socho'an kamiyyuu bitamanii fi gurguraman ykn kireeffamanii fi bifa biraa kamiinuu namoota giddutti hojiin daldalaa itti raawwatamu dha jechuun kaa'a. Tajaajila jechuun immoo hojii daldalaa mindaa ykn kaffaltii ogummaa oolmaatiin kan hin taaneefi tajaajila galii argamsiisu kennuu dha.[46]

Hiikkoon kuusaa galmee jechootaa keessatti kenname kan seerota Amerikaa fi biyya keenya irratti kaa'amaniin wal bira fidnee yoo ilaallu ballifamee kaa'ameera . Bu'uura hiikkaa galmee jechootaatiin meeshaan kamiyyuu kan gatii baasuu fi gurguramuu danda'u qabatamaa fi qabatamaa hin taanee fi gatii qabu hundii fi maallaqaan ala ta'e meeshaa daldalaa akka ta'e ibsa.
Seerota biyya keenyaa fi Amerikaa keessatti garuu meeshaalee socho'an *'movable*' fi qabatmaa *'tangible'* ta'an qofa akka ta'an agarsiisu. Seerota kana keessatti keessattuu kan biyya keenyaa hiikkoon meeshaa daldalaa jedhu meeshaalee biroo seerota adda addaa keessatti kaa'amanii fi uwwisa argatan fakkeenyaaf meeshaalee hin sochoonee fi hin qabamnee akkasumas meeshaalee addaa socho'an *' special movables'* osoo hin hammatin hafaniiru. Gama biraan seerri biyya keenyaa shamattootaa meeshaalee daldalaa labsii kana keessatti haala hiikameen kufaniin ala jiran fkn namoota mana bitaniif uwwisa hin kennine. Seerota biyyoota biroo Fkn USA keessatti shamattoota mana bitan ykn miidhaa irraa eeguu bifa dandeenchiisuun seerri dhimma kana hoogganu jira.[47] Haata'uu malee seerri biyya keenyaa jecha meeshaa daldalaa jedhu hiikuu irratti ejjannoo seera Amerikaa wajjiin wal fakkaatu fudhatus shamattoota wantoota hin sochoone bitataniif mirga shamataa fi eegumsa hin kennineefi.
Seerri biyya keenyaafi Amerikaa maallaqaa fi dookumentoota maallaqaa hiikkaa meeshaalee daldalaa keessaa baasuudhaan kan walfakkaatan ta'us, Seerri Amerikaa ibsa bal'aa kennuudhaan wantoota hammataman tarreessee jira.

[45] akkuma olii, UCC
[46] Labsii lakk.813/06 kwt 2/2/
[47] fkn. The Fair Housing Act, Real Estate Settlement Procedures Act (RESPA) akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama.

Hiikkaan meeshaa daldalaa armaan olitti kaafne garaagarummaa kan qabu keessattuu kan hiikkaa waliigalaa fi ija seeraan fudhataman gidduu garaagarumman jirus kallatti seeronni kaa'aniin yoo ilaallu meeshaa daldalaa jechuun maallaqaa fi dookumantoota maallaqaa ala kan ta'anii fi kan socho'an, gatii kan baasan (kan bitamanii fi gurguraman) fi namoonni hojii daldalaa keessatti itti fayyadaman hunda kan qabatedha jechuun ni danda'ama.

Meeshaaleen daldalaa kunneen jireenya hawaasaa keessatti kan guyyaa guyyaadhaan bitamanii fi faayidaa irra oolanii fi dhiyeessi isaanis fedhii gabaa jiruun kan murtaa'uu dha. Meeshaaleen daldalaa kunneen bu'uura fedhii gabaa jiruunii fi hanga barbaadamaniin *(demand and supply)* kan dhiyaatanii fi humna gabaa *'market forces'* kan jedhamaniin kan murtaa'u ta'a. Haata'uu malee bifa addaatiin meeshaaleen daldalaa to'annaan itti gaggeeffamuu jiraachuu ni danda'u.

2.5. 2. Meeshaalee Daldalaa Bu'uuraa

Labsii lakk. 813/06 kwt.2/3/ jalatti meeshaa ykn tajaajila daldalaa bu'uuraa jechuun gabaa keessatti hanqachuu isaatiin gocha daldalaa haqa qabeessa hin taane hordofsiisuu danda'uuf fedhii shamattootaa guyyaa guyyaa wajjiin walitti hidhamiinsa kan qabu dha jechuun kaa'a. Hiikkaa kana irraa akka hubatamutti meeshaan yookin tajaajilli tokko meeshaa yookin tajaajila bu'uuraa jedhamuudhaaf tokkooffaa meeshaan yookin tajaajilli sun kan gabaa keessatti hanqinni dhiyeessaa irratti mul'ate ta'uu qaba. Dabalataan, meeshaan ykn tajaajilli sun fedhii shamattootaa guyyaa guyyaa waliin kan walqabatu ta'uu qaba. Hanqinni jiraachuu isaa qofa osoo hin taane hanqinni uumame sun meeshaa yookin tajaajila fedhii shamattootaa guyyaa guyyaa ta'e kana irratti hojiin daldalaa sirrii hin taane akka raawwatamu kan karaa banu danda'u ta'uu qaba. Akkattaa labsii kanaa kwt. 2/9/ hojii daldalaa sirrii hin taane jechuun gochaa kamiyyuu tumaalee seera daldalaa ilaallatan cabsu akka ta'e ni kaa'a.

Gurgurtaa, Raabsa fi Daddabarsa Meeshaalee Daldalaa Bu'uuraa

Labsiin lakk. 813/06 kwtni. 25/1/ meeshaalee daldalaa bu'uuraa to'annaan gatii irratti taasifamuu qabu tarreeffamnii fi gatiin isaanii mana maree ministeerotaatniin ragga'uun beeksisa uummataatiin bahuu akka danda'u ni kaa'a. Meeshaalee gatiin isaanii haala kanaan murtaa'e

kanneen gatii jedhameen olitti gurguruun yookin gurguruuf yaaluun dhoorkaa akka ta'es kwt. 25/2/ jalatti caqasamee jira.

Kana malees, haalli daddabarsaa fi raabsa meeshaalee daldalaa bu'uuraa kanneenii haala daddabarsaa fi raabsaa meeshaalee daldalaa biroo irraa addatti murtaa'uu akka danda'u tumaa labsichaa kwt 26 irraa hubachuun ni danda'ama. Bu'uura Labsii Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Shamattootaa lakk. 813/06 tiin Manni Marii Ministeerotaa meeshaalee daldalaa bu'uuraa muraasa adda baasuun gatii fi dhiyeessa isaanii beeksisa uummataa Mudde 28 bara 2003 bahen murteesse beeksiseera. Beeksisni uummataa kunis bu'uura labsii kanaa kwt. 48/1/ tiin beeksisa biraatiin hanga bakka bu'amutti hojiirra kan turu ta'a. Qajeelfama Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa (BDMGO) lakk. 1/2004 kwt. 5 jalatti meeshaaleen daldalaa bu'uuraa to'annaan irratti taasifamuu fi mootummaan dhiyaatan Sukkaara, zayita, daakuu qamadii fi qamadii dheedhii akkasuma, Furnoo (daabboo) akka ta'an kaa'eera. Keewwata 6 qajeelfama kanaa jalattis raabsi meeshaaleen daldalaa bu'uuraa shamataa bira hanga gahanitti qaamolee sadi kan hirmaachisan ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Isaanis dhiyeessitoota, qaamolee jimlaa raabsanii fi daldaltoota qinxaaboo ykn dhaabbilee dhuunfaa yookin dhaabbilee mootummaa ykn dhaabbilee tajaajila uummataa kennani dha.

Raabsitootni jimlaa sukkaaraa fi zayita dhiyeessan daldaltoota dhuunfaa, yuuniyeenoota, waldaa shamattootaa fi waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e ta'uu danda'u. Hojii dhiyeessa zayitaa fi sukkaaraa kana irratti hirmaachuuf daldaltootni kunneen godina yookan bulchiinsa magaalaan filatamanii koree gabaa tasgabbeessituun kan calalaman ta'uu qabu. Raabsitootni meeshaalee kanneen dhoksuu fi kuusuurraa of-qusachuu, meeshaalee kanneenii fi mana kuusaa qulqullinaan qabuu fi tajaajila gurgurtaa yeroo mara kennuuf dirqama akka qaban qajeelfamni BDMGO kun kwt. 9/3/ jalatti ifatti kaa'eera. Raabsitootni kunis daldaltoota qinxaaboo, dhaabbilee dhuunfaa ykn mootummaa tajaajila uummataaf kennanitti qofa gurguruu danda'u. Dabalataanis, bu'uura kwt. 6/5/, 7/1/ fi 9/3/qajeelfamichaatiin raabsitootni gatii mootummaan baase qofaan gurguruuf akka dirqaman ibsameera.

Raabsaa meeshaalee bu'uuraa kanniin wajjiin wal qabate qajeelfamichi kwt 10/2/d /e/ fi jalatti akka kaa'ametti dhiyeessitootni daldala qinxaaboo meeshaalee daldalaa bu'uuraa kanneen bakka jiraniin gara bakka biraatti dabarsuurraa dhorkamaniiru. Gatii meeshaalee daldalaa bu'uuraa

suuqii keessatti bakka mul'atuu fi dubbifamuu danda'utti maxxansuu akka qabanis qajeelfamichi ni ibsa. Daldaltootni qinxaaboo kunneen meeshaalee kanneen osoo jirani dhoksanii dhumeera jechuun fi iddoo biraatti gurguruun akka hin danda'amane kaa'ameera.

Daldalaan tokko tumaa labsichaa kana cabsuun kara seeraan alaa meeshaalee daldalaa bu'uuraa dhoksuu fi/ykn kuusuu kan raawwate yoo ta'e meeshaaleen kunneen mootummaan kan dhaalaman ta'ee daldalaan gochaa kana raawwates adabbii maallaqaa galii gurgurtaa waggaa isaa irraa dhibbeentaa 5-10 fi hidhaa cimaa waggaa 1 -5 gahuun akka adabaman labsii lakk.813/06 kwt 43/4/jalatti kaa'ameera. Konkolaachisaan gochaa kuusuu, dhoksuu yookin geejjibsiisuu raawwachuun hirmaates adabbii maallaqaa qarshii 10,000 hanga 50,000 gahuun adabama. Abbaan konkolaataa tokkos gochaa seeraan alaa osoo beekuu dhaabsisuuf ykn ittisuuf tarkaanfii barbaachisaa osoo hin fudhatiin kan hafe yoo ta'e ykn konkolaatichi meeshaalee dhoksuuf akka mijatutti yoo tolfame ta'e konkolaatichis meeshaalee kanneen waliin kan dhaalamu akka ta'e tumaan kwt. 43 /5/ni ibsa.

2.6. Mirga Shamattootaa Eegsisuu Keessatti Gahee Qaamolee Gara Garaa

Eegumsa fayyadamtootaa karaawwan lamaan raawwachiisuun ni danda'ama. Isaanis akka dantaa uummataattii fi akka dantaa dhuunfaatti (public and private enforcement) ilaaluuni dha.[48] Eegumsa fayyadamtootaa akka dantaa uummataatti ilaaluun raawwachiisuun dhiyeessitoota meeshaalee fi tajaajilaa dantaa fayyadamaa irratti miidhaa geessisan gama qaama mootummaatiin adda baasuufi tarkaanfii irratti fudhachuu yoo ta'u dantaa dhuunfaatti ilaaluun immoo qaama miidhameen himannaan yeroo dhiyaatu jechuu dha.

Eegumsa shamattootaa akka dantaa uummataatti ilaalamuun mootummaan himannaa akka dhiyeessu sababni taasisfamuu keessaa inni tokko, fayyadamtootni miidhamtoota ta'an eenyu akka miidhaa isaan irraan gahee fi eenyuun himachuu akka qaban adda baafachuuf rakkachuu waan danda'aniifi. Kana malees, shamattootni akka nama dhuunfaatti odeeffannoo mirga isaanii raawwachiifachuuf isaan barbaachisu walitti qabuuf, keessattuu gochaawwanii fi adeemsaalee walxaxoo keessa darbuuf baasii olaanaa isaan barbaachisuu danda'a. Gochaawwan bifa kanaatiin

[48] Andnet Haile, Enforcement Of Consumer Protection Under The New Legal Regime Of Ethiopia In The Light Of The EU And US Laws And Practices: A Comparative Analysis: viii

mirgi fayyadamtootaa yeroo gaaffii keessa galu qorannaa gaggeesuu fi himannaa dhiyeessuudhaan bu'a qabeessa ta'uu kan danda'u qaama mootummaa aangeffame dha.[49]

Dabalataan, odeeffannoo walitti qabuu fi seera cabsitoota to'annaa jala oolchuun akka gaafataman gochuuf humna fayyadamuun barbaachisaa ta'uu danda'a. Kana gochuu Keessatti namni dhuunfaa humna fayyadamuu waan hin dandeenyeef qaama mootummaa raawwatamuun isaa dirqama ta'a. Eegumsa mirga shamattootaa keessattis tarkaanfiiwwan bulchiinsaa kanneen akka dhoorkaa, adabbii maallaqaa fi himannaa yakkaa dhiyeessuun kana malee kan danda'amu miti.[50] Akkasumas hidhaawwan hojimaataa fi bu'aan himannaan booda argamu baasii fayyadamtoonni miidhaman baasaniin kan wal hin madaalle yoo ta'e mirga isaanii osoo hin kabajiifatin akka hafan waan taasisuuf himannaan qaama mootummmaan dhiyaachuu isaa daran barbaachisaa taasisa. [51] Akka waliigalaatti, eegumsa fayyadamtootaa akka dantaa uummataattii fi akka dantaa dhuunfaatti ilaaluun filannoon raawwachiisuu kun dhimmoota bakka walbu'an osoo hin taane waldeeggaraa deemuu danda'ani dha.[52]

Labsii dorgommii daldalaa fi eegumsa shamattootaa lab. lak. 813/2006 keessatti dhimma eegumsa shamattootaa irratti aangoon qorannoo gaggeessuu fi himachuu Abbaa Taayitaa Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Shamattootaatiif kennamee jira. Kunis eegumsi shamattootaa biyya keenyaa akka dantaa uummataatti ilaalamuu fi labsichis seerota uummataa *'public laws'* kanneen jedhaman keessatti kan ramadamu ta'uu isaa kan ifatti agarsiisu dha[53]

Gaaffiileen mirgaa shamattootaa akka dantaa dhuunfaatti ilaalamanii shamattootni dhuunfaan yookin gareen mirga isaanii akka kabajchiifatan tumaaleen labsichaa agarsiisan ni jiru. Labsii lakk. 813/06 kwt. 14 /5/ fi 20 /2/fi /3/ jalatti akkuma ka'ametti shamattootni miidhaa isaanirra gaheef tumaalee SHH, akka fakkeenyaatti kutaa itti gaafatamummaa waliigalteen alaa caqasuun mirga isaanii gaafachuu ni danda'u.[54] Armaan gaditti gahee qaamoleen gara garaa adeemsa mirga shamattootaa eegsisuu keessatti qaban ilaalla.

[49] Akkuma olii 14
[50] Akkuma olii : 15
[51] Akkuma olii : 16
[52] Akkuma olii : 26
[53] Akkuma olii :27
[54] Akkuma olii :28

2.6.1. Gahee Abbaa Taayitaa Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Shamattootaa

Abbaan Taayitaa DD fi ES aangoowwan Labsii lakk. 813/06 kenname keessaa inni tokko aangoo qorannoo gaggeessuu, aangoo falmuu yookin himannaa dhiyeessuu fi tarkanfii bulchiinsaa fudhachuuti. Aangoon qorannoo gaggeessuu kunis dhimmoota labsichaan walqabatan irratti gahee poolisiin qorannaa yakkaa gaggeessuuf qabu kan bakka bu'u dha. [55] Himannaa dhiyeessuu ilaalchisee abbaan taayitichaa dhaddacha bulchiinsaa *'administrative tribunal'* mataa isaatti ykn manneen murtii federalaatti namoota tumaa labsichaa cabsan himachuuf aangoon kennameeraaf. Qaamni abbaa taaytichaa himannaa dhiyeessuuf itti gaafatamummaa qabus dhaddacha bulchiinsaa abbaa taayitichaa irraa ajaja dhoorkaa gaafachuu akka danda'u labsichi ni kaa'a.

Abbaan taayitichaa dhimmoota gara garaa ilaalee murteessuuf aangoon kan kennameef yoo ta'u, isaan keessaa ajaja dhorkaa yookin uggurrii kennuu, kanfaltiin raawwatame akka deebi'u murteessuu (refund), meeshaan akka jijjiiramuuf ajajuu, adabbii maallaqaa fi beenyaa murteessuu, kkf kan dabalatu dha. Gaaffiin dhorkaa fi adabbii maallaqaa qaama abbaa taayitichaa himannaa dhiyeessuun dhiyaachuu kan qabu yoo ta'u meeshaan akka jijjiiramu ykn beenyaan akka murtaa'u kan gaafatan garuu shamattoota ykn waldaalee shamattootaa fi kkf ta'uu danda'u. [56]

Dhaddachi bulchiinsaa abbaa taayitichaas hojii isaa kana yeroo hojjetu adeemsi SDFHH. hordofuu qaba. Labsichi nama murtii dhaddacha bulchiinsaatiin kennamurratti komii qabuuf qaama oliyyannoon simatee ilaalu hundeesseera. Murtii dhaddacha bulchiinsaatiin kennamu irratti namni komii qabu Mana Murtii Waliigala Federaalaatiif oliyyannoo dhiyeeffachuu kan danda'u dogongorri seeraa yoo jiraate qofa akka ta'ee kwt. labsichaa 39/2/ irraa hubachuun ni danda'ama. Dogogorri seeraa bu'uuraa yoo jiraate immoo Dhaddachi ijjibbaataa MMWF ni ilaala.[57] Itti-gaafatamummaa waliigalteen alaa ilaalchisee dantaa shamattootaa kabajchiisuuf himannaan kan dhiyatu akkuma himannaa hariirooo hawaasaa kamiyyuu manneen murtii aangoo qabaniif ta'a.

[55] Akkuma olii miiljalee lakk. 48
[56] Miiljalee lakk. 31
[57] The Federal Courts Proclamation, Proclamation N0 25/1996, Kwt 3,5 fi 9.

2.6.2. Aangoo fi Gahee Manneen Murtii Idilee

Dhimmoota dorgommii daldalaatiin walqabatan irratti dhaddachaaleen abbaa seeerummaa *'adjudicative benches'* Abbaa Taayitaa Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Shamattootaa Federaalaa tarkaanfiiwwanii fi adabbii bulchiinsaa akka murteessan aangeffamaniiru. Kunis Labsii lakk. 813/2006 kwt 32 fi 42 jalatti kaa'ameera. Kanaaf, manneen murtii idilee dhimmoota bulchiinsaa fi hariiroo hawaasaa dorgommii daldalaan walqabatanii fi cabiinsa tumaalee labsichaa kutaa 2 kwt. 5- 13/ jala jirani simatanii ilaaluu hin danda'ani. Cabiinsa tumaalee labsichaa mirga shamattootaa fi taamsa'ina meeshaalee ykn tajaaajilootaan walqabatanii fi kwt. 14-26 tiin tumaman ilaalchisee miidhaa dhaqqabuun walqabatee gaaffii beenyaa dhiyaatu magaalota Finfinnee fi Dirredawaatti kan ilaalan bu'uura kwt. 32/1/c/tiin dhaddachaalee abbaa seerumma abbaa taayitichaati. Kana jechuun magaalota kanneen keessatti manneen murtii idilee cabiinsa tumaalee kutaa sadaffaa eegumsa shamattootaafi tamsaasa meeshaalee daldalaa fi tajaajilaa waqabatee miidhaa dhaqqabuuf gaaffii beenyaa dhiyaatu ilaaluuf aangoo hin qabani.

Naannolee kaawwan biroo keessatti labsichi aangoo kana dhaddachaalee abbaa taayitichaatiif kennee hin jiru. Qaamoleen abbaa seerummaa eegumsa shamattootaa sadarkaa naannootti hundaa'uu danda'anis gahee kana kan taphatan ta'uu danda'u. Seeraan ifatti aangoon kun qaama ta'e tokkoof hanga hin kennamnettiifi qaamni gahee kana taphatu hanga hundaa'utti garuu magaalota Finfinnee fi Dirreedawaan alatti manneen murtii idilee gahee seera kanneen hiikuu akka hin qabaanne waanti dhoorku hin jiru.[58]

Akkasumas, labsichi keewwata 34 jalatti naannooleen dhaddachaalee abbaa seeerummaa Abbaa Taayitaa Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Shamattootaa akkuma barbaachisaa ta'etti hundeessuu akka danda'an kaa'ee jira. Keewwanni kun naannooleen dhaddacha bulchiinsaa kana akka hundeessan kan dirqisiisuu miti. Yoo barbaachisaa ta'e qofa dhaddacha kana hundeessuu akka danda'an kan aangeessudha. Kun immoo naannoolee keessatti tarkaanfii fi adabbii bulchiinsaa murteessuun aangoo manneen murtii idilee akka ta'e namatti mul'isa. Karaa biraa immoo hanga naannooleen barbaachisummaa isaa irratti hundaa'uun dhaddachaalee bulchiinsaa kana

[58] Milkii Makuriyaa, Moojulii Leenjii Sirna Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa shamattootaa Biyya keenyaa, kan fooyya'e, Gurraandhala 2007,Ilqso. fuula 73

hundeessanitti aangoon dhimmoota kana ilaaluu kan manneen murtii idileeti jechuun ni danda'ama.

2.6.3. Aangoo fi Gahee Waajjira Haqaa fi Adeemsa Himannaan Itti Dhiyaatu

Labsii 813/06 keessatti gochaawwan itti gaafatamummaa yakkaa hordofsiisan yeroo raawwatamanii argaman qorannoo yakkaa gaggeessuuf akkasumas himannaan akka banamu murteessuuf qaama aangoo qabu labsichi agarsiisuuf yaaleera. Labsicha keewwata 36/1/ jalatti abbaan taayitichaa odeeffannoo qaama biraa irraa ykn mataa isaatiin argatu bu'uureffachuun tumaaleen labsichaa keewwata 43 /1/ fi /7/ cabuu fi balleessaan adabbii yakkaa hordofsiisu bakka kamittiyyuu raawwachuu yoo hubate akkasumas keewwattootni labsichaa 43/2/, /3/, /4/, /5/ ykn /6/ magaalota Finfinnee fi Dirre Dawaa keessatti cabuu yoo amane qorannaa akka gaggeessuu fi Mana Murtii Federaalaa aangoo qabuufis himannaa akka dhiyeessu kan aangeffame abbaa alangaa abbaa taayitichaa akka ta'e kwt. 36/1/a/ fi /b/ fi 37/1/b/ jalatti teechifameera. Kana jechuun bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Dirre Dawaa keessatti gochaawwan tumaalee labsichaatiin dhoowwaman waan raawwatamaniif abbootii alangaa idileetiin himannaawwan dhiyaachuu danda'an hin jirani jechuu dha. Naannolee biroo irratti Seera Yakkaa RDFI bara 1996 bahe kwt 211/1/n aangoon himannaa yakkaa dhiyeessuu abbaa alangaa idileetiif kenname seeraan hanga irraa hin fudhatamnetti abbaan alangaa idilee cabiinsa tumaalee kutaa 3ffaa labsichaa kwt. 43/2/, /3/, /4/, /5/ yookin /6/ jalatti adabsiisan ilaalchisee qorannoo gaggeessuu fi himannaa dhiyeessuu irraa waanti daangessu hin jiru.[59]

2.6.4. Aangoo fi Gahee Waajjiraalee Poolisii

Labsii lakk. 813/06 kwt 36 /4/ fi /5/ jalatti abbaan taayitichaa tumaaleen labsichaa cabuu fi dhiisuu qorannoo kan gaggeessu oofisera qorannoo mataa isaa fayyadamuun akka ta'e teechifameera. Oofiserri qorannoo gahee poolisiin qorannoo yakkaa keessatti qabuun hojii walfakkaataa kan raawwatu dha. Innis, meeshaalee daldalaa seeraan ala kuufamanii argaman ykn

[59] Akkuma olii, miiljalee lakk. 58 fuula 76

geejjibsiifamaa jiran to'annaa jala oolchuu, ajaja qabiinsaa yookin sakatta'iinsaa dhaddacha abbaa seerummaa abbaa taayitichaa irraa gaafatee argachuu kkf kan dabalatu labsicha /kwt 36 /3/ fi /5/ irraa hubachuun ni danda'ama.

Akkuma gochaa yakkaa kamiiyyuu qaamoleen poolisiis yakkoota hojimaata daldalaa fi eegumsa shamattootaa irratti raawwataman dursanii ittisuuf, erga raawwatame boodas gochaa yakkaa sana qorachuun qulqulleessuufi shakkamtoota seera fulduratti dhiyeessuuf, murtiin kenname raawwatiinsa akka argatu murannoo fi amanamummaan hojjechuuf akkasumas dirqamoota biroo seera deemsa falmii yakkaatiin irratti gataman mara bahachuuf itti gaafatamummaa ni qabaatu.

Kana malees, bu'uura labsicha kwt 36/2/ jalatti tumameen abbaan taayitichaa wayita qorannaa gaggeessu barbaachisaa ta'ee yoo argame Komishinii Poolisii Federalaa yookin Komishinii Poolisii Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee yookin Dirre Dawaa jala humnoota jiran ajajuu akka danda'an tumameera. Haa ta'u malee, abbaan alangaa abbaa taayitaa Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Shamattootaa bu'uura kwt. 36/1/a/ tiin yeroo naannoolee keessatti qorannoo gaggeessu humna poolisii naannoo jala jiru akka ajaju labsichi hin aangessine.

Cabiinsa tumaalee labsichaa aangoon himannaa dhiyeessuu isaanii naannolee irratti abbaa alangaa abbaa taayitaa DD fi ES tiif ifatti hin kennamne irratti akkuma dhimma yakkaa kamiiyyuu poolisiin qorannoo abbaan alangaa gaggeessu keessatti hirmaachuu waanti dhoorku hin jiru.[60]

[60] Akkuma olii miiljalee lakk 58 : fuula 77

BOQONNAA SADII

XIINXALA FI ARGANNOO

Mirga shamataa kabachiisuu wajjiin wal qabate rakkoon qabatamaan akka naannoo Oromiyaatti mul'atu maal fakkaata isa jedhu hubachuun hanqinaalee jiran furuufi rakkoowwan mudachaa jiran xiqqeessuufi mirgi shamattootaa akka kabajamuu fi nageenyii fi fayyummaan isaanii akka eegamu gochuuf faayidaa guddaa ni qabaata. Kaayyoon qorannoo amma gaggeeffamaa jiru kanaas mirga shamattootaa eegsiisuutiin wal qabatanii rakkoowanii fi hanqinaalee akka naannoo Oromiyaatti mul'atan adda baasuu fi yaada furmaataa akeekuu dha. Bu'uuruma kanaan daataawaan bifa gara garaan qaamolee dhimmi shamaataa kallattiinis ta'ee al kallattiin ilaaluu irraa maloota qorannoo gara garaatiin fayyadamuun sassaabaman xiinxaluun rakkoowan qabatamaan mul'atan agarsiisuu fi rakkoowwan kana furuuf maaltuu hojjatamuu akka qabu bifa kallattii agarsiisuun kan dhiyaatu ta'a.

Mirgi shamataa yaadrimee bal'aa fi mirgoota gara garaa shamattoonni qaban kan agarsiisu dha. Mirgoonni kunneenis sadarkaa idil addunyaattis ta'ee sadarkaa biyyoolessaatti beekamtiin kennameefi kan uwwisa seeraa qabanii dha. Seeraan uwwisa argachuun isaanii qofaa isaatti hojii irra oolmaa fi bu'a qabeessummaa isaanii kan mirkaneessu miti. Seerri jiraachuun isaa barbaachisaa fi dhimma bu'uuraa ta'us, seericha bifa barbaadamuun hojii irra oolchuuf haalli dandeechisu jiraachuu fi dhiisuu isaa sakkata'uun daran barbaachisaa dha.

Seerri akka hojii irra ooluuf caasaan diriiree fi qaamoleen hojii irra oolmaa seeraatiifi kabajama mirga shamattootaa eegsisuuf itti gaafatamummaa qaban gahee isaanii beekanii kutannoon hojjachuu irratti maal fakkaatu isa jedhu adda baasuun faaayidaa qabeessa dha.

Dhimmoota ijoo qorannoo kana keessatti deebii argachuu qaban deebisuuf xiyyeeffannaa argachuu qaban keessaa inni tokko sadarkaa hubannoon ogeeyyii qaamolee gara garaa dhimma kana keessatti kallattiinis ta'ee al kallattiin hirmaatan biratti argamu ta'uu isaa dhimma hubatamu dha.

Bu'uura odeeffannoo argameen hubannoo ogeyyiin gara garaa qaban madaaluuf yaaliin kan taasifame yoo ta'u, akka armaan gaditti kan dhiyaatu ta'a. Hojii irra oolmaa seeraafis ta'e galmaan gahiinsa hojii mirga shamataa kabachiisuuf hojii hojjatamu keessatti hubannoon waa'ee dhimma sanaa ogeeyyi bira jiru murteessaa dha. Bu'uuruma kanaan ogeyyii sadarka sadarkaadhaan jiraniif hubannoo dhimma mirga shamattootaa fi seera irratti qaban ilaalchisee gaafii dhiyaatef deebiin laatame kan armaan gadiiti.

3.1. Xiinxaala:

3.1.1. Hubannoo Ogeeyyii Qaamolee Haqaa

Daataa bifa bargaaffiitiin qaamolee haqaa (abbootii seeraa, abbootii alangaa fi poolisii idilee) irraa sassaabamee ilaaluu akka dandeenyutti ogeeyyii sadarkaan hubannoo isaanii daran ol'aanaa, ol'aanaa fi giddu galeessa jechuun akka sadarkeessan gaafataman **150** ta'an deebiin kennan gabatee armaan gadii keessatti kan agarsiifame dha. Kana keessaas hirmaattonni 136 yaada kennaniiru.

Gabatee 1. Daataa sadarkaa hubannoo irratti ogeeyyii qaama haqaan deebii kenname agarsiisu

Gaaffii	**Sadarkaa Hubannoo**	**Baayi'ina**	**%**
Hubannoo waliigalaa dhimma eegumsa mirga shamattootaa fi seerota irratti qabdan akkamitti ibsitu/sadarkeessitu?	**Daran Ol'aanaa**	**0**	**0**
	Ol'aanaa	**22**	**16%**
	Giddu galeessa	**88**	**64%**
	Gadi aanaa	**26**	**19%**

Sadarkaa hubannoo ogeeyyii haqaa bira jiru garaa garummaa guddaa kan qabu ta'us akka waliigalatti walitti qabnee yoo ilaallu kan gabatee armaan olii keessatti kaa'ame fakkaata. Ogeyyii sadarkaa hubannoo dhimma mirga shamataa fi seerota walqabatan irratti qaban akka sadarkeeffatan gaafataman keessaa namoonni irra caalaan (lakkoofsaan **88 (%64/)** ta'an Giddu galeessa jechuun kan ibsan yoo ta'u, sadarkaan hubannoo isaan dhimmicha irratti qaban sadarkaa barbaadamu irra kan hin geenye ta'us waa'ee dhimmichaa bifa gara garaan odeeffannoo kan argatan ta'uu isaanii hubachuun ni danda'ama. Ogeyyiiin **%16** ta'an immoo sadarkaa hubannoo isaanii ol'aanaa jechuun kan ibsatan yoo ta'u ogeeyyiin kunneen baay'inaan dhimma kana irratti kan leenjii fudhatanii fi galmeewwan fi dhimmoota kana wajjiin wal qabatan irratti kan muuxannoo qaban ta'uu isaanii odeeffannoo dabalataa kenname irraa hubachuun ni danda'ama. waa'ee dhimmichaa fi haala qabatamaa jiru irratti immoo hubannoon isaan qaban gadi aanaa ta'uu isaa ogeeyyiin ibsan namoota **26 (19%)** yoo ta'u akka waliigalatti hubannoon waa'ee mirga shamataa, yaadrimee isaa fi seerota jiran irratti qaban xiqqaa ta'uu isaa kan agarsiisu dha.

Sadarkaa hubannoo fooyyee qabu ogeeyyiin haqaa qaban bifa adda addaatiin waa'ee mirga shamattootaa fi labsii irratti leenjii kennamaa ture keessaattu Instiitiyuutii Leenjii Ogeeyyii Qaamolee Haqaa fi Qorannoo seeraa Oromiyaatiin kennamaa ture irratti kan hirmaatan yoo ta'an, sadarkaa ol'aanaa isa jedhu kan filatanii fi dhimmoota seerichi hammatee fi haala qabatamaa hojii irra jiru ilaalchisee hubannoo gaarii kan qabanii dha. Sadarkaa hubannoo daran ol'aanaa jedhu ogeeyyiin filatan hin jiran. Ogeeyyiin waa'ee mirga shamaataa fi seerota jiran dhagahuu

irra darbee hubachuu fi itti hojjachuu hin dandeenye immoo sadarkaa hubannoo isaanii gad aanaa jalatti kan tarreessan yoo ta'u beekumsa dhimma shamataa irratti isaan gahuumsaan hojjachiisuu danda'u kan hin qabne ta'uu isaanii kan agarsiisu dha.

Odeeffannoon bifa afgaaffiitiin argamanis yaadolii armaan olitti teechifaman haala gaarii ta'een kan agarsiisuu danda'anii dha. Hooggantoota wajjiin afgaaffii taasifameen hubannoo ogeeyyiin qaban irratti yaada kennanniin hubannoon walfakkaatu akka hin jirree fi ogeeyyiin leenjii argatan biratti hubannoon gaariin kan jiru ta'uu isaa; ogeeyyiin biroo garuu sadarkaa barbaadamuun hubannoo kan qaban akka hin taane ni ibsu.[61] Hubannoon muraasni ogeyyiin leenjii hin arganne qaban dubbisuu fi dhimmoota mana hojii keessatti mari'atamu irratti yaadolii ka'aniin waan ta'eef hubannoo quubsaa ta'e akka hin qabanne ni kaasu.[62]

Mana hojii tokko keessatti garaa garummaan akkuma jirutti ta'ee qaama haqaa tokkoo irraa kan biraatti garaagarummaan jirus kan bal'inaan mul'atu dha. Garaa garummaan kun jiraachuun isaa wal hubannaan qaamolee haqaa gidduu jirus wal fakkaataa akka hin taane gochuu keessaatti gahee guddaa kan xabatu ta'a. Akka fakkeenyaatti ogeeyyii poolisii biratti baay'inaan dhimma mirga shamataa wajjiin wal qabate ka'u raabsaa meeshaalee bu'uuraa irratti bifa xiyyeefateen akka ta'e ka'eera.[63]

3.1.2. Hubannoo Qaamolee dhimmi Ilaalu Biroo:

Hubannoo ogeeyyii BDMG ilaalchisee hubannoon walfakkaataan akka kan jirree yoo ta'u sadarkaa naannotti hubannoon foyya'aan akka jiruu fi darbee darbee ta'u carraan leenjii argachuu akka jiru ibsameera.[64] Ogeeyyiin sadarkaa aanaa irra jiranis yaada kana ni cimsu. Hubannoon hanga ta'e jira. Kuni garuu hojii qixa barbaadamuun hojjachuuf gahaa miti.[65] Sadarkaa godinaa fi aanaatti leenjiin gahaan hin kennamu. Hubannoon gadi bu'aa akka ta'u godha. Ogummaa seeraas hin qaban waan ta'eef gama kanaan qaawwa guddaatu jira.[66] Dhimmoota ijoo ta'anii fi odeeffannoo akka irratti kennan gaafatamanis hordofuun deebii kennuu irratti hanqina qabu. Dhiimmoota akka beeksisa ummataa mootummaan baasu irratti odeeffannoo akka kennan qaama haqaatiin yeroo gaafataman deebii hin qaban.

---

[61] Abdulmannaan Aadam M/M aanaa Adaamii Tulluu, 24/05/08. Amballii Jeeylaan W/H/aanaa Adaamii Tulluu, 24/05/08. Takla Tsiyoon Girmaa W/H/aanaa G/Jaarsoo, 26/05/08

[62] Fiqaaduu Kabbadaa, WH Magaalaa Fichee 26/05/08. akkuma olii

[63] Lammii Bortolaa WPM Baatuu, 24/05/08 Fiqaaduu, Kabbadaa, Kadiir Siraaj

[64] Hirkisaa Diinsaa, BDMG Oromiyaa 5/05/08

[65] Zufaan Mogas WDMG aanaa A/Tulluu,25/05/08 Makonnin Baqqalaa, WDMG aanaa G/Jaarsoo, 26/05/08. Kaasaahuun Lammaa WDMG Magaalaa Jimmaa, 1/06/08

[66] Habiib Qaabatoo, WDMG Magaalaa Baatuu, 25/05/08. Nasruu Abbaa Zinaab, WDMG aanaa Maannaa,03/06/08 Mul'ataa Addunyaa WDMG aanaa Sulultaa, 15/06/08. Fiqaaduu lammaa , Saaraa Araggaa, Gaaddisaa Damee, WDMG, magaalaa Fichee, 27/05/08

Bifuma Walfakkaatuun miseensonni koree gabaa tasgabbeessuu keessatti hirmaatanis hubannoon dhimma mirga shamattootaa irratti qaban baay'ee gadi aanaa fi akka koreetti wanta bu'a qabeessa ta'e akka hojjatan kan isaan dandeessisu miti.[67]

Waldaalee shamattootaa birattis haala jiru yoo ilaallu; seeraa fi mirgoota bu'uuraa shamattootaa irratti hubannoon qaban baay'ee gadi aanaa fi iddoo tokko tokkotti seerri iyyuu jiraachuu isaa hubannoo akka hin qabne afgaaffii gaggeeffame irraa hubachuun danda'meera. Miseensota koree waldaaleefis ta'e miseensota isaaniif leenjiin haalli itti kennamu kan hin jirree fi waltajjiiwwan argamanis dhimmoota raabsaa meeshaalee bu'uuraa irratti xiyyeeffachuun kan irratti dubbatamu ta'uu isaa hubatameera.[68]

3.1.4. Caasaa Mirga Shamattootaa Eegsiisuuf Diriire Ilaalchisee

Akka naannoo Oromiyaatti caasaan mirga shamattootaa eegsisuu kaayyeeffatee socho'u qaama Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa jalatti sadarkaa adeemsatti kan argamuu fi Adeemsa Dorgommii Daldalaa fi Dantaa Fayyadamootaa jedhamuun hundaa'ee hanga aanaatti kan diriiree dha. Hojiiwwan ijoo adeemsichi akka hojjatu irraa eegaman hubannoo uumuu, komii fudhachuu fi kessummeessuu, Raabsaa meeshaalee bu'uuraa irratti hojjachuu, mirga fayyadamtootaa irratti qo'annoo fi qorannoo gaggeessuu[69] yoo ta'an dabalataan meeshaalee gabaaf dhiyaatan to'achuu fi qulqullina isaanii hordofuu dha.[70]

Caasaan kun akka adeemsattii jiraachuun isa hangam bu'a qabeessa akka ta'ee fi faayidaa fi dantaa fayyadamtootaa kan eegsisuu dha moo miti isa jedhuu fi hubannoon waa'ee caasaa diriiree jiru kanaa ija ogeeyyiitiin akka armaan gaditti ibsmeera.

Sadarkaa naannoo Oromiyaatti caasaa mirga shamattootaa eegsisuuf diriirfame ilaalchisee hubannoo gama ogeeyyii qaamolee haqaatiin jiru sakkata'uuf odeeffannoo argameen namoota bargaaffii guutan **141** ta'an keessaa namoonni **40 (28%)** hubannoo isaa akka qaban kan ibsan yoo ta'u ogeeyyiin **101 (71.6%)** ta'an immoo waa'ee caasaa diriiree jiruu hubannoo gahaa hin qabnu jechuun deebisaniiru. Miidhaa shamataa irra gahuuf caasaan diriire ogeeyyii haqaa biratti haalli iiti hubatamu garaa garummaa qabaatus akka waliigalatti ogeeyyiin hubannoon qaban laakkofsaan gad aanaa ta'uu isaanii ilaaluun ni danda'ama.

---

[67] Afgaaffii ogeeyyii qaamolee haqaa wajjiin gaggeeffame irratti baay'inaan kan ka'ee fi hojii isaanii qixa barbaadamuun akka hin hojjanne kan isaan taasise hubannoo fi barbaachisummaa seerichaa irratti beekumsa dhabuu isaanii akka ta'e ka'eera. Kanas akka miseensa koreetti ogeeyyiin qaama haqaa poolisii fi abbaan alangaa kan itti hirmaatanii dha.

[68] Afgaaffii hooggantoota waldaa shamattootaa wajjiin gaggeeffame hunda irratti hubannoon jiru gad aanaa akka ta'e ibsameera. Waa'ee mirga shamataa qorataadhaan yeroo gaafatamanis akka hin beekne ibsaniiru. Yaa'ii waliigalaa irrattis dhimmoota waldaa illaalatantu mariif dhiyaatu malee waltajjiin dhimma kanaaf jedhamee qophaa'u akka hin jirre kaasaniiru.

[69] Hirkisaa Diinsaa, Kadiir Hammuu BDMGO 05/05/08. Adeemsa Dorgommii Daldadalaa fi Eegumsa Fayyadamtootaa

[70] Zufaan Mogas, BDMG aanaa Adaamii Tulluu 25/05/08,

Caasaa diriree wajjiin wal qabate ammas caasaan diriire jiru kun mirgaa fi faayidaa shamataa eegsisuu dandeechisaa? gaaffii jedhuuf namootni **11(7.8%) eeyyee** yoo jedhan namoonni **82(58%)** ta'an immoo caasaan diriiree jiru mirga shamataa eegsisuu kan danda'u miti jechuun deebii kennaniiru. Ogeeyyiin waa'ee caasaa diriiree hubannoo gahaa hin qabnu jedhan caasaan diriire bu'a qabeessa akka hin taane ibsan dabalataa kennan haalli qabatamaan jiru ni agarsiisa jedhu. Mirga shamataa mirga hundaa ta'ee osoo jiruu yeroo xiyyeeffannaan kennameefi itti hojjatamu hin agarre. Kunis bu'a qabeessummaa adeemsa jiruu kan gaaffii keessa galchu akka ta'e kaa'u.

Rakkoowwan caasaa diriiree jiru wajjiin wal qabatanii jiran maal fa'a akka ta'an ogeeyyiin kan ibsan yoo ta'u kunis caasaan diriire akka caasaatti jiraachuu irra darbee faayidaa fi mirga fayyadamtootaa bifa eegsisuu danda'uun hubanoo, hordoffii fi leenjiin hin deeggaramne. Kana malees caasaan jiru ummanni akka beekee itti fayyadamu ifa ta'ee hin ijaaramne. Haalli kun immoo caasaan jiru dhaqqabamaa akka hin taane taasisee jira. Komiin ummata irraa ka'u bifa salphaa ta'een akkaataan itti keessummaa'u hin diriirre. Akkasumas sirni itti gaafatamummaa diriirsuu irrattis hanqinni ni mul'ata. Yaadni kanaan walqabatee ka'e kan biraa immoo rakkoo qabatamaan mul'atu furuu irratti caasaan jiru bu'aa qabeessa akka hin taane kan ibsu dha.

Bu'a qabeessummaa caasaa diriiree jiru ilaalchisee afgaaffiidhaan odeeffannoo sassaabame yoo ilaallu hanqinaaleen gara garaa kan mul'atan ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama.

Caasaan diriiree jiru gahaa miti, kunis rakkoon baajataa, loojistiiksii fi humna namaa wajjiin walqabate ta'uu danda'a. Adeemsi gubbaa (birroo irraa karoorfamee) dhufu akka hojii irra oolu kan ta'u hordoffii fi haalli mijataa yoo jiraate qofa. Kun immoo qabatamaan hin mul'atu. Ogeeyyii gahuumsa qaban dhabuufi gadi bu'anii hojiin sadarkaa aanaa fi gandaa irratti hojjatamaa jiru maal akka fakkaatu hordofuu irratti qaawwi jira.[71] Osoo caasaan bu'a qabeessa ta'ee waan fooyye qabuufi jijjiirama qabatammaan mul'atu arguu ni dandeenya turre. Hawaasaaf baruumsa kennuu fi hubannoo uumuun hojii ijoo ta'uun isaa irraanfatameera. Haalli qabatamaan jiru caasaan diriire bu'a qabeessa akka hin taane agarsiisa.[72] Akka waliigalatti caasaa diriiree jiru hubannoo ummataatiin yeroo madaallu bu'a qabeessa dha jechuun hin danda'amu.[73]

Rakkoowwan caasaa diriree wajjiin walqabatanii jiran hojimaata jirus kan dabalatanii dha. Kunis caasaan jiru iftoomina dhabuu, walbeekuu fi walitti hidhamiinsaan kan hojjatu ta'uu[74] odeeffannoo meeshaalee to'annoo jala oolan ilaalchisee eeyyama qabaachuuf qabaachuu dhiisuu isaanii irratti gaafatamaniif deebii kennuu irratti hanqina qabaachuu fi ibsa ogummaa kennuu diduun ni jira.[75]

[71] Girmaa Awulaw, WHA Ada'aa 19/05/08, Zufaan Mogas
[72] Amballii Jeeylaan, Addunyaa Asfaaw, WHM Baatuu, 24/05/08
[73] Gannaa Hamiid, WHG Arsii 08/06/08, Lammaa Gizaachoo WHA/ sulultaa
[74] I/A/K.Nuuraa Shaafuu, WPM Asallaa, 07/06/08
[75] G/I/Yaziid A/Sinbii. WPM Jimmaa, 30/05/08

Akkaataan caasaan itti diriiree iyyuu bu'a qabeessa akka hin taane isa taasiseera ogeeyyiin jedhanis jiru. Akka adeemsaatti kan hundaa'eefii biiroo daldalaa jalatti ta'uun isaa sababa biiroon hojiiwwan ijoo baay'ee qabuuf dhimmichi xiyyeeffannaa barbaadu akka hin arganne godhee jira.[76]

Hojii fi kenna tajaajilaa adeemsichaa irratti gama ogeeyyiitiin odeeffannoon jirus hanqina kan qabu ta'uu isaa kan ibsan jiru. Darbee darbee yeroo dhaabbilee tajaajila kennanniifi hojii isaanii irratti hanqina agarsiisan cufuuf deeman gargaarsa nu gaafatu. Caasaa jiru irratti garuu Rakkoowwan gama adeemsa mirga shamattootaa eegsisuu wajjiin walqabatanii jiranii fi armaan olitti caqasaman ogeeyyiin Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa sadarkaa adda addaa irratti argamanis ni deeggaru. Odeeffannoo afgaaffii irraa kan hubatamus kanuma.[77]

Caasaan amma jiru mirga shamataa eegsisuuf gahaa miti. Ogeeyyii yaada bilchaataa kennan dhabuun jira. Dhimmi shamataa biiroo daldalaa keessa ta'uun isaatu xiyyeeffannaa akka hin arganne taasisee jira. Caasaan akkuma gadi bu'aa deemuun bu'a qabeessummaan isaas gadi bu'aa deema. Hojiin waajjirichi hojjatu baay'ee waan ta'eef, ogeeyyiin gahaan hin jiran. Nama tokkotu ramadama. Hojicha raawwachuuf namni tokko waan hin dandeenyeef ogeessi biraa gara kanaatti dhufee akka hojjatu taasifama. Kuni immoo hojiiwwan biroo waajjirichaa ni miidha.[78]

Yeroo bay'ee raabsaa meeshaalee bu'uuraa irratti akka xiyyeeffatu waan taasifameef mirga fayyadamaa qixa barbaadamuun kabachiisuu fi kaayyoo seerichaa galmaan gahuu hin dandeenye.[79]

Gama biraan caasaa kun guutumaan guututti bu'a qabeessa miti jechuun akka hin danda'amne ogeeyyiin kaasan jiru. Kunis caasaan dura diriire akka fooyya'u ta'ee qaama komii dhaggeeffatuu fi qoratu jedhu akka qabaatu taasifameera. Haata'uu malee ogeeyyiin gahaa tahan hin ramadamne. Yoo xinnaate dhimmoota bulchiinsaa (kan akka waldiddaa daldaltootaafii shamattoota giddutti ka'u akka furmamu gochuu wajjiin hojjachuu (negotiation), akkeekkachiisaa fi tarkaanfiiwwan adabbii yakkaan ala ta'an biroo daldalaa irratti fudhachuu, fi eeyyama raabsuu dhoorkuu, to'annoo fi kkf) furuuf caasaan jiru gahaa dha.[80]

Adeemsi kuni bifa barbaadamunis ta'uu baatu mirga fayyadamtootaaf akka hojjatuu gochuun ni danda'ama amantaa namoonni qaban jiru. Akka rakkoo guddaatti dhimmi ka'u odeeffannoo gahaadhaan deeggaramuu dhabuu fi ogeeyyii hubannoo gahaa qabaniin ijaaramuu dhabuu isaa

[76] Lammaa Gizaachoo, WHA Sulultaa 15/06/08
[77] Zufaan Mogas, WDMG aanaa A/Tulluu, Mul'ataa Addunyaa, WDMG aanaa Sulultaa, Kaasaahuun Lammaa, WDMG magaalaa Jimmaa, Kadiir Hammuu BDMGO Adeemsa dorgommii daldalaa fi eegumsa fayyadamtootaa.
[78] Mul'ataa Addunyaa, WDMG Aanaa Sulultaa, 15/06/08
[79] Kaasaahuun Lammaa, WDMG Magaalaa Jimmaa
[80] Hirkisaa Diinsaa,

irraa kan ka'e bu'a qabeessa ta'uu kan hin dandeenye ta'uu isaati. [81] Hojjachiisuu ni danda'a. Hanqinaalee mul'atan fooyyeessuun ummata akka tajaajilu gochuun ni danda'ama.[82]

3.1.5. Dhimmoonni Mirga Shammaattootaa Wajjiin Walqabatan Gara Qaama Haqaatti kan Dhiyaatan Ta'uu Isaanii:

Haala qabatamaa mirga shamattootaa naannoo Oromiyaa sakatta'uu wajjiin walqabatee dhimmoota jiran ilaaluuf wantoota nu dandeechisan keessaa tokko dhimmoonni mirgaa kunneen gara qaamolee haqaatti ni dhiyaatu moo hin dhiyaatan? yoo dhiyaatan bifa kamiin? baay'inaa qabuu? yoo hin dhiyaannee ta'e immoo sababoonni jiran maal akka ta'anii fi maal akka agarsiisan adda baasuun barbaachisaa ta'a.

Bu'uuruma kanaan hooggantootaa fi ogeeyyii qaamolee haqaatiif gaafiiwwan sarbamuu mirga shamataa wajjiin walqabatan ni dhiyaatu? jedhamee gaafatameef odeeffannoon kenname kan armaan gaditti ilaallu ta'a. Dhimmoonni mirga shamataa wajjiin walqabatan darbee darbee kan dhiyaatan ta'uu isaanii ogeeyyiin ni ibsu.[83]

Akka hooggantootaa fi ogeeyyii kanaatti dhimmoonni mirga shamataa wajjiin walqabatan seeraan ala geejjibsuu, meeshaalee daldalaa bu'uuraa irratti kan xiyyeeffatee fi bu'uura yakkaatiin kan dhiyaatan akka xiyyeeffannaa argatan ni ibsu.

Istaatikisiin raawwii yakka mirga fayyadamtootaa hin jiru. Yakkoonni kunneen qofaatti bahanii kan gabaafaman miti. Yakka daldala seeraan alaa jalatti gabaafamu waan ta'eef hanga isaa qofaatti baafnee kaa'uun hin danda'amu. Haata'uu malee raawwiin yakka daldala seeraan alaa dabalaa jiraachuu isaa irraa kaanee yoo ilaallu, mirga fayyadamtootaa wajjiin walqqabate haalli jirus adda ni ta'a jechuun hin danda'amu.[84]

Akka fakkeenyatti aanaa tokko tokko keessatti waggaa keessatti galmeewwan shan qofatu dhiyaate. Bu'uurri seeraa kallattiin itti fayyadamnu jiraachuu baatus qajeelfama Biiroo haqaa irraa nuuf kennameen labsii lakk. 813/06 tiin hojjanna. Qabeenyi qabamee ni dhufa. Furmaata kennuu dhabuun yakki akka babal'atu waan godhuuf tarkaanfii fudhachuun barbaachisaa ta'a. Xalayichi seera ta'uu baatus itti hojjatamaa jira.[85]

[81] Birhaanuu Dibaabaa, BDMG Magaalaa Asallaa, 07/06/08
[82] Nasruu A/Zinaab,
[83] Amballii Jeeylaan, W/H/Aanaa Adaamii Tulluu, Fiqaaduu Kabbadaa W/H/magaalaa Fichee, Gizaaw Haila Mikaa'eel , MMA Giraar Jaarsoo, 27/05/08. Habtaamuu Wadaajoo WHA Barraak, 06/06/08 Henook Maammuyyee M/M/Aanaa Ada'aa 11/06/08
[84] I/A/K/Qaaduu Aadam, KPO, 14/06/08 Naasir Huseen, MMWO, 17/06/08
[85] Isheetuu Asaffaa, WHA/Sabbataa Hawaas, 16/05/08

Iddoowwan tokko tokkootti immoo dhimmichi gara qaama haqaatti gonkumaa kan dhiyaatee hin beekne yoo ta'u, rakkoowwan gama kanaan darbee darbee mul'atan tarkaanfiin bulchiinsaa akka fudhatamu jedhamanii gara Waajjira Daldalaa fi Misooma Gabaatti haalli itti ergaman jira. [86]

Odeeffannoo ogeeyyiin kennaniifi haala waliigalaa yoo ilaallu, dhimmoonni mirga fayyadamtootaa wajjiin wal qabatan kan jiranii fi hawaasa biratti komiin guddaan kan irratti ka'u ta'us, akka raawwii isaanitti gara qaama haqaatti kan hin dhiyaanne ta'uu isaanii hubanchuun ni danda'ama. Kunis lakkoofsa galmeewwanii fi himannaa manneen murtii, eeruu poolisii fi abbaa alangaatiif kenname irraa ilaaluun kan danda'ame dha.

Yakkoonni mirga fayyadamtootaa wajjiin walqabatan akka baay'ina itti raawwatamanitti gara qaama haqaatti dhiyaachaa kan hin jirre ta'uu isaanii kan agarsiisuu dha.

Gaaffii mirgaa wajjiin walqabate bifa komii fi iyyannaatiin dhimmoonni gara Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Adeemsa Dantaa Fayyadamtootaa biratti kan dhiyaatan ta'uu isaa ilaaluuf yaalameera. Komiiwwan kan dhiyaatan ta'uu isaa keessattuu gatii dabaluu, meeshaalee bu'uuraa fa'a irratti fi dhimmoonni gaditti furmaata hin argannes gara olitti akka dhiyaatan taasifama. Gara qaama seeraatti kan deeman xiqqaa dha.[87]

Waltajjiiwwan gara garaa irratti bifa komiitiin baay'inaan kan ka'u yoo ta'u, hangaa fi qulqullina meeshaalee dhiyaatan irratti, gabaa dhabamuu oomishaalee irratti keessattuu sukkaara, fi daldlatoonni hayyama qaban akka hirmaatan maaliif akka hin taasifamne ummanni ni gaafata.[88]

3.1.6. Seera fi Hojii Irra Oolmaa Isaa:

Akkuma armaan olitti caqasametti hubannoo seeraa ilaalchisee ogeeyyii irraa odeeffannoon argame akka agarsiisutti sadarkaan hubannoo jiru gahaa akka hin taanee fi bifa walfakkaatuun kan hin jirre ta'uu isaati. Haala qabatamaa hojii irra oolmaa seerichaa maal fakkaata isa jedhuu fi rakkoowwan qabatamaan mul'atan ija ogeeyyiin akkamitti ilaalamu isa jedhuu ilaaluun bu'a qabeessa dha sababni isaas rakkoowwan qabatamaan isaan muudachaa jiran irraa ka'uun kan ibsaman waan ta'aniifi.

Qaawwa gama seeraan jiru ilaalchisee rakkoon ykn hanqinni jiru fi hojii keessatti irratti dhiibbaan fide jiraachuu isaa hubachuuf bargaaffii dhiyaate irraa akka ilaaluun danda'amutti, ogeeyyii **148** keessaa **77 (%52.7**) seerri qaawwa ni qaba Eeyyee jechuun kan deebii kennan yoo ta'u, iftoominni gama seeraattin jiraachuu malu dhabamuun isaa hubannoo isaanii irrattis dhiibbaa akka qabu ni ibsu. Nammoonni **24 (%16.4)** ta'an immoo Lakki seerichi rakkina hin qabu, rakkoon mul'atu raawwachiisuu wajjiin walqabate kan jiru dha jechuun yoo ibsan

[86] Addunyaa Asfaaw, Takla Tsiyoon, Sh/kaabaa s
[87] Hirkisaa Diinsaa
[88] Mul'isaa Addunyaa, Nasruu A/Zinaab,

ogeeyyiin **45 (%30)** ta'an immoo hanqinni gama seeraatiin jiraachuuf jiraachuu dhabuu isaa irratti hubannoo hin qabnu jechuun ibsan.

Ogeeyyiin hanqinni ykn qaawwi gama seeraatiin jiruu fi hojii keessatti rakkina fide jira jechuun ogeeyyiin deebisan hanqinni jiru maaliin ibsama isa jedhuuf yaada dabalataa ni kaa'u. Yeroo gabaabaa keessatti kan raawwatamu ta'uu dhabuu,[89] tarkaanfii bulchiinsaa fi kan seeraan fudhatamuu qabu ifa ta'uu dhabuu, qaamolee dhimma kana wajjiin walqabatee hanga gaditti jiran ifatti hundeessuu dhabuu, manneen murtii idilee naannoo mirga shamataa ilaaluu qabu moo hin qaban isa jedhu ifa gochuu dhabuu, naannoowanis seera ofii isaanii baafachuu danda'u jedhee dhiisuu isaa fi sadarkaa naannootti seerri osoo hin bahin hafuun isaa akka rakkootti kan ka'anii dha.

Dabalataan odeeffannoo afgaaffiin argame irraa akka hubatamuu danda'amutti ogeeyyiin sadarkaa adda addaa irratti argamanis seera wajjiin walqabatee rakkoowwan qabatamaan mulatan ni jiru yaada jedhu deeggaruun deebii kennu. Akka ogeeyyii kanaatti qaawwi gama seeraan jiru dhiibbaa guddaa kan qabu dha. Ejjannoon gara garaa akka jiraatu karaa banuu isaa kaasu.[90] Bu'urrii seeraa jiraachuu dhabuu isaatiin xalayaadhaan[91] barraahee akka itti hojjatamu jedhamuun isaa dhimmichi bifa siyaasaa akka qabaatu godhee jira. Manneen murtii fi waajjirri abbaa alanagaa akkamitti bu'uura seeraatiin ala hojjatu (ajajamu) gaaffii jedhu kaasa.[92]

Gama biraan akka ogeeyyii qaama haqaatti seerichi naannooleen dhaddacha bulchiinsaa ofii isaanii hundeeffachuu ni danda'u kan jedhame kaa'ame rakkoon fide jira. Kunis aangoo ifatti nuuf hin kennameen hin hojjannu jechuun ni mul'ata. Dhimmoota 813/06 jalatti dhiyaatan aangoo wajjiin wal qabate seera yakkaa kwt 433 jalatti himachuu jalqabneerra.[93]

Komiin seera wajjiin walqabatee ka'u kan biraa immoo hawaasni dhimma kiyya jedhee ilaaluu dhabuu isaati. Seerrichi hawaasa keessaa hin baane. Seera ummata keessaa ka'e osoo hin taane kan alaa gara ummataatti dhufe ykn *'Implant'* ta'ee dha. Gara hawaasaatti gadi hin buune. Seerri akka seera dhiimichaaf uwwisa kennetti jiraachuun isaa gaarii ta'us bu'a qabeessa ta'uu irratti garuu rakkoon guddaan jira.[94]

Kana malees tumaaleen gara garaa seerichaa iftoomina dhabuu irraa kan ka'e hojii irra oolmaa isaanii wajjiin walqabatee rakkoon kan mul'atu ta'uu isaas ogeyyiin ni kaasu. Fakkeenyaaf kutaa

[89] Fkn namni karaa deemaa jiruu fi meeshaa ykn tajaajila hanqina qabu bite ykn fayyadame furmaataa yeroo gabaabaa keessatti akka argachuu danda'u kan taasisu miti yaada jedhutu ka'a.
[90] Girmaa Awulaw, W/H/A/Ada'aa, Abeebee Guutaa, W/H/magaalaa Sandaafaa Bakkee
[91] Xalayaa lakk. Biiroo PP Mootummaa Naannoo Oromiyaa irraa barraaheen qaamoleen haqaa dhimma dantaa fayydamtootaa akka ilaalan
[92] Mul'isaa Abdiisaa, BHO,25/06/08
[93] Abdulsamad Mahaammad, W/H/A/Xiyyoo, 08/06/08. Kadiir Hammuu, BDMGO
[94] Amballii Jeeylaan, W/H/A/Adaamii Tulluu,

labsichaa Keewwata 34 jalatti jechi hanga faayidaa maatiif ta'u ykn 'fijootaa' jedhu hangam jechuuf akka ta'e ifa miti.[95]

Daandii eeyyamameen ala geejjibsuu sababa jedhuun kan qabaman jiru. Haata'uu malee karaan ala geejjibsuu inni jedhu akka seeraatti ifa miti.[96]

Seerichi hangam hojii irra oola jira inni jedhu iyyuu xiyyeeffannaa argachaa hin jiru.[97]

3.1.7. Barbaachisummaa Dhaddacha Bulchiinsaa akka Naannoo Oromiyaatti

Bu'uura Labsii lakk 813/06 sadarkaa federaalaatti dhaddachi bulchiinsaa akka hundaa'e ni beekama. Labsichi naannoleeni akka dhaddacha bulchiinsaa dhimma shamattootaa akka hundeeffachuu danda'an teechisee jira.[98] Haata'uu malee hanga qorannoon kun itti gaggeeffametti sadarkaa naannoo Oromiyaatti seerri sadarkaa naannotti bahee fi hojii irra oole hin jiru.

Barbaachisummaan isaa hangami isa jedhuuf deebii oggeeyyii irraa argame bifa lama kan qabu dha. Gama tokkoon seerri kaa'eera waan ta'eef bahuu qaba kan jedhan yoo ta'an isaan hafan immoo qaamoleen haqaa idilee dhimmicha kessummeessuu ni danda'u yaada jedhu calaaqqisu.

Akka namoota dhaddachi bulchiinsa hundeeffamu qaba jedhanitti, dhimmi mirga shamattootaa qofaatti bahee ilaalamuun isaa faayidaa hedduu qabaata. Isaan keessaa dhimmichi gadi fageenyaan akka itti deemamuu fi akka hordofamu, abbuummaadhaan hojjachuun akka jiraatu taasisa. Ragaa qindeessuu fi hordofuu irrattis bu'a qabeessa akka ta'u gargaara.[99] Adeemsa dheeraa qaamolee haqaa bira jiru hambisuu danda'a.[100]

Labsichi bu'uuruma kanaan kaa'a waan ta'eef mirga shamataa eegsisuuf qofaatti hundaa'uun isaa bu'a qabeessa dha.[101] Ummata kan tajaajilu danda'u osoo qofaatti dhaabbatee dha. Mootummaa irraa waan baay'ee kan barbaadu ta'us dantaa ummataa waan ta'eef osoo itti hojjatamee gaarii dha. [102] Haalli mijataan yoo jiraatee fi humna namaa gahuumsa qabuun ijaaruun yoo danda'ame mirga shamataa eegsisuuf baa'yee gaarii ta'a.[103]

---

[95] Addunyaa Asfaaw, Dabalaa Higguu, WHM aannaa Jimmaa, 30/05/08

[96] G/Insp. Yaziid Abbaa Sinbii W/P/Aanaa Jimmaa,: Konkolaachisaan dhimma kana wajjiin walqabate yoo qabamu, sababa gara garaa dhiyeessuun haalli bilisa itti bahan jiru, "gara mana abbaa qabeenyaa deemaa jira", "wayyaa /meeshaa fudhachuufi", boba'aa guuttachuu fi kkf baratamaa dhufaniiru.

[97] Naasir Faaris MMWO

[98] Labsii lakk. 813/06, kwt. 34.

[99] Girmaa Awulaw, W/H/A Ada'aa

[100] Dabalaa Higguu

[101] Addunyaa Asfaaw

[102] Abdulmannaan

[103] Firaa'ool Guutaa, MMA Maannaa, 03/06/08

Akka ibsa ogeeyyii kanaatti dhaddachi bulchiinsaa qofaatti hundaa'uun isaa dhimmichaaf xiyyeeffannaa gahaa kennuu wajjiin kan walqabatu dha. Kunis kophaatti bahuun mataan isaa hojichi qaama tokkoon abbummaadhaan akka hojjatamu fi xiyyeeffannaa akka argatu fi seerichis guutuumaan guututti *'exhaustively'* akka hojii irra oolu karaa bana.[104]

Dabalataan dhaddachi bulchiinsaa ni barbaachisa moo hin barbaachisu isa jedhu kanamurteessuun dura wantoonni ilaalamu qaban akka jiran kan yaada kennanis jiru. Dhimmicha irratti qorannoo gaggeessuun qulqulleessuun barbaachisaa ta'a. Dhimmi kun mana murtii idileetiin yoo keessuummaa'e dhiibbaa hangam qabaata fi mirga fayyadamaa eegsisa isa jedhu adda baafachuun barbaachisaa ta'a. Haata'uu malee qala'iinsa jireenyaa, of jaalachuu daldaltootaa ilaaluuniifi hubannoon akka waliigalatti yoo dhufe dhaddachi bulchiinsa dhimma kana hordofu jiraachuun isaa barbaachisaa akka ta'e ni ibsu.[105]

Dhaddachi bulchiinsa akka naannootti hundaa'uu isaa irratti kan waliigalan immoo sadarkaa aanaatti hundeessuuf rakkisaa ta'uu isaa kaasu. Sadarkaa naannotti hundaa'ee abbaa alangaa fi dhaddacha bulchiinsaa yoo qabaate gaarii dha yaada jedhu qabu. Mirga shamataa eegsisuuf qaama itti gaafatamummaan hojjatu qabaachuuf gargaara. [106] Magaalota gurguddoo keessatti akka hundaa'u gochuu fi sadarkaa aanaa irratti qaamolee haqaa idileetiin bifa bakka bu'ummaan *'delegation*' akka ilaalamu osoo taasifamee rakkoo yeroo ammaa jiru kana ni fura jedhanii akka yaadaan kan ibsan jiru.[107]

Gama biraan ogeeyyiin hundeeffamuu dhaddacha bulchiinsaa fi addatti bahee abbaa alangaa ofii isaa qabaachuu hin deeggarre immoo dhimmoonni mirga shamataa wajjiin walqabatan baay'ina kan hin qabaanne ta'uu isaanii akka sababa jalqabaatti kaasu.[108] Dabalataan immoo dhimmoonni yakkaa kunneen uumama isaaniitiin walxaxaakan ta'an miti. RTD dhimma keessuummaahuu danda'anii dha.[109]

Dhimmoota mirga shamattootaa wajjiin walqabatanii jiraniif caasaan qaamolee haqaa jiru gahaadha waan ta'eef keessummeessuun waan rakkisu miti. Qaamolee haqaa idilee aangessuun dhimmoonni kun furmaata akka argatan gochuun ni danda'ama.[110]

Qofaatti bahee hundaa'uun isaa xiyyeeffannaa akka argatu gochuuf gaarii ta'us, maal gochuuf deemna? maal ilaalla? inni jedhu deebii argachuu qaba. Caasaan kanaan dura jiruu fi sirna haqaa biyyatti tajaajila jiru ni jira. Dhimma kana hoogganuuf caasaa jiru kana keessatti adeemsa isaa

[104] Firaa'ool Guutaa
[105] Fiqaaduu kabbadaa
[106] Takla Tsiyoon
[107] Habtaamuu Wadaajoo.
[108] Isheetuu Asaffaa, Sabbataa Hawaas
[109] Isheetuu Asaffaa,
[110] Mul'isaa Abdiisaa, BHO, Habtaamuu Wadaajoo, W/H/A Sandaafaa Bakkee

diriirsuun ni danda'ama. Dabalataan dhimmi mirga shamataa wajjiin walqabatee jiru dhimma ogummaa/beekumsa addaa *'expertise knowledge* 'kan gaafatu miti.[111]

3.1.8. Hanqinaalee Qaamolee Haqaa Biratti Mul'atan

Adeemsa mirga fayyadamtootaa kabachiisuu keessatti hanqinaleen manneen hojii isaanii keessatti kan mul'atu ta'uu isaa ilaalchisee ogeyyiin gaafataman **130 k**eessaa namoonni **103 (79%)** hanqinni qabatamaan mul'atu akka mana hojii isaanii keessatti mul'atu kan ibsan yoo ta'u ogeeyyiin **24(18%)** ta'an immoo lakki jechuun deebisaniiru.

Daataan armaan olii qaamolee haqaa biratti haala mul'atu kan agarsiisuu yoo ta'u, hanqinaaleen manneen hojii tokkoo tokkoo keessatti mul'atani garaa garummaa kan qaban ta'us Labsii DD fi ES irratti hubannoo gahaa dhabuu, iftoomina dhabuu labsichaa, abbaa alangaa fi poolisii gidduu wal hubachuu dhabuun jiraachuun isaa fi caasaan osoo bifa gahaa taheen hin diriirin seerri akka hojii irra oolu waan taasifameef akka ta'e odeeffannoo bargaaffii irra ilaaluun ni dand'ama. Haqinaaleen qaamolee haqaa biratti mula'atan maal fa'a akka ta'an afgaaffiidhaan odeeffannoon argame kan armaan gadiiti.

Kabajama mirga fayyadamtootaan walqabatee rakkooleen gara garaa qaamolee haqaa biratti kan mul'atan yoo ta'u, hanqinna qaamolee raawwachiisanitti deemuun dura seerrii fi adeemsi ifa ta'e akka jiraatu gochuu irratti hanqinni akka jiru hubachuun barbaachisaa ta'a.[112]

Rakkoon naamusaa akka waliigalaatti qaamolee haqaa xaxee qabee jira.[113] Qaamolee haqaa hunda biratti kan mul'atu dha.[114] Naamusa wajjiin walqabatee rakkoon jiru bal'aafi kan hidda godhate dha. Dhimma kana qofa hordofuun qaamolee haqaa biratti hojii ta'ee ture. Haata'uu malee namoonni qabamanii yeroo adabaman hin mul'atu.[115]

3.1.8.1. Mana Murtii

Mirga fayyadamtootaa eegsisuu wajjiin walqbatee qaamolee haqaa biratti rakkoowwan ni mul'atu jedhaman keessa manneen murtee isaan tokko. Bu'uura odeeffannoo bargaaffiitiin haqinaaleen mana murtii biratti mul'atan hubannoon walqixa ta'e jiraachuu dhabuu/seericha sirritti hubachuu dhabuu, aangoo mana murtii akka hin taane ibsuun dhimmiicha ofirraa dhiibuun akka mul'atu ibsameera.

Akka yaada ogeeyyiitti manneen murtii irratti akka hanqinatti kan ka'an keessaa tokko mirga wabii wajjiin walqabatee rakkoo jiru, kunis namoonni himataman akka badan kan godhu ta'uu

[111] Mul'isaa Abdiisaa
[112] Gannaa Hamiid,
[113] Shimallis Mangistuu, WPM Fichee, 26/05/08, Gannaa Hamiid,
[114] Dabalaa Higguu,
[115] Jamaal Abbaaboor, MMA Jimmaa, 1/06/08

isaa fi irra deddeebiin kan muudatu ta'us manneen murtii adeemsuma walfakkaatu hordofu.[116] Akkasumas murtii barsiisu kennuu irrattis haqinni kan jiru ta'uu isaa kara ogeeyyiitiin dhimmoota ka'anii dha.[117]

Abbootiin seeraa ejjannoo gara garaa qabaachuun isaanis akka qaawwa tokkotti kan ka'e dha. Abbaan seeraa tokko dhimmicha fudhatee yoo ilaalu abbaan seeraa biraa immoo aangoo keenya miti jechuun diduun jira.[118] Murteen kaabinee akkamitti seera paarlaamaan bahe irra caalaa hojii irra oola jechuun komii kan kaasan jiru.[119]

Darbee darbee immoo qabeenyi qabame ciraadha jechuun akka hin gurguramne haalli itti dhoorkan jira.[120] Manni murtii meeshaan qabame akka hin gurguramne waan dhoorkeef Zayitiin nyaataa yeroo dheeraaf tajaajila malee kuufamee akka turu ta'eera. Koreen haa ilaalamuu jedhamee ji'a torbaa ol tureera.[121]

3.1.8.2. Abbaa alangaa

Daataa bargaaffiin argame irraa akka ilaaluu danda'amutti abbaa alanagaa biartti hubannoo seeraa gahaa jiraachuu dhabuu, kutannoodhaan hanga dhumaatti deemuuf fedhii dhabuu, himannaa iftoomina/qulqullina qabu dhiyeessuu dhabuu, ragaa poolisiin dhiyaatuuf fayyadamuu dhabuu, faayidaan qabamuu fi aangoo keenya miti jechuun lafa irra harkisuu (Dhaddachi dhimma shamataa qofaatti hundaa'uu danda'a waan jedhuuf, muuxannoo Federaalaa irraa abbaa alangaa ofii isaa akka qabaatu kan taasifame waan ta'eefi, gama kanaan wanti bahee hojii irra oole waan hin jirreef dagannoon jira), ummataaf hubannoo kennuu dhabuu akka mul'atu agarsiisa.

3.1.8.3. Waajjira Poolisii

Qorannoo gahaa gochuu dhabuu, xiyyeeffannaa kennuu dhabuu, rakkoo hubannoo fi naamusaa, yeroo erruun dhiyaatu fudhachuuf fedhii dhabuu, meeshaalee qabaman osoo seeratti hin dhiyeessin hafuu fi yeroon beellamaa gaafatamee ragaa qindeessuu dhiisuu, achumaan hafu akka jiru bargaaffii qorannoo irraa ilaaluun ni danda'ama. Yaada afgaaffiin argame yoo illaallus rakkoowwan jedhaman waajjira poolisii biratti kan jiran ta'uu isaanii agarsiisa.

Dhimmicha qorannoo irraa laaffisuun kan mul'atu ta'uu isaa fi dhimmoonni qabamanis gara murtii kennisiisutti kan hin deemamne akka ta'e ogeeyyiin ni ibsu. Dhimmoonni xixxinnaa ta'an

[116] Kom. Mulaatuu Hordofaa, WPM Bishooftuu, 20/05/08
[117] I/A/K. Nuuraa
[118] I/A/Ins. Tasammaa jimaa, WPM Asallaa, 07/06/08. Konstaable Mazgabuu Dabbabaa, WPM Sulultaa, 15/06/08
[119] Gannaa Hamiid WHG Arsii,
[120] K.Mulaatuu Hordofaa
[121] Mazgabuu Dabbabaa.

biroo garuu yeroo adabsiisuuf fiigan mul'ata. Kunis agarsiistuu rakkoo naamusaa akka ta'etti fudhatama.[122]

Gama biraan mirga shamataa wajjiin walqabatee hubannoon jiru laafaa ta'uu isaa akka hanqinna guddatti kan fudhatamuu danda'u akka ta'e ni ka'a.[123]

Meeshaa qofa qabanii fiduu fi namoonni yakka raawattan jedhaman yeroo baay'ee kan hin dhiyaanne ta'uu isaa rakkoo guddaa dha. Meeshaan galii ta'a malee hin himatamu.[124]

3.1.9. Hariiroo Fi Qiindoomina

3.1.9.1. Qaamolee Haqaa

Bu'a qabeessummaan hojii qaamolee haqaa birratti hojjatamu kamuu keessatti qindoomminni fi walitti dhufeenyi gaariin qaamolee kanneen gidduu jiraachuun isaa murteessaa dha. Bu'uuruma kanaan qiindoominni jiraachuu malu akka waliigalaatti ta'us, kabajama mirga shamataa wajjiin walqabatee wajjiin hojjachuu irratti qindoominnii fi hariiroon qaamolee kanneen gidduu jiru maal fakkaata isa jedhu ilaalunis sadarkaa kabajamni mirgi shamattootaa irratti argamu beekuuf fayyada.

Daata bargaaffii qorannoo irraa argamen yoo ilaallu mirga shamataa eegsisuu irratti qindoomina wajjiin walqabatee qaamolee haqaa bira rakkoon jiraa gaaffii jedhuuf namoota **131** keessaa namoonni **98** eeyyee rakkoon qindoominaa ni mul'ata jechuun kan deebisan yoo ta'u, namoonni **23** ta'an immoo rakkoon qindoominaa hin mul'atu hariiroon hojii gariin jira bifa jedhuun deebisaniiru.

Namooti eeyyee raakkoon ni jira jedhan sababa gara garaa kan teechisan yoo ta'u; isaan keessaas akka dhimma qaama tokkootti ilaaluu fi ofitti fudhatanii keessummeessuu dhabuu, walitti siisqanii hojjachuuf fedhii dhabuu, caasaan osoo hin diriirin seerri bahuun fi qaawwa seeraa kanaan fayyadamuun hojjachuu dhabuudhaan akka ibsamu ni kaa'u.

Yaada kana cimsuun ogeeyyii irraa odeeffaannoo afgaaffii irraa argame yoo ilaallu rakkoon qindoominaa qaamolee haqaa giddutti kan bal'inaan mul'atuu fi ragaa dhoksuu fi walitti hidhamiinsa faayidaa kan mul'atu ta'uu isaa ibsu. Qaawwi seeraa fi hojimaataa rakkoo kanaaf karaa banee jira.[125]

[122] I/A/K/ Baay'isaa Raggaasaa, W/P/G/SH/Kaabaa, 27/06/08
[123] Gammachuu Baqqalaa, M/M/O/Godina Jimmaa, 1/06/08
[124] Gannaa Hamiid,
[125] Gannaa Hamiid

Qindoominni qaamolee haqaa gidduu jiru hanqina qaba. Inni kunis harcaatii galmee irratti kan callaqifamu dha.[126]

3.1.9.2. Qindoomina Qaamolee Biroo Dhimmi Ilaaluu

Qindoomina qaamolee haqaa fi qaamolee biroo dhimmi dantaa fayyadamtootaa kallattiinis ta'ee al kallattiin ilaalu gidduu jiru ilaaluun barbaachisaa ta'a. Kunis walitti dhufeenyii fi hariroon isaan qaban bu'a qabeessuummaa hojii mirga fayyadamtootaa eegsisuuf hojjatamu keessatti gahee ol'aanaa kan qabu waan ta'eefi.

Koreen gabaa tasgabbeessituu jedhamee hundaa'ee akka caasaatti jiraatus iddoowan qorannoof odeeffannoon irraa sassaabame hunda biratti bu'a qabeessa ta'ee hojachaa hin jiru. Kunis hojiin koree kanaan akka hin hojjatamneefi keessattu raabsaa meeshaalee bu'uuraa wajjiin wal qabate rakkoo mul'atuuf gahee guddaa kan xabate ta'uu isaa ilaaluun ni danda'ama.

Gadi bu'anii raabsaa meeshaalee bu'uuraa irratti haala jiru to'achuu fi adeemsa raabsuu keessatti hanqinaalee fi rakkoowwan mul'achaa jiran ilaaluun hawaasaaf ifa gochuu irratti hanqinna qabu.[127] Dhimmoota yeroo tokko mul'atan jedhaman furuuf wal gahuu malee wanti idilaayee hojjatamu hin jiru.[128] Kunis qaamolee biroo wajjiin qiindoominaan akka hin hojjanne isaan taasisera.

Akka waliigalatti iddoo tokko tokkotti qindoominaan hojjachuun kan mul'atu ta'us,[129] Hariiron jiru baay'ee laafaa fi kan hojii irratti gufuu ta'aa jiru ta'uu isaa ogeeyyiin ni ibsu. Keessattu Waajjirri Daldalaa fi Misooma Gabaa namoota himatamaniif (qabamaniif) xalayaa seeraa qabeessa fakkeessuun kennuun ni jira.[130] Meeshaaleen qabamanii yeroo seeraaf dhiyaachuuf jedhan abbootiin qabeenyaa waraqaa baafatanii fidatu. Jalqaba yeroo gaafataman garuu hin agarsiisan.[131] Adeemsi kunis namoonni yakka raawwatan akka itti gaafatamummaa seeraa jalaa miliqan kan godhuu fi qindoominni akka hin jirre kan agarsiisu dha.

Dabalataan meeshaleen to'annoo jala oolan akkamitti kuufamuu qabu inni jedhus yeroo rakkoo itti ta'u jira. Nyaataaf kan oolu waan ta'eef manca'uu danda'a. Yeroo gabaabaa keessatti furmaata hin argatu waan ta'eef rakkoo fidaa jira.

[126] Lammaa Gizaachoo, W/H/Aanaa Sulultaa
[127] Yaziid A/Nasiib
[128] Habtaamuu Wadaajoo, WHA Barraak,
[129] Fkn Girmaa Awulaw, Shimallis Mangistuu
[130] Jamaal Abbaaboor
[131] Ins.Batruu Roobee, WPM, Asallaa 07/06/08

3.1.10. Raabsaa Meeshaalee Bu'uuraa

Kabajamuu mirga shamattootaa wajjiin wal qabatee dhimmi ijoon ka'u kan biraa immoo dhimma raabsaa meeshaalee bu'uuraa wajjiin walqabatee jiru dha. Meeshaalee hanqinni isaanii gabaa irratti mul'atu hawaasa biraan gahuuf adeemsa jiru keessatti rakkoowwan mul'atan jiruu? yoo jiraatan maal fa'a? maal irraa maddu isa jedhu adda baasuun rakkoowwan mirga shamataaan walqabatee jiran hubachuuf nu garagaara.

3.1.10.1. Rakkoowwan Raabsaa meeshaalee Bu'uuraa Wajjiin walqabatan:

Rakkoowwan gama ogeeyyiitiin caqasaman yoo ilaallu adeemsi akka naannotti jiru walfakkaataa ta'uu dhabuu fi magaalaa yookaan ganda tokko keessattu bifa walfakkaatuun hojjachuu dhabuu, humna raawwachiisuu qaamolee adeemsa raabsuu keessatti hirmaatanii, dhiyeessii fi fedhiin hawaasaa wal simuu dhabuu, gatii mootummaan murteesse olitti gatii dabalanii gurguruu, daldalaa dhunfaaf dabarsanii kennuu, namoota miraasaaf madda galii ta'uu, qulqullini meeshaalee dhiyaatanii gadi bu'aa ta'uu, adeemsa raabsuu keessatti loogiin jiraachuu, tarkaanfiin sirreeffamaa yeroon fudhatamuu dhabuu fi ijaarsa waldaaleen walqabate sirnaan hordoffiin taasifamuu dhabuu kan jedhan ka'aniiru.[132]

Afgaaffiidhaan odeeffannoo argame irrattis rakkoowwan gara garaa raabsaa meeshaalee bu'uuraa wajjiin walqbatan jedhaman bal'inaan ka'aniiru. Qaamolee muraasaaf qofa akka raabsaniif kennamuun isaa rakkoo naamusaaf kan karaa bane jiruufi hawaasni bifa barbaaduun akka hin tajaajilamne gochaa jira.

Dabarsanii gatii ol'aanaadhaan gurguruu, seeraan ala kuusuu ni mul'ata. Sukkaarri eessaa akka dhufu hin beekamu. Garuu gatiin isaa dabalamee gabaa irratti yeroo gurguramu ni mul'ata.[133]

Waldaaleen shamattootaa mirgaa fi dirqama isaanii beekanii hojjachuu fi akka waliigalaatti waa'ee mirga shamataa beekuu irratti hanqina qabu.[134] Koppoonii bifa seeraan ala ta'een kennuu[135] maqaa nama hin jirreeniifi dhaabbata daldalaa hojii dhaabeen baasanii gurguruu[136] Kootaan keessan gubateera jechuun fayyadamtoota deebisuu[137] kan jedhan rakkoowwan raabsaa meeshaalee bu'uuraa wajjiin walqabatee mul'ataniifi waldaa shammaachii bira jiran kan agarsiisani dha.

Waajjirri Daldalaa fi Misooma Gabaa adeemsa wal fakkaatu hordofuu dhabuu, qaama tokko hordofanii adabuu fi isa kaan immoo dhiisuun jira. Rakkoo naamusaa wajjiin kan walqabatu

[132] Yaada deebii bargaaffii irratti ogeeyyiidhaan dabalataan kennaman irratti kan bal'inaan ka'anii dha.
[133] Abdulmannaan
[134] I/A/K. Lammii Bortolaa,
[135] Lammii Bortolaa
[136] Yaziid A/Nasiib, I/A/K. Nuuraa Shaafuu, W/P/Magaalaa Asallaa, 07/06/08
[137] I/O/ Tasfaayee Baqqalaa, WPG Arsii, 7/06/08

dha.[138] Waldaaleef yeroo kennamu rakkoon mul'atus jira. Adeemsa waliif dabarsuu keessatti meeshaan ni bada. [139]

Kan baadiyyaaf raabsamuu qabu magaalaatti hambisuun jira. Dhimmoota akka simintoo fi kkf irratti xiyyeeffannaan kan itti hin hojjanne waan ta'eef rakkoon guddaan jira. 'Qishabaa' wanti jedhamu jira. Kiiloogiraamiin oomisha irratti barreeffamuu fi hangi simintoo keessatti argamu wal hin simu. Yeroo saamsamu kan raawwatamu dha.[140]

Rakkoon biraa immoo koppoonii fi gandaan kan raabsamu waraqaa eenyummaadhaan waan ta'eef namoonni kireeffatanii jiraatanii fi yeroo dhihoo keessa gara naannoo sanatti dhufan baay'ee rakkachaa jiru. Daldalaa dhunfaa irraa gatii guddaadhaan bituuf dirqamu.[141]

Qulqullini meeshaalee dhiyaatanis amansiisaa miti. ummanni harka qalleessa waan ta'eefi filannoo gara biraa waan hin qabneef ni bita.[142]

3.1.10.2. Madda Rakkoo

Madda rakkoowwan raabsaa meeshaalee bu'uuraa wajjiin walqabatan ilaalchisee filannoowwan dhiyaatan keessaa rakkoon naamusaa ogeeyyii **112(80%)** kan filatame yoo ta'u namoonni **58 (41%)** ta'an humna raawwachiisuu qaamolee hirmaatanii akka sababatti kan caqasan yoo ta'u rakkoon caasaa diriire jiru wajjiin walqabatu madda kan jedhan immoo namoota **57(40%).** Ogeeyyiin kunneen sadarkeessanii haa kaa'anii malee maddoonni akka rakkootti armaan olitti caqasamanii fi kan biroos akka waliigalatti kan jiran ta'uu isaanii agarsiisaniiru. Rakkoowwan mul'taniif maddoonni dabalataa bargaaffiin deebi'an hordoffii cimaa taasisuu dhabuu, rakkoo keessummeessuu, fi ijaarsi waldaa shamattootaa kan rakkoo qabu ta'uu isaati.[143]

Yaada bargaaffiin ibsame kana bifa deeggaruun afgaaffii irrattis yaadoliin ballina qaban kennamaniiru. Hubannoon dhabamuu isaa, hojimaata irratti gama qaamolee haqaatiin xiyyeeffannaa laachuu dhabuu, Qaawwi gama seeraatiin jiru irraa kan ka'e aangoon manneen murtii maal akka ta'e ifatti beekamuu dhabuu, hanqina raawwachiisuu WDMG keessattuu akka madda rakkootti kan caqasamanii dha.[144]

Dhimmoonnii mirga shamataa wajjiin walqabatan kan jiran ta'us, xiyyeeffannaa kennuu dhabuu irraa ka'e osoo hin bahin hafu. Dhimmoota raabsaa meeshaalee bu'uuraa irratti seeraan ala gejjibsiisuun kallattiin qabamaniin ala dhimmoota biroo dantaa fi mirga shamataa wajjiin

[138] Jamaal Abbaabor, Dabalaa Higguu
[139] Habtaamuu Wadaajoo
[140] Shimallis Mangistuu
[141] Yaziid A/Sinbii
[142] Naasir Faaris, MMWO
[143] Yaada bargaaffii irratti dabalataan ogeeyyiin kennaman irraatti kan ibsame.
[144] Addunyaa Asfaaw, W/H/Magaalaa Baatuu, Lammii Bortolaa, Fiqaaduu Kabbadaa, Shimallis Mangistuu, Fichee, Abdulmannaan

walqabatan kan akka guyyaa fayyadamaa ilaalatan, gatii dabaluu, loogii fi kkf irratti hojjachuun hin beekamu.[145]

Dabalataan ummanni sirna haqaa fi seera irratti amantaa dhabuun gaafachuu dhiisuu fi eeruu kennuu dhabuun jira.[146] Murtii barsiisaa kennuu fi hawaasni akka irraa baru sabqunnamtiidhaan dabarsuu dhabuun jira.[147]

3.1.11. Waldaalee Shammaattootaa fi Gahee Isaanii

Mirgaa shamttootaa eegsisuu keessatti shamattootni gurmaa'anii mirga isaanii kabachiisuuf sochii taasisun isaanii murteessaa fi biyyoota mirgi shamattootaa itti kabajameera jedhaman keessatti bu'a qabeessa kan ta'e dha.

Haala qabatamaa biyya keenyaa fi naannoo keenyaa immoo yoo ilaallu waldaaleen shamattootaa qixa barbaadamuun kan hundeeffamanii fi mirgaa fi faayidaa shamataatiif bifa dhaabbachuu danda'aniin kan ijaaraman miti.

Ijaarsi waldaa shamattootaa uumama isaatiin fedhii irratti kan hundaa'e dha. Kunis fedhii fi dantaa miseensota isaa qofaaf akka hojjatu kan isa taasisuu fi kana gochuu keessattis ummata hirmaachisuu fi sagalee ummataa ta'uun kan tajajiluu qabanii dha.

Hundeeffamni waldaalee shamattootaa naannoo keenyaa baay'inaan mirga shamataa kabachiisuu wajjiin kan wal qabate osoo hin taane qala'iinsaa jireenyaa uumame wajjiin walqabatee mootummaan gabaa tasgabbeessuuf tarkaanfi fudhachuu yeroo jalqabetti meeshaalee bu'uuraa raabsuu wajjiin rakkoo mul'atu furuuf kan ijaaramanii dha.

Akka naannoo Oromiyaatti waldaaleen shamataa 1,563 ta'anii fi kaappitaala Qarshii 179,351,754 qaban kan argaman yoo ta'u baay'inni miseensota isaanii immoo 191, 903 dha.[148]

Raabsaa meeshaalee bu'uuraa irratti baay'inaan kan hirmaatan yoo ta'u godinaalee hunda keessatti hundeeffamaniiru. Jalqaba akka naannotti waldaalee shamataa hundeessuuf mootummaan afooshaalee gara garaa kaayyoo gabaa tasgabbeessuu wajjiin walqabatee gara waldaa shammaachiitti akka guddatan ykn gurmaa'an taasifame.[149]

[145] Ins. Batruu Roobee, W/P/Magaalaa Asallaa,
[146] Dabalaa Higguu, W/H/aanaa Magaalaa Jimmaa, Jamaal Abbaaboor, MMA Jimmaa, Dassaalanyi Dhugaasaa, Sandaafaa Bakkee
[147] Insp. Batruu Roobee, I/A/K. Nuuraa
[148] Daataa Ejensii Babal'ina Waldaalee Oromiyaa irraa argame. Daataan Kun kan hanga dhuma waggaa 2007 jiru kan agarsiisu dha.
[149] Mariid Odaa, Waajjira Babal'ina Waldaalee Gamataa aanaa G/Jaarsoo, 27/05/08

Hojiiwwan ijoo waldaalee kanaa meeshaalee bu'uuraa mootummaan dhiyeessu miseensaa fi ummataaf raabsuu, shaqaxoota adda addaa faayidaa ummataaf oolan dhiyeessuu, qusannoo jajjabeessuu fi miseensotaaf liqii dhiyeesuu fa'a dha.[150]

3.1.11.1.Hanqinaalee Waldaa Shamattootaa Biratti Mul'atan

Waldaaleen shamattootaa akka naannoo Oromiyaatti argaman bifa kamiin hawaasa shamataa fi miseensa isaanii ta'e tajaajilaa jiran? rakkoowwan tajaajila kana kennuu wajjiin wanqabatanii jiran maal fa'a? isa jedhuun laaluun akka waliigalatti mirga sadarkaa kabajama mirga shamattootaa akka naannootti jiru hubachuuf bu'aa guddaa buusa.

Tajaajila waldaaleen fayyadamtootaa keessattuu raabsaa meeshaalee bu'uuraa wajjiin walqabatee kennan irratti hanqinaaleen gara garaa kan mul'atan ta'uu isaa odeeffannoon qaamolee adda addaa irraa argame irraa hubachuun ni dand'ama.

Meeshaaleen waldaan shammaachii dhiyeessan fedhii ummataa irratti kan bu'uureffate miti. Akaakuu zayita dhiyaatuu fkn kan komiin irratti ka'u dha. Mirgi filachuu ummataa waan yaadamu miti. Carraan jiru isuma dhiiyaate sana fudhachuu qofa.[151]

3.1.11.2. Rakkoolee waldaa shamattootaa Muudachaa Jiran

Rakkooleen hojii waldaalee shamataa irratti gufuu ta'an keessa inni guddaan iddoo hojii itti hojjatan dhabuu akka ta'e ni kaasu. Manneen hojii ganda irraa argamaniin kan hojjatamu yoo ta'u bulchiiinsi gandaa immo manichi hojii adda addaatiif ni barbaadama jechuun akka bahan dhiibbaa gochuun ni mul'ata. Bu'aa *(profit)* argachuu giddu gala godhanii hin hojjatan waan ta'eef mana hojii kireeffatanii tajaajila baratame sana kennuu rakkisaa dha.[152]

Dhiyeessii wajjiin walqabatee rakkoon guddaan akka jiru waldaaleen shamattootaa odeeffannoon irraa sasaabame hunduu ni ibsu. Fedhii miseensotaa fi kan mootummaadhaan akka raabsamu dhiyaatu kan walsimu miti. Hawaasni komii guddaa nurratti kaasaa jechuun ibsu. Qulqullinaa fi akaakuu meeshaalee dhiyaatan irrattis sagalee hin qaban waan ta'eef fedhii miseensota isaanii guutuu akka hin dandeenye odeeffannoon argame ni agarsiisa.

[150] Afgaaffii koree waldaa shamaachii irraa argame. Iddoo baay'etti hojiin ijoo waldaalee raabsaa meeshaa bu'uuraa yoo ta'u tokko tokko isaanii fi kaappitaala gaarii qaban hojiiwwan dabalataa caqasaman ni hojjatu. Girmaa W/Sillaasee, Dammuu Turaa, Fichee , Abarraa, Bishooftuu.....

[151] Marid Odaa, Sh/kaabaa, Naasir Faaris, MMWO,

[152] Fkn: Waldaan shammaachii Naannoo Komaandoo magaalaa Fichee keessatti argamu manni hujii isaanii abbaa qabeenya dhunfaaf bulchiinsa gandaatiin waan kennuuf barbaadameef akka bahan ajajni kennamee akka hojii isaanii hin hojjanne kan taasifamaa jiran yoo ta'u dhimmi gara qaama seeraatti dhiyaatee ilaalamaa jira.

3.1.12. Sadarkaa Rakkoowwan Akka Naannoo Oromiyaatti Mul'atan

Dantaa fi mirga shamattootaa kabachiisuu wajjiin walqabatee rakkoon akka naannoo Oromiyaatti mul'atan bal'ina kan qabanii fi bifa adda addaatiin kan calaqqifaman akka ta'an odeeffannoo qorannoo kanaaf sassaabame irraa hubachuun ni dand'ama.

Rakkoon mirga shamattootaa eegsisuu wajjiin walqabatee jiru sadarkaa amma irra jiru akka ibsan ogeeyyii gaafataman **139** keessaa **81(58%)** rakkoon mul'atu Ol'aanaa akka ta'e yoo ibsan **42(30%)** immoo rakkoo jiru daran ol'aanaa jechuun kaa'aniiru. sadarkaa rakkoo mul'atuu giddu galeessa kan jedhan namoota 10 yoo ta'an gad-aanaa jechuun kan deebisan immoo namoota jaha.

Akka deebii ogeeyyii kanneen irraa hubachuun danda'amutti rakkooleen akka naannoo Oromiyaatti mirgaa fi faayidaa shamattootaa eegsiisuu wajjiin walqabatee jiran sadarkaa ol'aanaa fi daran ol'aanaa irra kan argaman bifa jedhuun kan deebisan yoo ta'u akka yaadni kunis gama mirga shamataa eegsisuutiin rakkoon bal'aan akka jiru kan agarsiisuu dha.

3.2. Argannoo Qorannichaa

- **Bu'a qabeessummaa Caasaa Akka naannoo Oromiyaatti Diriiree Jiruu**

Daataa fi odeeffannoo kana irraa ka'uun mirga shamattootaa eegsiisuuf caasaan diriire gahaa ta'uu isaa fi qabatamaan hangam akka eegsisaa jiruufi hanqinaaleen caasaa kana keessatti mul'atan haa ilaallu. Mirga fayyadamtootaa eegsisuuf sadarkaa biyyoolessatti Labsiin lakk. 813/06 hojii irra akka jiru ta'uu fi sadarkaa Federaalatti immoo dhaddachi bulchiinsaa aangoo abbaa seerummaa dhimma mirga fayyadamtootaa irratti qabu kan hundaa'e ta'uun isaa ni beekama. Raawwatamiinsi seerichaa sadarkaa Federaalatti akka ta'ee fi naannoowwanis barbaachisaa yoo ta'e akka seera baafachuu danda'an kwt 34 jalatti ni ibsa.

Sadarkaa naannoo Oromiyaatti mirgaa fi dantaa fayyadamtootaa eegsiisuuf qaamni aangoon kennameef Biiroo Daldalaa fi Misoona Gabaa Oromiyaa jalatti Adeemsa dorgommii daldalaa fi misooma gaabaa akka ta'e armaan olitti caqasameera. Caasaan sadarkaa adeemsatti ijaarame kuni mirga fayyadamtootaa akka naannotti eegsisaa jira jechuun akka hin danda'amne daataa argame irraa fi hojiiwwan qabatamaan hojjatamaa jiran ilaaluun hubachuun ni danda'ama.

Mirgoonni shamattootaa bu'uura seeraatiin teechifaman mirga dhagahamuu, mirga filachuu, mirga kabajaan keessummaahuu, mirga beenyaa argachuu, mirga odeeffannoo fi barnootaa dantaa fayyadamtootaa akka hojii irra oolaniifi ummanis beekee akka itti fayyadamu gochuun dhimma ijoo fi xiyyeeffannaa argachuu qabu akka ta'e ifa dha.

Akka naannootti immoo gaheen mirga shamattootaa kana beeksiisuufi barsiisuu akkasumas hojii irra oolchuu isaanii irratti hojjachuu fi to'achuun aangoo Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa jalatti kan Adeemsa Dorgommii daldalaa fi Dantaa fayyaadamtootaati. Haata'uu malee qixa

barbaadamuun mirgaa fi dantaa shamataa eegsisuuf hubannoo gahaa uumuuf hojjachuun hin jiru. Adeemsi jiru ogeeyyii gahuumsaa fi dandeettii qabaniin kan ijaarame miti. Sadarkaa aanaa fi godina irratti ogeeyyiin jiran leenjii barbaachisaa fi baruumsa mirga shamattootaa irratti hin arganne.

Hubannoo uumuu irratti kan hojjatamu sadarkaa gadii (ganda/aanaa) irratti akka ta'e ifa dha. Ogeeyyiin ofii isaaniiti hubannoo gahaa hin qabnee fi kaayyoo fi maalummaa seeraa hin beekne akkamitti hawaasa barsiisuu danada'u? Ogeeyyii adeemsa dorgommii daldalaa fi eegumsa shamattootaa jalatti argaman irraa odeeffannoon argames kanuma agarsiisa. Hubannoon hawaasaa akkaataa barbaadamuun hin jijjiiramne. Hubannoo uumuun hojii ijoo ta'uun isaa ilaalamee xiyyeeffannaan itti hojjatamaa hin jiru.

Qaamolee haqaa irraa waa'ee beeksisa ummataa mootummaan baasuu yeroo gaafatamanis waa'ee dhimmichaa akka hin beekne hubachuun danda'meera.

Dhimmi dantaa fayyadamtootaa dhimma ijoo fi xiyyeeffannaa guddaa barbaadu osoo ta'ee jiruu, dhimma nageenya fayyummaa fi faayidaa ummataa illaalatu osoo ta'ee jiruu akka Biiroo Daldalaa fi Misooma gabaa Oromiyaa jalatti caasseffamuu ta'uun isaa akka hanqinatti ka'uu danda'a. Kunis biiroon hojiiwwan ijoo biroo kan qabuu fi hojjattootaa dhimma mirga shamattootaa gahuumsaan hordofanii fi hojjatan osoo hin qabaatin akka dantaa fayyadamtootaa irratti hojjatu godhamuun isaa hojiin mirga shamattootaa akka naannoo Oromiyaatti eegsiisuuf taasifamu akka bu'a qabeessa hin taane godheera.

Mirgaa fi dantaan fayyadamatootaa bal'aa fi dhimmoota jiruuf jireenyaaf barbaachisaa ta'an bitachuufi tajaajiloota gara garaatti fayyadamuu kan of keessatti qabatu fi kan irratti hojjatamuu fi kabajamuu qabus bifa kanaan osoo ta'ee jiruu; haalli qabatamaan biiroo daldalaa fi misooma gabaa Adeemsa Dantaa fayyadamtootaa bira jiru garuu dhimma raabsaa meeshaalee bu'uura irratti qofa kan xiyyeefate dha. Kana ta'ees caasaan jiru kun rakkoo gama raabsaa meeshaalee bu'uuraatiin jirus furuu hin dandeenye.

Rakkoo meeshaalee hanqina qabanii fi gabaa irratti baay'inaan hin argamne hawaasni akka argatu gochuuf yaaliin taasifamuun isaa akka tarkaanfii gaarii ta'etti kan fudhatamuu dha. Kun ta'uun isaa qofaa isaatti gahaa miti. Meeshaaleen qulqullina qabanii fi baay'ina barbaadamuun hawaasaaf dhiyaachuu osoo qabanuu inni kun raawwatamaa hin jiru.

Hanqinaaleen baay'een raabsaa meeshaa bu'uuraa wajjiin walqabatan adeemsa iftoomina dhabee fi biiroo daldalaa fi misooma gabaa keessatti hojjatamu irraa maddu. Meeshaaleen daldalaa bu'uuraa waajjira kanaan qofa raabsamuu qaban daldalaa dhunfaa biratti akka bahanii gurguraman ilaaluun danda'ameera. Kunis rakkoo naamusaa wajjiin kan walqabatu dha. Godinaalee Arsii aanaa xiyyoo fi Godina Jimmaa magaalaa jimmaa keessatti rakkoowwan

qabatamaan mul'atan akka jiran ilaaluun danda'meera. Tarkaanfii seera qabeessa fudhachuu irrattis qaawwi jira.[153]

Haata'uu malee iddoo tokko tokkotti caasaa jiru kanaan hordoffii gaarii fi to'annoo gochuudhaan miidhaa shamattoota irra gahu furuuf yaalii taasifames kaasuun gaari ta'a.[154] Daldaltoonnii fi qaamoleen tajaajila kennan hanqinalee qaban horofuudhaan tarkaanfii fudhachuun barbaachisaa dha. Daldaltoonni hafanis akka irraa baratan kan godhuu fi ummanis akka mirgaatti fudhachaa akka itti fayyadamu gochuuf gargaara. Iddoowwan hubannoo uumuuf sochiin gaariin itti taasifametti hawaasni qaama haqaa irra darbee gara miidiyaatti akka deemuu jalqabe odeeffannoon argame ni agarsiisa.[155]

Kunis akka waliigalatti hojiiwwan mirga fayydamtootaa eegsisuu wajjiin walqabatanii akka naannoo Oromiyaatti hojjatamaa jiran caasaa diriireen walbira qabnee yoo ilaallu kan irratti hojjatamuu qabuu fi haala amma jiruun caasaan diriiree jiru mirga fayyadamtootaa seeraan kaa'aman kabachiisaa kan hin jirreefi kan kabachiisuu hin dandeenye ta'uu isaa ilaaluun ni danda'ma. Caasaan jiraachuun isaa iyyuu beekamee hawaasni akka itti fayyaadamu gochuuf hojii guddaa hojjachuu kan barbaadu dha.

Ogeeyyii qaamolee haqaa dabalatee caasaawwan mootummaa biroo keessattis akka beekamu tattaaffiin godhame laafaa ta'uu isaa odeeffannoon argame ni agarsiisa.

- **Mirgoota Shamattootaa Labsii DD Fi ES Hojitti Hiikuun Walqabatee Rakkoon Jiru fi Sadarkaa Mirgoonni Shamattootaa Itti Kabajamaa Jiran Maal Akka Fakkaatuu Ilaaluuf.**

Akka ogeessa seeraa fi akka shamataatti haala qabatamaa jiru ilaaluun rakkoo mirga fayyadamtootaa wajjiin walqabatee akka naannoo Oromiyaatti mul'atu ogeeyyiin irra caalaan daran ol'aanaa fi ol'aanaa jechuun kaa'aniiru. Rakkoon mul'atu bal'ina kan qabuufi bifa adda addaatiin kan callaqifamu ta'uu isaa daataawwan qoraannoo kanaa bifa afgaaffii fi bargaaffii akkasumas galmeewwanii fi dookimumentoota xiinxalaman irraa ilaaluun ni danda'ama. Bifuma walfakkaatuun odeeffannoon ogeeyyii qaamolee gara garaa irraa argames (keesattu BDMG fi Ejensii Babal'ina Waldaalee Gamtaa) irra argames rakkoon bal'aan akka jiru kan agarsiisu dha.

[153] Fkn: aanaa Xiyyoo, magaalaa Asallaatti meeshaan seeraa ala naanna'aa jiru erga qabameen booda waajjira daldalaa irraa eeyyamni kennameefi akka dhufe(jalqaba yeroo gaafatamu hin qabu ture) afgaaffii waajjira poolisii magaalaa Asallaattii gaafa guyyaa 07/06/08 taasifame. Aanaa Sulultaatti namni sukkaara jerikaanaan fe'ee osoo dabarsaa jiruu qabamee dhukkubsataa waan ta'eef gadidhiifamee sukkaarri ummataaf gurgurame!(afgaaffii waajjira poolisii magaalaa sulultaatti gaggeeffame Kom. Baallii Baatuu)

[154] Fkn. Aanaa Maannaatti manni tajaajila keennu tokko Daaboo giraamaa 54n xiqqaa ta'e gurguruu, mana tajaajila itti kennu toannoof banaa gochuu diduu isaatiin akkeekkachiifni dhumaa xalayaa Lakk. 168/B-19/35 gaafa guyyaa 15/05/2008 barraaheen kennameefi jira. Akkasuma aanaa Adaamii Tulluutti waldaan IMX raabsaa meeshaa bu'uuraa irratti hojjatu xalayaa Lakk. DMG/08 Guyyaa 11/04/2008 barraaheen raabsaa irratti iftoomina dhabuu, komii ummata biraa ka'u qulqulleessuuf ragaa yoo gaafatamu tasgabbiidhaan koreef dhiyeessuu dhabuu isaatiin hojii raabsaa meeshaa bu'uuraa keessaa akka bahu taasifameera.

[155] Afgaaffii waajjira poolisii fi WDMG aanaa Maannaa 03/06/08 taasifame irratti kan ka'e

Mirgoota labsii ESfi DD lakk. 813/06 keessatti mirgoota bu'uuraa shamattootaa jedhamanii kan kaa'amnii fi keewwata 14 jalatti caqasamanii fi keewwattoota labsichaa biroo keessatti kaa'aman sadarkaa naannootti hojii irra oolchuu wajjiin walqabatee rakkoowwan jiraachuu isaanii yoo ilaallee fi rakkoowwan jiran bal'aa ta'uu isaani erga hubannee bifa kamiin calaqqiffamu isa jedhu agarsiisuun barbaachisaa ta'a.

Caasaan kabajama mirga shamattootaa irratti hojjatu qixa barbaadamuun hojii isaa akka hojjachaa hin jirreefii bu'a qabeessa akka hin taane armaan olitti ilaaluuf yaalamee jira. Mirgoota bu'uuraa seerri teechise kanneen hawaasni akka beekee itti fayyadamu gochuufi sirna komii itti dhiyeeffatu diriirsuun ummanni akka itti fayydamu gochuun hin danda'amne. Hubannoon hawaasaa cimaa waan hin taaneefi bifa kamiin akka qaama dhimmi ilaaluuf dhiyaatan waan hin beekneef akka komiitti waltajjiiwwan adda addaa irratti ka'anii hafu. Hubannoon hawaasaa guddina biyyaa wajjiin walitti hidhamiinsa qaba.[156] Haata'uu malee lammiilee waa'ee mirgaa fi dirqama isaanii barsiisuun jijjiirama guddaa fiduun ni dand'ama. Sadarkaan hubannoo ogeeyyii iyyuu haala barbaadamuun kan hin cimne ta'uun isaa qixa kanaa qaawwi jiru bal'aa akka ta'e agarsiisa.

Bu'a qabeessa ta'uu dhabuun adeemsa mirga shamattootaa kabachiisuu kuni mirgoonni akka beekamanii hojii irra hin oollee fi hawaasni bal'aan akka fayyadamaa hin taane taasisee jira. Raabsaa meeshaalee bu'uuraa wajjiinis walqabatee rakkoowwan heddu kan mul'atanii fi ummata tajaajilu irra ummanni akka miidhaa adda addaatiif saaxilamu gochaa jiru. Mirga odeeffannoo gahaa argachuu fi baruumsa shamattootaa akka mirgaatti lakkaa'amee ummanni sadarkaa barbaadamuun akka argatu hin taasifamne.

Istaatiksiin Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa irraa argame akka agarsiisutti raawwii karooraa (hanga) bara 2007 irraa akka ilaaluun danda'amutti namoonni hubannoo akka argatan taasifaman 4,344,000 hubannoon akka kenname agarsiisa. lakkoofsi namoota hubannoo argataniiran jedhu kun caasaa amma diriiree jiruu fi ogeyyii adeemsaalee sadarkaa naannoo irraa kaasee hanga aanaatti jiraniin kan raawwatamuu danda'u jechuun rakkisaa dha. Dabalataan ogeeyyii adeemsa sadarkaa sadarkaan argaman irraa akka hubatametti hubannoon dhimma dantaa fayyadamtootaa irratti qaban gahaa akka hin taanee daataan kan agarsiisuu yoo ta'u waggaa tokkoon namoota haganaatiif hubannoo kennuun daran rakkisaa akka ta'u kan hubatamu dha.

Sadarkaan kabajama mirga shamattootaa akka naannoo Oromiyaatti sadarkaa gadaanaa irra akka jiru hubachuu ni danda'ama. Hawaasni mirga filachuu miti meeshaalee bu'uuraa guyyaa guyyaadhaan itti fayyadamu dhabee kan rakkachaa jiruufi daldalaa dhunfaa irraa gatii guddaadhaan bitee fayyadamuuf dirqamee jira.

Omishaaleen dhiyaatanis qaamolee muraasaan akka dirqamaatti kan dhiyaatan waan ta'eef qulqullinaa qabaachhu isaanii fi fayyaa fayyadamtootaaf mijataa ta'uu fi dhiisuu isaanii beekanii

[156] Mul'isaa Abdiisaa, Biiroo Haqaa Oromiyaa

akka fedhiitti bituuf carraan jiru dhiphaa dha. Keessattu qulqullina zayitii nyaataa wajjiin walqabatee komiin guddaan akka jiru ilaaluun danda'ameera. Ummanni filannoo biraa waan hin qabaanneef bitee fayyadama. Mirga fayyummaa fi eeggamuu shamattootaa *(safety*) kan hubannoo keessa hin galchine dha.

Dabalataan fedhiin ummataafii dhiyeessiin meeshaalee bu'uuraa walsimuu dhabuun rakkoo guyyaa guyyaadhaan mul'atu yoo ta'u giddu lixummaan mootummaa maaliif rakkoo jiru hin furre gaaffii jedhu kan kaassisu dha.

Mirgoonni akka mirgaatti seeraan beekamtii argatanii teechifamuun isaanii gaarii dha. Haata'uu malee barreeffamaan ta'uun isaanii ummataaf bu'aan buusuu hin jiru. Sirnii fi adeemsi seerri sun hojii irra itti oolu diriiruu qaba. Kana wajjiin walqabatee Labsiin lakk. 813/06 hojii irra oolmaa isaatin walqabatee kan Federaalaa qofa akka ta'etti hubatamee naannoowwan dhaddacha bulchiinsaa ofii isaanii kan ofii isaanii hundeeffachuu ni danda'u jechuun isaa fi bu'uuruma kanaan hundeeffamuu dhabuu isaatiin hojii irra oolmaa seerichaa akka naannotti jiru irratti gufuu ta'eera.

Seericha akka naannotti hojii irra oolchuu fi mirga fayyadamtootaa eegsisuuf wanti ifatti dhoorkuu jiraachuu baatus ogeeyyii gara garaa biratti hubannoon adda addaa akka jiraatuu fi bifa tokkoon akka hojii irra hin oolle taasisee jira. Rakkoo gama kanaan mul'atu itti aanee kan ilaallu ta'a.

Dhimmoonni gara qaama haqqaatti dhiyaatan baay'inni isaanii komii ummata biraa ka'u wajjiin wal hin simu. Akka daataa qoraannoo kanaa irraa hubachuun dand'amutti aanaawwan tokko tokko irratti dhimmi mirga shamataa wajjiin walqabatu hin dhiyaatu. Haata'uu malee rakkoon hin jiru jechuu miti. Aanolee kanniin keessatti komiin ummataa biraa ka'u kan aanaalee dhimmoonni itti dhiyaatan irraa adda miti. Hubannoo fi keessummeessa qaamolee haqaa wajjin kan walqabatu dha.

Gaaffiiwwan mirga shamataa wajjiin kallattiin walqabatanii fi gara qaama haqaatti dhiyaatan muraasa yoo ta'an dhimmoonni labsii Lakk. 813/06 bu'uureeffatanii dhiyaatan kan tumaalee kwt. 24 fi 43 jalatti teechifamanii fi meeshaalee bu'uuraa gabaa irratti hanqina qaban jedhaman eeyyama osso hin qabaati ykn seeraan ala geejjibsuu ykn kuusuu wajjiin kan walqabatanii dha. Galmeewwan muraasni mirga shamtaa wajjiin walqabatee dhiyaatan meeshaalee faayidaa nyaataaf oolan watootaa alagaa wajjiin walitti makuun kan walqabatanii dha.[157]

Kabajamuu mirga shamattootaaf qaamolee shoora guddaa xabatan keessaa waldaaleen shamattootaa isaan tokko dha. Waldaalee shammaachii shamattoonni gurmaahuun mirgaa fi dantaa isaaniitiif akka hojjatan kan isaan dandeechisuu dha. Muuxannoon biyyoota adda addaa keessa jirus kanuma agarsiisa. Haata'uu malee haala qabatamaa waldaalee shamaachii biyya

[157] Galmeewwan qorannoo kanaaf jedhamanii sakkatta'aman 50 keessaa 45 kan ta'an kan dhiyaatan kewwata 24 fi kwt 43 jalatti yoo ta'u galmeewwan hafan gatii dabaluun gurguruu, wantoota alagaa makanii gabaaf qopheessuu, manni murtii 813/06 hin ilaalu jechu isaatiin seera yakkaa kwt 433 jalatti kan dhiyaatanii dha.

keenyaa gurmaa'ina isaani irra kaasee hanag tajaajila kennaniitti yoo ilaallu kan hanqinna guddaa qaban ta'uu isaanii ilaaluun ni danda'ama.

Waldaaleen shamaachii naannoo keenyaa hojii isaanii iftoomin fi si'aannaa dhabuu akkasumas rakkoo naamusaa irraa bilisa ta'uu dhabuun akka jiru ilaaluun danda'ameera.[158] Hordoffii fi to'annaan cimaan jiraachuu dhabuun, waldaaleen kunneen miseensota isaaniif hirmaachisaa ta'uu dhabuu isaanii akka fakkeenyatti kaasuun ni danda'ama.

Dabalataan hojii isaanii hojjachuuf haalli mijataan jiraachuu dhabuu fi raabsaa meeshaalee bu'uuraa irratti akka hojjatanii fi xiyyeeffatan taasifamuun isaanii kabajama mirga shamattootaaf gahee isaan irraa eegamu akka hin bahanne isaan taasiseera. Kun immo kabajamni mirga shamattootaa tarkaanfii tokko gara fulduratti akka hin tarkaaffanne godhee jira.

- **Eegumsa Mirga Shamattootaa Keessatti Gaheen Qaamolee Haqaa Maal Akka Ta'eefi Gahee Isaanii Bahachaa Jiraachuu Fi Dhiisuu Isaanii Ilaalchisee:**

Manneen murtii idilee naannoo dhimma mirga shamattootaa labsii lakk. 813/06 jalatti tumaman gara hojitti hiikuu wajjiin walqabatee abbootii seeraa biratti ejjannoon gara garaa akka jiraatu ta'uun isaa akka hanqinatti kan fudhatamuu qabuu dha. Akka naannoo Oromiyaatti hojii irra oolchuuf bu'uurri seeraan deeggarame hin jiru komii jedhu abbootiin seeraa kaasan xalayaa waajjira pirezidaantii irraa barreeffameen akkamitti hojjanna gaafii jedhu dhiyeessu.[159] Seera baasuun osoo danda'amuu xalayaadhaan akka hojjattan isin beeksifna jechuun aangoo manneen murtii tuquu ta'a. qaamni siyaasaa qaama haqaa xalayaadhaan ajajuu akka sirna haqaa irratti giddu lixuutti kan ilaalamuu fi bilisummaa manneen murtii fi qoqqodinsa aangoo qaamolee mootummaa gidduu jirus kan gaaffii keessa galchu akka ta'e ogeeyyiin ibsan jiru.

Gama biraan dhimmi shamataa dhimmaa lammii ti kanaaf mirgaa fi dantaa ummataa eegsisuun dirqama qaama haqaati jechuun kan hojjatan jiru. abbootiin seeraa kunneen labsichi qaamoleen haqaa idilee dhimmicha ilaaluu hin danda'an jedhee hin keenye. Naannoleen dhaddacha bulchiinsaa kan ofii isaanii hundeeffachuu ni danda'u jedha malee ammaaf ilaaluu hin dand'an hin jedhu. Kanaaf seericha hojii irra oolchuuf xalayaanis ta'e tumaan labsichaa 'naannoleen kan ofii isaanii hundeeffachuu danda'u jedhu sababa gahaa hin tahan jechuun galmeewwan Labsii 813/06 jalatti dhiyaatan ni ilaalu.

---

[158] odeeffannoo Ejensii Babal'ina Waldaalee Gamtaa Oromiyaa irraa argameen waldaleen hanqina agarsiisan kan jiran ta'uu isaa fi jijjiirama hooggansaa akka taasfamu ibsameera. Tafarraa Anbassaa, EBWGO, 14/08/08)

[159] Xalayaa lakk. 04/Dh-40/2483 gaafa guyyaa 30/08/2007 waajjira pirezidaantii naannoo Oromiyaa irraa barraaheen .....Hanga qaamni abbaa seerummaa qabu hundaa'utti dhimma hariiroo hawaasaa fi yakkaa karaa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa fi Karaa BHO sadarkaa sadarkaadhaan jiraniin bu'uura seera jiruutiin murtii barbaachisaan akka itti kennamaa deemu murteessuu isaa beektanii akka hojii irra oolchitan isin beeksifna... jechuun qaamolee haqaaf ergameera.

Adeemsi kuni ejjannoo dhunfaa abbootii seeraa irratti hundaa'uun isaa qaawwa gama seeraatiin uumame ta'us seerri bifa walfakkaatuun akka hojii irra hin oollee fi mirgi shamattootaa akka qixa barbaadamuun hin kabajamne taasisee jira. Mana murtii tokko keessatti abbaan seeraa tokko galmee ofitti fudhatee yoo ilaalu abbaan seeraa biraa immoo aangoo mana murtii miti jechuun galmeen akka deebi'u haalli itti taasifame jira.[160]

Gama manneen murtiitiin ejjannoo gara gara abbootiin seeraa qabatanii fi seerri ifatti dhimma kana hoogganu dhabamuu isaatiin, mirga fayyadamaa eegsisuu wajjiin walqbatee hojiin hojjatamaa jiru quubsaa miti. Manneen murtii dhimmicha sirritti fudhatanii keessuummeessaa jiran kan jiran ta'us akka naannootti bifa walfakkaatuun hojjatamaa jiraachuu dhabuun isaa dhimma xiyyeeffannaa guddaan ilaalamuu qabudha.

Abbaa alangaa fi Poolisii

Abbaan alangaa idilee akkuma dhimmoota biroo bu'uura seera yakkaa RFDI bara 1996 bahe jalatti kennameef dhimmoota mirga shamataa ilaalan irratti qorannoo gaggeessuu fi himata banuu akka danda'u armaan ol boqonnaa lammaffaa kutaa 2.6.3. jalatti ilaallee jirra. Bu'uuruma kanaan akka naannoo Oromiyaatti mirga shamataa eegsisuu keessatti gahee abbootiin alangaa qaban yoo ilaallu iddoo hundatti bifa walfakkaatuun hojjatamaa hin jiru.

Maddi rakkoo kanaa immoo akkuma armaan olitti ka'aa turetti dhimma hubannoo fi iftoomina dhabuu seeraa wajjiin kan walqabate dha. Aangoo keenya miti Labsii 813/03 kwt. 34 jalatti dhaddachii bulchiinsaa naannoowwan keessatti hundeeffamuuu ni danda'aa waan jedhuufi adeemsi kunis abbaa alangaa ofii isaa ni qabaata jedhamee amanamuuf kan hin ilaalle yoo ta'u Biiroo Haqaa irraa xalayaa barraaheen akka ilaalan taasifamaa jira[161]. Komiin seerri kallattiin aangessu dhabamuun akka jirutti ta'ee abbootiin alangaa qoratanii yeroo dhiyeessan gama manneen murtiitiin ejjannoo abbootiin seeraa qabaniin osoo furmaata hin argatin kan hafan jiru.[162]

Hubannoo seeraa wajjiin walqabatee qaawwi jiru bal'aa ta'uufi dhimmoonni kunneen baay'inaan kan eeruun irratti dhiyaatu waan hin taaneef xiyyeeffannaa itti kennanii hordofuu fi seeraaf dhiyeessuun hin jiru. Dhimmooni baay'een isaanii sadarkaa qorannoo irratti kan hafan ta'uun isaa immoo rakkoon naamusaa akka jiru agarsiisu akka ta'e odeeffannoon ogeeyyii irraa argame ni agarsiisa.

---

[160] Mana murtii aanaa Xiyyootti abbaan seeraa (Girmaa Gabbiisaa) galmee labsii 813/06 jalatti fudhatee kan ilaalu yoo ta'u (Fkn.lakk. Galmee 23629, Lakk. 23610) abbaan seera () jedhamu dhimmicha ilaaluun aangoo keenyaa miti jechuun kan didan yoo ta'u, (fkn Galmee CR:46/2008 , Lakk. Galmee A/A- 01908). Manni murtii ol'aanaa dhimmota lamaanuu sirrii akka ta'anitti fudhachuu isaa rakkoo gama kanaan jiru ifatti kan agarsiisu dha. (yaada afgaaffii abbootii alangaa fi abbotii seeraa aanaa Xiyyoo wajjiin gaggeeffame irratti kan ka'e, Amaan Leencoo, Girmaa Gabbisaa, Abdusamad Muhaammad, 08/05/08)

[161] Xalayaa Lakk. 04/Dh-40/2483, 30/08/2007

[162] Dhimmi lakk. Galmee A/A-01908 dhiyaate abbaan seeraa aangoo mana murtii miti jechuun waan didaniiif mana murtii ol'aanattis dhiyaatee waan cimeef deebi'ee Seera Yakkaa RFDI bara 1996 bahe keewwata 433 jalatti himatamee maallaqaan adabameera.

Naamusa wajjiin walqabatee akka waliigalatti kan ka'u ta'us rakkoowwan qabatamaan mul'atan irraa hubachuun akka danda'amutti dhimmooni baay'een mirga shamtaa wajjiin walqabatan sadarkaa qorannoo irra darbanii gara mana murtitti kan dhiyaatan miti. Dhimma kana wajjiin walqabate abbaan alangaa tarkaanfiin itti fudhatame jira.[163]

Poolisii wajjiin walqabatee haalli jirus rakkoo hubannoo, naamusaa[164] fi xiyyeeffannaa wajjiin kan walqabte akka ta'e daataa qoraannoo kanaa irraa ilaaluun ni danda'ama. Qorannoo yakkaa gaggeessuu wajjiin walqabtee aangoon akkuma dhimma yakkaa kamiyyuu kan poolisiin ta'uun isaa ifa dha. Hojii kana gaggeessuu keessatti garuu hanqinaaleen kan mul'atan ta'uun isaa ilaaluun danda'ameera. Akkuma abbaa alangaa wajjiin walqabatee kaasuuf yaalametti dhimmoonni baay'een sadarkaa qorannotti kan hafanii fi furmaata seeraa kan hin arganne ta'uu isaanii ni ka'a.

Iddoo hubannaan fooyyee jirutti poolisoonni abbaa alangaa wajjiin hordoffii gochuun namoota yakka raawwaatan haalli itti adabsiisan jira.[165] Bifa walfakkaatuun sochiin gama poolisiin taasifamus akka fakkeenyatti ka'u jira.[166]

Qaamolee haqaa hunda biratti hanqinaaleen kan mul'atan yoo ta'u maaddi isaanii guddaan akka daataan qoraannoo agarsiisutti iftoomina dhabuu seeraa (keessattuu akka naannotti bifa kamiin hojii irra ooluu qaba inni jedhu), hubannoo seeraa fi caasaa mirga shamattootaa irratti dhabamuu, dhimmichii haaraafi kan gadi fageenyaan itti hin hojjatamne ta'uu isaa irraa kan ka'e xiyyeeffannaa argachuu malu dhabuu isaa, akkasumas rakkoon naamusaa fi dagannoo akka mul'atu ilaaluun ni dand'ama. Kunis qaamoleen haqaa adeemsa mirga fayyadamtootaa eegsisuu keessatti gahee isaanii qixa barbaadamuun bahachaa akka hin jirre kan agarsiisudha.

- **Kutannoo fi Qophii Qaamolee Gara Garaa Mirga Shamattootaa Eegsisuu Keessatti Hirmaatanii Fi Qindoomina Isaanii Yoo Ilaallu:**

Rakkoowwan akka waliigalaa qaamolee haqaa biratti mul'atan ilaaluuf yaalameera. Rakkoon qindoomina wajjiin walqabatee jirus kan bal'inaan mul'atuu fi qabatamaanis harcaatii galmeewwanii irratti kan callaqifamu ta'uu isaa yaada ogeeyyii irraa hubachuun ni danda'ama.

[163] Waajjira Haqaa aanaa Sulultaattii abbaan alangaa (Yoonaas Mogas jedhamu) gocha naamusaa raabsaa meeshaa bu'uuraa wajjiin walqabateen himatamee hojii irraa ari'amee jira. (lakk. Galmee A/A -01448 lakk. Galmee M/M 37119)

[164] Godina Arsii aanaa xiyyootti konkolaataan meeshaa biraa fe'ee osoo deemaa jiru garagale dhoksaadhaan sukkaara fe'uun isaa beekamee poolisotaan qabamee ture. Meeshaan to'annoo jala erga ooleen booda konkolaachisaan konkolaata garagalee jiru bade jedhanii gabaasaniiru. (ogeeyyiin afgaaffii irratti yaada kennan akka rakkoo naamusaatti kaasu)

[165] Lakk. galmee poolisii CR-24/08- Gatii dabaluun waan gurgureef hidhaa ji'a lamaafi qarshii 800 tiin adabameera.

[166] Jimmaa, aanaa Maannaatti eeruu hawaasa irraa poolisii bira gaheen Juusiin guyyaan fayyadama isaa darbe akka manca'u taasifameera. Magaalaa Asallaa keessattis namoota konkolaataadhaan naannessuun oomishaalee adda addaa gurguran hordofuun qulqullini meeshaa dhiyeessanii kan hin beekamnee fi guyyaan faayyadama isaa kan hin beekamne waan ta'eef akka dhoorkaman taasifameera.

Dhimma akka ofitti fudhachuu dhabuu fi aangoo keenyaa miti jechuun walirraa dhiibuun kan mul'atu ta'uun isaa qindoominni akkataa barbaadamuun akka hin jirre agarsiisa.

Qaamolee dhimma dantaa fayyadamtootaa irratti keessattuu raabsaa meeshaalee bu'uuraa wajjiin walqabatee jiru irraai akka hojjatan hundaa'an keessaa to koree gabaa tasgabbeessuuti. Haata'uu malee aanaalee hunda qorannoo kanaaf daataan irraa sassaabame keessatti bifa qindaa'een rakkoo fayyadamtootaa furuuf yeroo socho'an hin hubatamne. Akka caasaatti diriiruu irra darbee kaayyoo hundeeffameef bu'uureeffachuun furmaata fullaa'aa ta'e kennuu hin dandeenye. Darbee iyyuu miseensonni koree gocha alnaamusaawa ta'e raawwachuun tarkaanfiin itti fudhatame jiru.[167]

Waajjirri daldalaa fi Misooma gabaas akka qaama dhimma kana irratti kallattiidhaan hirmaatutti qaamolee haqaa fi qaamolee biroo dhimmi ilaalu wajjiin ta'uun hojjachuu irratti hanqina akka qabu ilaaluun ni dana'ama. Kunis dantaan fayyadamtootaa dhimma ijoo waajjirichaa waan hin taaneef xiyyeeffannaa barbaachisaa ta'e argachuu hin dandeenye. Hojiiwwaan bal'inaan akka dantaa fayyadamaatti ilaalaman kan raabsaa meeshaalee bu'uuraa wajjiin walqabatu ta'uu isaa fi akka waliigalaatti hubannoon barbaadamu uumamuu waan hin dandeenyeef hariiroon jirus laafa akka ta'u godhee jira.

Gaheen guddaan waajjira daldalaan taphatamuu osoo qabuu, hojimaatni iftoomina dhabee fi rakkoo adda addaan xaxamee waan jiruuf akkasumas humna namaa gahaa fi ogeeyyii gahuumsa qabaniifi dhimma fayyadamtootaa sirnaan hubataniin waan hin ijaaramneef darbee qaamolee biroo wajjiin qindoomina cimaa uumuu hin dandeenye.

Akka waliigalatti qindoomini qaamolee adda addaa mirgaa fi dantaa fayyadamtootaa irratti hojjatanii cimaa akka hin taane ilaaluun rakkisaa miti. Caasaa mirga shamattootaa eegsisuuf akka naannotti diriire ilaalchisee hubannoo jiru irratti daataan argame agarsiiftuu guddaa ta'a. Kunis xiyyeeffannaan dhimmichaaf kenname seeraan deeggaramuu dhabuu wajjiin walqabatee qaamoleen hirmaatan kutannoo fi qophaa'inaan yeroo itti deeman hin mul'atu.

[167]Waajjira daldalaa fi misooma gabaa Magaalaa Asallaatti afgaaffii gaggeeffame irratti kan ibsame. Birhaanuu Dibaabaa, hoogganaa waajjiraa gaafa 07/06/08)

BOQONNAA AFUR

YAADA GUDUUNFAA FI FURMAATAA

4.1. YAADA GUDUUNFAA

Miseensonni hawaasaa guyyaa guyyaadhaan meeshaalee fi tajaajilaa bitannii fi fayyadaman seeraan eegumsi akka taasifamuuf gochuun adeemsa biyyoota addunyaa heddu keessatti argamuu fi baratamee dha. Biyya keenya keessattis mirga shamattootaa eegsisuu kayyeeffatee seerri akka bahu taasifameera. Raawwatamiinsaa fi hojii irra oolmaa seerichaa, keessattu akka naannootti hanqinaaleen mul'achuun isaanii hin oolle. Labsiin lakk. 813/06 kallattiidhaan raawwatamiinsa kan qabu sadarkaa Federaalaatti ta'uun isaa kan seericha keessatti ibsame yoo ta'u hojii irra oolmaaa seerichaa akka naannootti jiraachuu danda'uuf qaama abbaa seerummaa eegumsa shamattootaa akka hundeeffachuu danda'an ni ibsa.

Akka naannoo Oromiyaatti mirga shamattootaa eegsisuuf dhaddachi bulchiinsaa hanga ammaatti kan hundeeffamne ta'uun isaa eegumsi shamattootaa akka asiif achi daddaaqu godhee jira. Sadarkaa adeemsaatti Biiroo Daldalaafi Misooma Gabaa Oromiyaa jalatti akka hundeeffamu taasifamuun isaa dhimmi xiyyeeffannaa barbaadu akka hin arganne taasisee jira. Dhimmii shamataa dhimma hundaa, fayyaa fi nageenyummaa lammiilee wajjiin kan walqabte dha. Qixa kanaan hojiin hojjatame baay'ee xiqqaa ta'uu isaa ilaaluun danda'ameera.

Caasaa diriire keessatti humni namaa gahaa fi mirgaa fi dantaa shamattootaa iraatti beekumsaa fi hubannoo seeraa gahaa qaban hin jiran. Kunis akka adeemsaatti jiraachuu irra darbee marga shamataa eegsisuufi kabachiisuu hin dandeenye. Keessattu akka dhimma guddaatti xiyyeeffannaan kennameefi kan irratti hojjatamu raabsaa meeshaa bu'uuraati. Mirgoonni fayyadamtootaa bu'uuraa seeraan uwwisa argatan kan akka mirga fayyaa fi nageenyummaa, mirga odeeffannoo gahaa argachuu, mirga filachuu, mirga kabajaan keessummaahuu fi dhagahamu, akkasumas mirga beenyaa argachuu xiyyeeffannaan kennameefii kabajamaa hin jira.

Akka adeemsaatti raabsaa meeshaaleel bu'uuraa irratti haa hojjatamuu malee inni kunis rakkoowwan adda addaan kan xaxamee fi hawaasni komii guddaa kan irratti kaasaa jiru dha. Dhiyeessii irraa kaasee hanga qulqullina oomishaalee dhiyaatanitti; mala raabsaa fi iftoomina dhabuu isaa irratti ummanni waltajjii heddu irratti kan kaasaa jiruu fi furmaata hin arganne dha.

Akka waliigalatti caasaan yeroo ammaa naannoo Oromiyaatti mirga shamttootaa eegsisuuf diriiree mirga shamataa eegsisaa hin jiru. Haala jiruun iyyuu bifa fooyyee qabuun akka hawaasa hin tajaajille ogeeyyiin gahaa hubannoo qaban jiraachuu dhabuu, rakkoo naamusaa, rakkoo qindoominaa, horddoffii fii to'annoo gahaa gochuu dhabuu, rakkoowwan mul'atan jala jalaan furaa deemuu dhabuu, hubannoon hawaasaa fi daldaltoota biratti qixa barbaadamuun uumuu dhabuun jira.

Waldaalee shamattootaa wajjiin walqabatee rakkoon guddaan kan mul'atu yoo ta'u, mirgoota shamattootaa yaadrimee jedhu iyyuu kan hin hubannee fi waa'ee seerichaa kan beekumsa hin horanne dha. Hoggansa irraa kaasee hanga miseensaatti waa'ee mirga shamataa hubannoon qaban gada aanaa dha. Akka dirqamaa fi hojii ijootti kan ilaalan meeshaalee bu'uuraa mootummaan dhiyeessu miseensotaaf raabsuu dha. Waldaaleen fayyadamtootaa ilaalcha kana keessaa bahanii fedhii fi dantaa fayyadamtootaaf akka dhaabbachuu danda'an gochuuf hojii cimaatu barbaadama. Haala amma jiruun mirga shamataa eegsisuu miti meeshaalee bu'uuraa ummataaf dhiyeessuun kan isaan raakkisaa jiru ta'uun isaa ilaaluun ni danda'ama. Hanqinaaleen gara garaa isaan biratti mul'ataniifi kutaa qorannoo kana keessatti armaan olitti caqasaman yoo furuun hin danada'amnee mirgi shamattootaa daran akka miidhamu kan godhu dha.

Adeemsa kana akka hordofan kallattidhaan kan hundeeffaman kan akka koree gabaa tasgabbeessuu bifa idilaayeen hojjachuun rakkoowwan gama kanaan mul'atan yoo furuuf yaalan hin mul'atu. Akka koreetti ijaaramanii jiraachuun ala waan bu'a qabeessa ta'eefi ummata fayyadu hojjachaa hin jiran.

Qaamolee gara garaa dhimmi ilaaluu fi hawaasa bal'aa biratti mirga fayyadamtootaa fi uwwisa seeraa jiru ilaalchisee hubannoon jiru gahaa ta'uu dhabuu isaa mirgi fayyadamtootaa akka qixa barbaadamuun hin kabajamne taasisee jira. Ogeeyyii qaamolee haqaa dabalatee qaamoleen kallattiidhaan dhimma kana keessatti hirmaatan hubannoo walfakkaatu dhabuu fi xiyyeeffannaa kennuu dhabuu irraa kan ka'e mirgi shamattootaa akka dhimma ijootti akka hin ilaalamne ta'eera.

Qaawwi gama seeraatiin jiru ogeeyyii qaamolee haqaa biratti ejjannoon gara garaa akka jiraatu gochuudhaan adeemsa mirga shamattootaa akka naannoo Oromiyaatti jiru miidhee jira. Xalayaa waajjira pirezidaantii irraa barreeffameen akka hojjatamu ajajamuun isaa hangam seera qabeessa inni jedhus kan ilaalamuu qabu dha. Akka dantaa ummataatti dursi kennameefi seerri akka bahee hojii irra oolu gochuun osoo danda'amuu bifa kanaan itti deemamuun isaa dhimmichi xiyyeeffannaa barbaadamu akka hin arganne agarsiisa.

Qindoominni fi kutannoon qaamolee haqaa fi kan biroos mirga shamataa kabachiisuu wajjiin walqabatee jiru gahaa miti. Rakkoon iftoomina seeraa, hubannoo fi caasaa rakkoo kanaaf ka'uumsa ta'uu danda'u. Kaata'uu malee kaka'uumsii fi kutannoon osoo jiraatee qindoomina gaarii uumuun hojii amma jiru irra waan fooyye qabu hojjachuun ni danda'am.

Qaamoleen haqaa fi mirga fayyadamtootaa irratti hirmaatan biroo dantaa fayyadamtootaa bifa giddu gala godhatee fi mirga isaanii bifa kabachiisuu danda'uun gahee isaanii bahachaa akka hin jirree argannoon qorannoo kanaa ni agarsiisa. Qaamoleen haqaa seerri ifatti sadarkaa naannootti akka hojii irra ooluu fi qaamoleen haqaa idilee dhimmicha keessummeessuu akka hin dandeenye wanti dhoorku iddoo hin jireetti aangoo keenya miti jechuun ofi irraa dhiibuun isaanii dhimmi mirga fayyadamtootaa furmaataa fullaa'aa akka hin arganne taasisee jira. Sadarkaa naannotti hanaga seerri bahu Labsii 813/06 hojii irra oolchuun mirga lammileef dhaabachuun irraa eegama ture.

Akka waliigalaatti mirgi shamattootaa akka naannoo Oromiyaatti xiyyeeffannaan barbaadamu kennameefii kan irratti hojjatamaa hin jirree ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Kuni immoo furmaataa atattamaa kan barbaadu dha. Keessattuu yeroo ammaa oomishaaleen baay'inaa fi hedduminaan gara gabaatti yeroo dhiyaatanii fi sochiin daldalaa babal'achaa deemaa jiru kanatti hawaasaa oomishaalee fi tajaajiloota fayyaa fi nageenyummaa isaa miidhan irraa baraaruuf, baasii baaseef tajaajila fi meeshaa gitu akka bitatu fi fayyadamu gochuuf hojiin hojjatamuu qabu guddaa fi ariifachiisaa akka ta'e kan agarsiisu dha.

4.2. YAADA FURMAATAA

Rakkoowwaanii fi hanqinaalee mirga fayyadamtootaa kabachiisuu wajjiin walqabatee akka naannoo Oromiyaatti mul'atan gabaabinaan qorannoo kana keessatti agarsisuuf yaalameera. Bu'uura daataa argameef xiinxalameen rakkoowwan gara garaa kan mul'atan ta'uun isaa hubatameera. Rakkoowwan kanneen furuuf fi xinneessuun akka danda'amu yaada furmaataa akeekuun kaayyoo ijoo qoraannoo kanaati. Bu'uuruma kanaan yaadoliin furmaataa akka armaan gaditti dhiyaataniiru.

Hubannoo Uumuu

Rakkoon bal'inaan qorannoon kanaan agarsiifame rakkoo hubannoo dhimma dantaa fayyadamtootaa biratti akka waliigalatti jiraachuu dhabuu isaatii. Isa kana furuuf immoo furmaataa ijoo kan ta'u dhimmi dantaa fayyadamtootaa dhimmaa jiruuf jireenyaa ummataa guyyaa guyyaa wajjiin kan ilaalamuu qabuufi fayyaa fi nageenyumaa hawaasaa wajjiin kan walitti hidhamiinsa qabu ta'uun isaa hubatame hawaasni hubannoo gahaa akka qabaatu hojjatamuu qaba.

Mirgoota bu'uuraa shamattoonji qabanii fi furmaataa rakkoo isaan muudateef qaban ilaalchisee hubannoon gahaan kennamuufi qaba. Meeshaa fi tajaajila kaffalttii itti raawwatan bifa kamiin akka qulqullummaa fi fayyaa qabeessummaa isaa mirkaneeffachuu qaban, adeemsa kana keessatti immoo rakkoon yoo isaan muudatu eessatti akka iyyattan, akkamitti akka iyyatan fi furmaata akka waliigalattii jiru irratti hawaasni akka baratu gochuun barbaachisaa dha.

Gaheen hojii kun irra caalaa Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaatti Adeemsaa Dorgommii daldalaa fi dantaa fayyaadamtootaa kan ilaallatu ta'us, qaamoleen kallattinis ta'ee alkallatiin dhimmi ilaaluu adeemsa hubannoo uumuu kana irratti bal'inaan hojjachuu qabu. Ummata wajjiin walitti dhufeenya guyyaa guyyaa kan qaban ogeeyyiin qaamolee haqaa (abbaa alangaa fi poolisiin) dhimmoota seeraa biroo irratti akkuma hawaasaaf hubannoo uumuuf hojjatanitti dhimma dantaa fayyadamtootaa irrattis bal'inaan osoo hojjatanii bu'a qabeessa ta'u.

Kana gochuu keessattis ummata hirmaachisuun hawaasni abbummaadhaan dhimmicha akka hordofu gochuufi keessattu ummata baadiyaa odeeffannoo irraa fagaatee argamus akka adeemsa hubannoo uumuu kana irraa fayyadamaa ta'u gochuuf hojjatamuu qaba. Dhaabbilee

sabqunnamtii yeroo ammaa babal'achaa jiranitti fayyadamuunis hojii gama kanaan hojjatamu bu'a qabeessa taasisa.

Barnoota shamattootaa *(consumer education*) fi odeeffannoo argachuun mirga shamattootaa seeraan mirkanaa'eefi daran barbaachisaa waan ta'eef gama kanaan hojiin hojjatamu mirga shamattootaa kabajuuf kabachiisuu akkasumas hawaasa diinagdee fayya qabeessa ta'eef gumaacha guddaa taasisu ijaaruuf gargaara.

Ogeeyyii Gahoomsuu

Adeemsa hubannoo uumuu fi furmaata seeraa kennuu keessatti qaamoleen shoora guddaa taphatan gahee isaan irraa eeggamu kana bahachuuf ofii isaaniittii hubannoo gahaa akka horatan gochuun dhimma xiyyeeffannaa guddaa barbaadu dha. Barbaachisummaa fi kaayyoo seerichaa sirritti akka hubataniifi galmaan gahiinsa isaatiif akka hojjatan leenjiin kennamuufi qaba. Ogeeyyiin caasaa amma diriiree jiru kana keessa jiran hubannoo gaarri osoo qabaatanii rakkooleen yeroo ammaa mul'atan hunda ta'uu baatus hanga ta'e furuu akka danda'an haala qabatamaan jiru irraa hubachuun ni danda'ama. Kanaafu, ogeeyyii sadarkaa sadarkaadhaan jiran bifa gahuumsa isaanii cimsuu danda'uun leenjiin akka kennamuuf osoo godhamee hanqinaalee gama hojii irra oolmaa seerichaafi qindoominaa qaamolee dhimmi ilaaluu biratti mul'atan furuun ykn salphisuun ni danda'ama.

Instiitiiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa qixa kanaa hubannoo uummuf hojiin hojjataa ture bu'a qabeessa kan ta'ee fi hubannoo muraasaa ogeeyyii qaamolee haqaa naannichaa biratti uumamaafe gumaacha guddaa kan taasise ta'uun isaa leenjiin hunda hirmaachisaa ta'e kennuun yoo danda'ame hubannoo waliigalaa fiduun akka danda'amu kan agarsiise dha.

Kanaaf Instiitiyuutin kuni qaamolee dhimmi ilaalu keessattu BDMGO fi Ejensii Babal'ina Waldaalee Gamtaa wajjiin ta'uun ogeeyyii gara garaa dhimma dantaa fayyadamtootaa wajjiin walqabatan irratti hojjataniif leenjii kennuun hubannoo isaanii akka cimsataniifi hawaasa akka tajaajilan gochuun baay'ee gaarii ta'a.

Seera Wajjiin Walqabatee RakkaJiru Hiikuu

Hanqinaaleen baay'een mirga shamattootaa akka naannoo Oromiyaatti kabachiisuu wajjiin walqabatan qaawwa gama seeraatiin jiru irraa kan maddanii dha. Labsiin lakk. 813/06 akka naannootti bifa kamiin hojii irra ooluu qaba inni jedhu ifa miti. Xalayaan gaaffii BDMGO irraa dhiyaate bu'uureeffachuun waajjira pirezidaantii naannoo irraa barraahe furmaata argamsiisu hin dandeenye. Qaama haqaa seeraan hoogganamu xalayaan ajajuun hin danda'amu. Rakkoo gama kanaan mul'atu furuuf qaamolee haqaa idilee seeraan angeessuu ykn seera akka naannotti hojii irra oolu baasuun dhaddacha bulchiinsaa dhimma kana ilaalu hundeessuun gaarii dha. Filannoowwan lamaan kanneen irra gahuuf haala qabataa naannoo keenyaaf bu'a qabeessa kan ta'u isa kam akka ta'e murteessuuf qorannoo bal'aa gaggeessuun barbaachisaa ta'a.

Dabalataan kutaawwan seericha iftoomina hin qabne foyyeessuu ykn dambiidhaan akka deeggaramanii hojii irra oolan gochuun barbaachisaa dha. Dhimmoonni akka tajaajila maatiif oolu 'fijootaa' jedhaniifi hiikkoo ifa ta'e kaa'uun barbaachisaa ta'a.

Raabsaa Meeshaalee Bu'uuraan Walqabateerakkoo Mul'atu Furuu

Raabsaa meeshaalee bu'uuraa wajjiin walqabatee rakkoo bal'aa sadarkaa adda addaatti mul'atu furuun komii hawaasa irraa ka'u kan xinneessuu fi fayydamummaa isaanii kan dabalu ta'a. Kana gochuu keessattis odeeffannoo ummata irraargamuu bu'ureeeffachuun tarkaanfiiwwan barbaachisaa ta'an fudhachuun barbaachisaa dha.

Keessattu hanqina gama walgituu dhabuu fedhii ummataa fi meeshaa furuuf dhiyeessii fi sirna isaa fooyyeesuu, rakkoowwan naamusaa mul'atan furuu fi tarkaanfii fudhachuu, to'annoo fi hordoffii cimsuu, filannoo ummataa kabajuu fi bu'uura sanaan hojjachuun baay'ee barbaachisaa ta'a.Qaamolee adeemsa kana keessatti hirmaatan daran akka cimanii fi gochaa alnaamusaawaa irraa akka bilisa ta'an sirna itti gaafatamummaa diriirsuun hordoffii taasisuun hojii yeroon kennamuuf miti.

BDMG biratti hanqinaalee jiran ka'uumsa irraa furuu, Koree Gabaa Tasgabbeessuu maqaan qofa jiraachuu irraa gara hojii qabatamaatti akka galu gochuun, waldaalee shammaachii, IMX fi Yuniyenoota raabsaa meeshaalee bu'uuraa irratti hirmaatan irratti hordoffii itti fufiinsa qabuu gochuun miira tajaajiltummaa akka horatan gochuun barbaachisaa dha.

Kana gochuu keessatti BDMG itti gaafatamummaa kan qabu ta'us mootummaan naannoo Oromiyaas dhimmi raabsaa meeshaalee bu'uuraa fi akka waliigalaatti dhimmi dantaa fayyadamtootaa kabachiisuun hawaasa naannoo hunda kan ilaallatuu fi inni kun immoo gahee hojii mootummaa ijoo waan ta'eef gama kanaan hojiiwwan hojjataman hordofuu fi gara rakkoo bulchiinsa gaaritti osoo hin guddatin furmaata akka argatu hojjachuu qaba.

Waldaalee shamataa Irratti Hojjachuu

Ciminnii fi bu'a qabeessa ta'uu waldaalee fayyadamtootaa hojii mirga fyayyadamaa kabachiisuuf hojjatamu keessatti gumaacha guddaa kan taasisu dha. Kanaafu, waldaalee shamattootaa akka naannoo keenyatti jiran hundeeffama isaanii irraa kaasee iftoomina akka qabaatan, fedhii fi dantaa ummataa (miseensota isaanii) qofa giddu gala godhanii akka socho'an. dhimma raaabsaa meeshaa bu'uuraa qofa irra bahanii akka waliigalatti mirgoota bu'uuraa fayydamtootaa seeraan teechifaman hojii irra oolchuuf akka hojjatan ta'anii hundaa'uu qabu.

Haala amma jiruun waldaaleen fayyadamtootaa akka naannoo keenyatti jiran hawaasa qixa barbaadamuun tajaajiluu kan hin dandeenyeefi rakkoowwan adda addatiin kan xaxaman waan ta'aniif hojiin isaanii bu'a qabeessaa miti. Waldaale kanneeniif xiyyeeffannaa kennanii hojjachuun faayidaa heddu ni qabaata.

Mootummanis waldaaleen kunniin mirga fayyadamtootaa eegsisuu irra darbee, diinagdee biyyaaf gumaacha taasisan akkasumas hawaasa tasgabbaa'aa fi fayya qabeessa uumuu keessatti gahee qaban akkasums ijaarsa sirna dimokraasii keessatti hirmaannaa taasisan ilaaluun bifa fedhii fi kaka'uumsa ummataa bu'uura godhateen akka bal'inaan hundaa'an hojjachuun baraachisaa dha. Adeemsa kana keessatti muuxannoo biyyoota bu'a qabeessa ta'anii ilaaluun itti deemuun bu'aa guddaa buusa.

Miiltoowwan

Institiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

Mata duree Qorannoo: '*Sadarkaa kabaji mirga Shamattootaa itti argamu: Haala qabatamaa naannoo Oromiyaa*

1. Afgaaffii ogeeyyii qaamolee haqaa

1. Dhimmoota eegumsa mirga shamattootaa wajjiin wal qabatan isin biratti dhiyaatanii beekuu? akkamitti simattan/furmaata kennitan?

2. Hubannoo seeraa eegumsa mirga shamattooota irratti qabdan maal fakkaata? Mirga shamattootaa kabachiisuu wajjiin walqabatee gahee akka qaama haqaatti qabdan bahachaa jirtuu?

3. Mirgoota shamattootaa bu'uura kan akka mirga dhagahamuu, odeeffannoo, fayyuummaa fi nageenyaa, mirga simannaa/kabajaan keessummaa'uu, beenyaa argachuu kan seeraan tumaman kabachiisuu wajjiin walqabatee rakkoon jiru maalii?

4. Hojii irra oolmaa seera/ Labsii mirga eegumsa shamattootaa wajjiin walqabatee jiru maali? Maal irraa madda?

5. Namoota labsii eegumsa shamattootaa cabsuun shamattoota irratti yakka raawwatan galmee qulqulleessuun seeratti dhiheessuun murtii seeraa kennisiisuu irratti rakkoolee fi hanqinaaleen jiran maal fa'aa?

6. Mirga shamattootaa eegsisuu wajjiin walqabatee qindoomini qaamolee haqaa biratti jiru akkamitti ibsama?

7. Dhaddachi bulchiinsaa mirga shamattootaa addatti hundeessuun ni barbaachisa jettuu?

8. Caasaa mirga shamattootaa eegsisuuf yeroo ammaa jiru kana akkamitti hubattu? mirga shamattootaa eegsisuuf gahaa dha?

9. Raabsaa meeshaalee bu'uuraa wajjiin walqabatee rakkoowwan jiran maal fa'a?

10. Rakkoowwan mirga shamattootaa eegsisuu irratti mul'atan kana furuuf maaltu hojjatamuu qaba

Institiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

Mata duree Qorannoo: '*Sadarkaa kabaji mirga Shamattootaa itti argamu: Haala qabatamaa naannoo Oromiyaa***'**

2. Afgaaffii Ogeeyyii BDMGO Adeemsa Eegumsa Shamattootaa

1. Gaheen hojii adeemsa keessanii maal fa'a? Qabatamaan maal hojjachaa jirtu?

2. Mirgaa fi eegumsa shamattootaa irratti ogeeyyiin Adeemsa keessanii hubannoo gahaa qabuu?

3. Seerri eegumsa mirga shamattootaa hangam hojii irra oolaa jira jettanii yaaddu?

4. Caasaan yeroo ammaa diriiree jiru akkamitti ibsama? Kabajama mirga shamattootaa mirkaneessuuf hammam bu'a qabeessa ? hanqinni qabu maali?

5. Caasaan diriiree jiru kuni rakkoowwan shamattoota irratti mul'atan hubachuufi furmaata kennuu dandeechisaa?

6. Gaaffiiwwan mirgaa isin bira gahan jiruu? Maal fa'i? Akkamitti keessummeessitan?

7. Hariiroon qaamolee haqaa wajjiin qabdan maal fakkaata?

8. Rakkoon qabatmaan akka naannoo Oromiyaatti eegumsa shamattootaa wajjiin wal qabatee jiru maali?

9. Rakkoowwan mul'atan furuuf maaltu hojjatamaa ture? Kara fulduraattis maaltu hojjatamuu qaba?

10. Seera hojii irra oolchuu irratti rakkoon jiraa yoo jiraate maal fa'a?

10. Hawaasni shamataan bifa kamiin gurmaa'aa jira? Fedhii fi sagalee isaa akkamitti dhagahamaafi jira?

11. Qajeelfamnni akka naannotti bahee itti hojjachaa jirtan jiraa? Hanqinni seerota jiraniin walqabatee ka’u maali?

Institiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

Mata duree Qorannoo: '*Sadarkaa kabaji mirga Shamattootaa itti argamu: Haala qabatamaa naannoo Oromiyaa'*

3. Afgaaffii miseensotaa fi hooggantoota Waldaalee shamattootaa

1. Hojiiwwan ijoo waldaa keessanii maalii?

2. Eenyutu isin gurmeessee? itti gaafatamummaan/waamamni keessan eenyuufi?

3. Danbii ittiin bulmaataa qabduu?

4.Waa'ee seeroota Eegumsa shamattootaa hubannoo hangam qabdu?

5. Miseensonni keessan waa'ee mirgaa fi dirqama shamattootaa akka beekan maal hojjachaa jirtu?

6. Rakkoowwan isin muudachaa jiran maal fa'a?

7. Gara qaamolee haqaattii (poolisii, abbaa alangaa fi mana murtii) fi qaamolee biroo kan akka Biiroo daldalaa bira hoo deemtanii beektu? Maal hubattani?/rakkoon isaan bira jiru maali?

8. Eegumsa mirga shamattootaa irratti leenjii/barnoota argattanii beektuu?

Institiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

Mata duree Qorannoo: '*Sadarkaa kabaji mirga Shamattootaa itti argamu: Haala qabatamaa naannoo Oromiyaa'*

4. Afgaaffii Biiroolee Sadarkaa Federaalaatti Argamaniif Qophaa'e

1. To'annoon qulqullina omishaalee fi tajaajilootaa bifa kamiin hordofamaa jiraa?

2. Dhimmoota hordoffii kana keessatti gaheen keessan maali? gahee hojii keessannii sirritti bahachaa jirtuu? Yoo hintaane rakkoowwan isin muudachaa jiran akkamitti ibsamu?

3. Miidhaa shamattoota irra gahuuf ykn gahuu danda'uuf tarkaanfiiwwan gama keessaniin fudhataman akkamitti ibsitu?

4. Odeeffannoo hawaasa irraa ni argattuu? bifa kamiin itti fayyadamaa jirtu?

5. Naannoolee wajjiin bifa kamiin hojjachaa jirtu? Qindoomminni jiru akkamitti ibsama?

6. Gumaachi waldaaleen shamattootaa eegumsa nageenyaa fi mirga shamattootaaf taasisan akkamitti ibsama?

7. Seerota mirga shamattootaa eegsisuu wajjiin walqabatan hojii irra oolchuu keessatti gaheen keessan maali? Rakkoowwan gama kanaa jiran hoo?

Institiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

Mata duree Qorannoo: '*Sadarkaa kabaji mirga Shamattootaa itti argamu: Haala qabatamaa naannoo Oromiyaa*

5. Afgaaffii Qaamolee Naannoo Biroof Dhiyaate

1. Mirga shamattootaa eegsisuu wajjiin wal qabatee haalli qabatamaan jiru maal fakkaata?

2. Seerri DD fi ES akka naannoo keessanitti bifa kamiin hojii irra oolaa jira?

3. Hojii irra oolmaa seerichaatiif qajeelfamoonni bahan ni jiruu? Caasaan diriire hoo maal fakkaata?

4. Raabsaa meeshaalee bu'uuraa wajjiin wal qabate rakkoowwan ni jiru? bifa kamiin furuuf yaalame?

5. Waldaalee shamattootaa bifa kamiin gurmaa'an? Gaheen hojii isaanii hoo maal fa'i?

6. Muuxannoo gaariin akka naannoo keessanitti bu'a qabeessa nutaasiseera jettan isa kami?

Institiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

Institiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa qorannoowwan rakkoolee sirna haqaa naannoo keenya keessatti mul'atan irratti xiyyeefachuun gaggeessuun yaada furmaataa akeekuuf kan hojjatu ta'uu isaa ni beekama. Bu'uuruma kanaan mata duree '*Sadarkaa kabaji mirga Shamattootaa itti argamu: Haala qabatamaa naannoo Oromiyaa'* jedhu irratti qorannoon kan gaggeeffamaa jiru yoo ta'u, milkaa'uu qorannoo kanaatiif odeeffannoon isin irraa argamu murteessaa waan ta'eef bargaaffii armaan gadii dubbistanii akka nuuf guuttan kabajaan isin gaafanna.

Gahee Hojii_____

Bakka hojii - Godina/aanaa/_____

Bargaaffii Ogeeyyii Qaamolee Haqaa

1. Hubannoo waliigalaa dhimma eegumsa mirga shamattootaa fi seerota jiran irratti qabdan akkamitti ibsitu/ sadarkeessitu?

a). Daran ol'aanaa b). Ol'aanaa

c). Giddu galeessa d). Gad-aanaa

2. Rakkooleen mirga shamataa (***mirga dhagahamuu, odeeffannoo, fayyuummaa fi nageenyaa, mirga simannaa/kabajaan keessummaa'uu, beenyaa argachuun***) walqabatanii mul'atan maal irraa madda jettanii yaaddu

_____

_____

_____

_____

_____

_____

3. Miidhaa shamataa irra gaheef furmaata argachuu wajjiin walqabtee caasaa dirire ilaalchisee hubannoo gahaa qabduu?

a). Eeyyee b). Lakki

3.1. Deebiin keessan eeyyee yoo ta'e caasaan diriiree jiru kuni mirgaa fi faayidaa shamattootaa eegsisuu dandeechisaa?

a). Eeyyee b). Lakki

Yaada dabalataa

_____

_____

_____

_____

_____

_____

_____

4. Hanqinni/ 'qaawwi' gama seeraatiin jiruufi hojii keessatti rakkina fide jiraa?

a). Eeyyee b). Lakki c). Hubannoo isaa hin qabu

Yoo jiraate akkamitti ibsama

_____

_____

_____

_____

_____

4. Dhimmoota (cases) mirga shamataa wajjiin walqabatan armaan gadii keessaa kan hedduumina qaban isaan kami?

Lakk.			Ibsa
1.	Meeshaalee daldalaa fayyaa namootaa irratti miidhaa geessissan raabsuu/ dhiyeessuu		
2.	Meeshaalee daldalaa guyyaan fayyadama darbe gurguruu		
3.	Meeshaalee daldalaa oomisha alagaa wajjiin walitti makaman gurguruu		
4.	Safartuu dogoggoraatti/seeraan alaatti fayyadamuu		
5.	Shamattoota kabajuu dhabuu		
6.	Nagahee barbaachisaa ta'e kennuu dhabuu		
7.	Gatii kaa'ameen olitti gurguruu		
8.	Shamattoota giddutti loogii uumuu		
9.	Odeeffannoo doggogorsiisaa kennuu		
10.	Biyya itti oomishaman doggogorsiisuu		
11.	Tajaajila ykn meeshaa bitachuu barbaaduu akka argatu dabalataan meeshaa biraa akka bitu dirqamsiisuu		
12.	Meeshaa ykn tajaajila ta'e tokko sababa faayidaa shamataaf hin taanneen gurguruu/ dhiyeessuu diduu		
13.	Wabummaa (warranty) kenname raawwachuu dhabuu/ diduu		

Kan biroo yoo jiraatan

_____

_____

_____

_____

_____

_____

5. Mirga shamattootaa eegsisuu /kabachiisuu wajjiin wal qabtee hanqinaaleen mana hojii keessanitti ni jiru jettanii amantuu?

a). Eeyyee b). Lakki

Yoo jiraatan maal fa'a?

_____

_____

_____

_____

_____

_____

_____

6. Mirga shamattootaa kabachiisuu wajjiin wal qabatee rakkoo jiru (gravity) akkamitti sadarkeessitu

a). Daran ol'aanaa b). Ol'aanaa

c). Giddu galeessa d). Gadi aanaa

7. Mirga shamataa eegsisuu wajjiin walqabatee hanqina qaamolee haqaa biratti mul'atu akkamitti ibsitu

Mana Murtii

_____

_____

_____

Waajjira Haqaa

_____

_____

_____

Waajjira Poolisii

_____

_____

_____

_____

7. 1. Rakkoon cimaan/baay'inaan kan mul'atu

a) Mana murtii b) Waajjira haqaa

c) Waajjira poolisii d) Yaada biroo

Ibsa/yaada dabalataa yoo qabaattan

_____

_____

_____

_____

_____

_____

7.2. Hanqinaaleen qaama/ qaamolee haqaa kanneen biratti mul'atan maal irraa madda jettanii yaaddu? (tokkoo ol yoo filattan sadarkeessaa).

a). Hubannoo dhimma mirga shamattootaa akka waliigalaatti dhabuu

b). Xiyyeeffannaa kennuu dhabuu

c). Seera hiikuu wajjiin walqabate rakkoo jiru (aangoo (jurisdiction) dabalatee

d). Waldubbisaa/walhubachaa deemuu dhabuu/rakkoo qindoominaa

e). Kan biroo

Filannoo keessaniif ibsa yoo qabaattan

_____

_____

_____

_____

_____

_____

8. Rakkoowwan raabsaa meeshaalee bu'uuraa wajjiin walqabatan maal fa'a?

_____

_____

_____

_____

_____

_____

_____

_____

8.1. Raabsa meeshaalee daldalaa bu'uuraatiin walqabatee rakkoo mul'atuuf ka'uumsi/sababni isaa maali jettu?

a). Rakkoo caasaa diriree jiru

b). Rakkoo humna raawwachiisuu qaamolee hirmaatanii

c). Rakkoo naamusaa

d). Kan biroo

Ibsa ykn yaada dabalataa yoo qabaattan

_____

_____

_____

_____

_____

_____

9. Rakkoowwan Mirga shamataa kabachiisuu wajjiin walqabatan furuuf maaltu hojjatamuu qaba?

_____

_____

_____

_____

_____

_____

_____

_____

____

Galatoomaa

Maddoota

A Guide to Developing Consumer Protection Law: Consumers International, April 2011.

Bryan A. Garner, Black's Law Dictionary, (9th ed), 2009.

The Consumerism and Consumer Protection Policies in the European Community, Theoretical and Applied Economics, Volume XVII (2010).

Dessalegn Adera, The Legal and Institutional Framework for Consumer Protection in Ethiopia, Research paper submitted in Partial Fulfillment of the Requirements for the Master of Laws Degree at the School of Law, Addis Ababa University, 2011(pdf).

Mc Gregor, Consumer Interest Reaserch, Primer for Policiy -making Purposes, winter 2012 (pdf).

Peter Cartwright, Consumer Protection and the Criminal Law: Law, Theory and Practice, Cambridge University Press, UK, 2001, (pdf).

UN Guidelines for Consumer Protection(as expanded in 1999), United Nations, NY 2003.

Implementation Report United Nations Guidelines for Consumer Protection (1985-2013), Geneva July 2013

Madda Intarneetii:

www.consumersinternational.org

http://numerons.files.wordpress.com

Seerota

Labsii Dorgommii Daldalaa fi Eegumsa Shamattootaa, labsii lakk. 813/2006.

Qajeelfama Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa lakk. 1/2004

Seera Yakkaa RFDI Bara 1996 bahe Labsii lakk. 414/06

Namoota Afgaaffiin Wajjiin Taasifame

Maqaa	Mana hojii	Guyyaa
Hirkisaa Diinsaa	BDMGO	
Kadiir Hammuu	"	
Isheetuu Asaffaa	WHA Sabbataa Awaas	
Mulugeetaa Baqqalaa		
Mulaatuu Hordofaa	WP Magaalaa Bishooftuu	
Asnaaqaa Taaddasaa	WHM Bishooftuu	
Kom. Boonsaa Beenyaa	WPM Bishooftuu	
Girmaa Awulaw	WHA Ada'aa	
Akaaluu Amaaree	Waldaa Shamataa Tokkuummaa	
Mitikkuu Waldee	W/SH. Bishooftuu	
Makanniin Ayyalaa	W/Sh Mag.	
Saajin Dassaalagn	WPA Ada'aa	
Abdulmannaan Aadam	MMA A/Tulluu	
Amballii Jeeylaan	WHA A/Tulluu	
I/A/K. Lammii Bortolaa	WPA A/Tulluu	
Addunyaa Asfaaw	WH Magaalaa Baatuu	
Zufaan Mogas	WDMG aanaa A/Tulluu	
Gannat Furii	WDMG aanaa A/Tulluu	
Habiib Qaabatoo	BDMG Magaalaa Baatuu	
Godaanaa Qaabatoo	"	
Habtaamuu Baqqalaa	WBWG aanaa G/Jaarsoo	
Fayyisaa Lammaa	"	
Abii Zallaqaa		
Makkonnin Baqqalaa	BDMG A/G/Jaarsoo	
Mariid Tolaa	"	
Fiqaaduu Kabbadaa	WHM Fichee	
Taklatsiyoon Girmaa	WHA/Giraar Jaarsoo	

I/A/K Shimallis Mangistuu	WPM Fichee
Girmaa Walda Sillaasee	W/SH. komaandoo
Dammuu Turaa	"
Fiqaaduu Lammaa	WDMG, Fichee
Saaraa Araggaa	"
Gaaddisaa Damee	"
Gizaaw H/Mikaa'eel	MMA G/Jaarsoo
Maskaram Warqinaa	"
Saajin Kinfuu Taayyee	WPG Shawaa Kaabaa
I/A/K. Baay'isaa Raggaasaa	"
Dabalaa Higguu	W/H/ A Magaalaa Jimmaa
G/I/Yaziid A/Sinbii	WPM Jimmaa
Gammachuu Baqqalaa	MMOG/Jimmaa
Ashannaafii	"
Jamaal Abbaaboor	MMA Jimmaa
Lammaa Abbayaa	WSH/G-1
Kaasaahuun Lammaa	BDMG M /Jimmaa
Tola Maariyaam Dibbisaa	MMA Goommaa
G/I/Kadiir Siraaj	WPM Yabbuu
I/Ol'aana Zaakir Awwal	W/P/A Goommaa
Firaa'ol Guutaa	MMA Maannaa
Guuttataa Xurunaa	W/H/aaanaa Maannaa
Birhaanee Midhaksaa	"
Hawwii Alamaayyoo	MMA Maannaa
Nasruu Abbaa Zinaab	BDMG A/Maannaa
I/O. Tasfaayee Baqqalaa	WPG Arsii
Ins. Tashoomaa Baayyuu	"
I/A/K/ Nuuraa Shaaquu	WPM Asallaa
Ins. Batruu Roobee	"
Saajin Jamaanee Nugusee	"
I/A/Insp. Tasammaa Jimaa	" Aanaa 1ffaa

Saajin Mahaammad Kadiir	"
Birhaanuu Dibaabaa	BDMG Magaalaa Asallaa
Gannaa Hamiid	WHG/ Arsii
Tsaggaayee Darajjee	W/SH. K. Gab.
Amaan Leencoo	W/H/A Xiyyoo
Girmaa Gabbisaa	MMA Xiyyoo
Abdusamad Mahaammad	WHA Xiyyoo
I/A/K. Qaaduu Qaasim	KPO
Henook Maammuyyee	MMA Ada'aa
Kom. Dajjaashuu Dassaalagn	WPM Sulultaa
Kom. Baallii Baatuu	"
Kon. Mazgabuu Dabbabaa	"
Ababaayee Abbabaa	WH Magaalaa Sulultaa
Lammaa Gizaachoo	WHA Sulultaa
Dastaa Haata'uu	MMA Sulultaa
Mul'ataa Addunyaa	BDMG A/ sulultaa
Diittaa Amaaree	Waldaa IMX Diittaa Amaaree Sandaafaa bakkee
Daffaaruu Tafarraa	MMA Barrak
Dassaalanyi Dhugaasaa	W/H/ Magaalaa Sandaafaa Bakkee
Abeebee Guutaa	"
Habtaamuu Wadaajoo	W/H/aanaa Barak /Sandaafaa Bakkee
Jaalannee Taabor	MMA Barak
Xuurii Qanaasaa	MMWO
Naasir Faaris	"
Muluneh Ababaaw	Ministeera Daldalaa Federaalaa
Biruuk Taaddasaa	"
Beezaawit Lalisaa	Ejensii Sadarkaawwan Itoophiyaa
Henook Taaffasaa	A/T Dorgommii Daldalaa fi ES Federaalaa
Mul'isaa Abdiisaa	BHO

Galmeewwan

Poolisii

CR- 185/06 WPM Baatuu

CR-123/08 WPA Magaalaa Jimmaa

CR- 195/07 WPA Jimmaa

CR-51/2008 "

CR-34/08 "

CR-129/08 "

CR-20/2008 "

CR- 24/08 " WPM Yabbuu

CR- 24/2008 WPM Asallaa

CR 35/2007 "

CR- 04/2007 "

CR- 46/08 "

Abbaa Alangaa

A/A- 02580 WHA Barak

03726 WHG Jimmaa

03896 "

03858 "

03961 "

03848 "

01908 "

01448 WHA Sulultaa

022301 Ada'aa

Mana Murtii

Lakk. Galmee -18033 MMA Barak

" 22184 MMA Adaamii Tulluu

" 46701 MMA G/Jaarsoo (Wucaalee)

" 37119 MMA Sulultaa

" 51324 MMA Ada'aa

" 50602

11641 MMGAN F

"